# QAACCEESSA LAGANNAAMAQAALEE FUUDHAA FI HEERUMAAN WALQABATEE JIRUGODINA SHAWAA BAHAA AANAA ADAAMII TULLUU

**ABBITTII TUSUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA/MA/ GAMSAAN GUUTTACHUUF QOPHAAYEE MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUU FI FOOKLOORIIF DHIYAATU**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMII FI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII**

**MUDDEE, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# QAACCEESSA LAGANNAA MAQAALEE FUUDHAA FI HEERUMAAN WALQABTEE JIRU GODINA SHAWAA BAHAA AANAA ADAAMII TULLUU


## ABBITTII TUSUU

**GORSAA:AMAANU'EL ALAMAAYYOO (PhD)**


**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMATAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**


**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOOLEEJJII NAMOOMAA QO‟ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII**



**MUDDEE, 2014/2021**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Finfinnee Dhaabbata**

**Qorannoo Digirii Lmmataa Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruu fi Fookloorii ittiin guuttachuuf Abbittii Tusuu , mata duree: Qaacceessa Lagannaa Maqaalee fuudhaa fi heerumaan walqabatee jiru Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu irratti qophaa’eeadeemsa barbaachisu guutee dhiyaateedha.

**Koree Qormaataa**

**Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo ______ Guyyaa _________**

**Qoraa Keessaa ___________________ Mallaattoo _____ Guyyaa ________**

**Gorsaa __________________________ Mallattoo ______ Guyyaa ________**

_______________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

# *Axereeraa*

*Kayyoon qorannoo kanaa lagannaa maqaalee sirna fuudhaa fi heerumaan walqabate hawaasa Arsii Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu biratti beekamu qaaccessuudha.Qorannoo kana gaggeessuuf  wanti qorataa kakaase aadaa, duudhaa fi safuu Oromoon qabu keessaa lagannaa maqaaleefuudhaa fi heerumaan walqabatee jiru hawaasa Oromoo Arsii biratti haala durii fi ammaa waan irra jiru, dhaloonni haaraa akkamitti akka fayyadamaaru , godinaalee Oromiyaa birootis duudhaan kun akka beekamuuf akkasumas akka laayyotti akka hindagatamne qaaccessuudha.Odeefannoo kennuun kan irratti hirmaatan jaarsolii, haadholii, shamarran fi ogeeyyii Waajjira Aadaa fi Turiizimii Aanaa Adaamii Tulluu keessatti argaman yoo ta'an mala iddatteessuu kaayyefataa[purposive sampling] fayyadamuun filaamaniiru.Ragaan qorannoo kanaa funaanuuf gargaarame afgaaffii, marii, daawwannaa dirree fa'a gargaarameera. Ragaalee meeshaalee kanneeniin funaanaman mala akkamtaatti fayyadamuun qaaccefamanii jiru.Argannoon qorannoo kanaa lagannaa maqaalee sirna fuudhaa fi heerumaa keessatti baay'inaan kan lagatamu dubartootaan akka ta'e, aadaan kun kabaja ykn ulfina keessattuu warra soddaaf,manguddoo, dargaggeesa,dargaggeetti,wantoota warri intalaaa guyyaa sirna gaa'elaa dhaaman/hirmii/akkasumas mqaalee adda addaa kanneen maqaa warrasoddaatiin walfakkaatan  fa'akan lagatan ta'uu,lagannaa hirmiis ta'ee kan maqaadhaloota haaraa biratti dagatamuusaa,lagannaa maqaa kan fayyadaman ykn lagatan dubartoota gosa Arsii keessaa murta'aan akka ta'an,lagannaa maqaa akkaataa duudhaan hayyamuun fayyadamuun safuu fi safeeffannaa eeggatanii jiraachuuf akka ta'e  beekameera.Malleen kanneenitti fayyadmuun lagannaa maqaalee gaa'elaan walqabatee jiru bifa brreeffamaan barnoota idilee keessatti waa'ee laguu fi lagannaa  akka darbu osoo ta'ee,manguddoon duudhaan kun akka hindagatamne dhaloota haaraa afoolaan barsiisuu,hayyoonni immoo qorannoo bal'naa fi gadifageenyaan yoo geggeessan aadaa, duudhaa fi safuu hawaasaa akka hin irraffanne fi itti fuufsisuuf carraa gaarii uuma.Walumaagalatti qorannoo kana keessatti yaada furmaataa ta'an jedhamee kaa'ame hayyoonni, jaarsoliin, barsiisonni fi hojjattoonni Waajjira AT Aanaa Adaamii Tulluu aadaa lagannaa maqaalee gaa'elaan walqabatee jiru xiyyeefannaa itti kennamee dhaloota haaraa barsiisuu akka qaban qorattichi cimsee dhaama.*

# Galata

Waa hunda kan uume rabbiin ulfinni isaaf haa ta’u.Itti aansuun hojii qorannoo kana jalqabaa hanga dhumaa deeggarsa ogummaa naaf  taasisuun bakka ani daandii irraa gore na qajeelchuun nuffii malee gorsaan na maddii dhaabbatanii kan na deeggaran gorsaa koo Dr Amaanu’el Alamaayyooguddisee galatoonfadha.Akkasums maatii koo guyyaa jalqabaatii kaasee hamilee fi deeggarsa naaf laatan akkasumas akka xumura irra ga’uuf hawwii guddaan kan na eegan hunda isaaniituu jaalalaa fi kabaja isaaniif qabu ibsaa naaf guddadhaa jedha.Dabalataan gama ogummaas ta’ee yaadaan yeroo isaanii fudhatanii kan na gargaaran hiriyoota koo hunada akkasumas namoota odeefannoo bilchina qabu naaf laachuun qorannoon kun akka fiixaan bahu yeroo isaanii hojii kanaaf jecha qalbiin kan na faana hirmaatan ulfaadhaa, horaa bulaa isaaniin jedha.

## Hiika Jechootaa

| | |
|---|---|
| Addooyyee------------------ | maqaa dubarri hiriyyaa ta'an ittiin wal waaman |
| Hanfal-fur------------------- | raada haati hanfalaa ittiin furuuf kennamuuf |
| Geega'oo-------------------- | tirmaa /horii guyyaa cidhaa intalaaf kennamu |
| Dhoofsisa-------------------- | barii fuudhanii galan handhuuraa intalaaf kennamu |
| Sabbata---------------------- | huccuu gaafa cidhaa abbaan matatti maratu |
| Hanfalaa-------------------- | meeshaa dubartiin dugda ittiin hidhattu/jabeefatu |
| Qanafaa-------------------- | meeshaa aadaa dubartiin deesse addatti kaa'amu |
| Jaala------------------------ | nama garaan walamanan/fedhan ,guyyaa sirnaa nama bira dhaabbatu |
| Idaayyaa-------------------- | dubartii tibba gaa'ela uumatte maqaa addaa beekamtuun |
| Hirmii----------------------- | waan lagatamu |
| Lagachuu------------------ | irraa goruu, dhiisuu, diduu jechaa fi gochaan, maqaan waamuu dhiisuuu safuu eegachuuf jechaaf kkf fa'a |

## Gabaajee

| | |
|---|---|
| WAT---------------------------- | Waajjira Aadaa fi Turizimii |
| AAT---------------------------- | Aanaa Adaamii Tulluu |
| Ob..---------------------------- | Obboo |
| Ade. -------------------------- | Aaddee |
| Odeef. ------------------------ | Odeeffannoo |
| HWAT------------------------ | hojjataa waajjira aadaa fi turiizimii |

# Baafata

**QabiyeeFuula**

Axereeraa ........ i

Galata ........ ii

Hiika Jechootaa ........ iii

Gabaajee ........ iv

Baafata ........ v

BOQONNAA TOKKO ........ 1

SEENSA ........ 1

1.1 Ariirrata Qorannoo ........ 1

1.2. Ka'uumsa Qorannichaa ........ 4

1.3 Gaaffilee Qorannoon Deebisu ........ 6

1.4Kaayyoowwan Qorannoo ........ 6

1.4.1 Kaayyoo Gooroo ........ 6

1.4.2 Kaayyoo Gooree ........ 6

1.5 Faayidaa Qorannoo ........ 7

1.6 Daangaa Qorannoo ........ 8

1.7 Hanqina Qorannoo ........ 8

1.8 Haala Naannoo Qorannichaa ........ 9

1.8.1. Diinagdee Aanichaa ........ 9

1.8.2 Iddoowwan Hawata Turiizimii Aanichaa ........ 10

1.8.3 Aadaa Ummata Aanaa Adaamii Tulluu ........ 10

1.8.4 Hidda Dhaloota Oromoo Arsii ........ 11

Uunsho Torban ........ 12

BOQONNAA LAMA ........ 14
2.1 Sakatta'a Barruu ........ 14
2.2. Duudhaa Hawaasaa [social folk custom] ........ 20
2.3 Aadaa ........ 22
2.3.1 Aadaa fuudhaa fi heerumaa ........ 22
2.3.2 Aadaa Nyaataa ........ 23
2.3.3 Aadaa Bulchiinsaa ........ 24
2.3.4 Aadaa walkabajuu ........ 25
2.4Aartii Duudhaa ........ 26
2.5. Lagannaa Maqaa Gaa'elaan Wal qbatee Jiru ........ 27
2.6 Lagannaa Hirmii ........ 28
2.7 Lagannaa Gadda Wajjiin walqabate ........ 29
2.8 Lagannaa nyaaataa fi dhugaatii amantaa wajjiin wal qabatan ........ 29
2.9 Lagannaa jechoota ogummaa wajjiin wal qabatan ........ 30
2.10 Yaaxinaalee Safuu Fi Laguu Hawaasaa ........ 31
2.10.1 Yaaxina Xiinhawaasaa ........ 31
2.10.2 Yaaxina Tajaajilaa ........ 32
2.10.3Yaaxina xiinsammuu ........ 32
2.11Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 33
BOQONNAA SADII Malleen Qorannoo ........ 35
3.1 Saxaxa Qorannoo ........ 35
3.2 Madda Odeefannoo ........ 35
3.3 Mala Iddattoo Fi Tooftaa Iddatteessuu ........ 35
3.3.1 Mala Iddattoo ........ 35

3.3.2 Tooftaa Iddatteessuu ........ 36
3.4 Mala Funaansa Ragaalee ........ 36
3.4.1 Marii Garee ........ 37
3.4.2 Af-gaaffii ........ 37
3.4.3 Daawwannaa ........ 38
3.5 Mala Qaacceessa Ragaalee ........ 38
BOQONNAA AFUR; QAACCEESSA RAGAALEE ........ 39
4.1 Lagannaa Maqaalee Gaa’elaan Walqabate jiru ........ 39
4.2. Lagannaa Maqaa Namaan Walqabatee jiru ........ 41
4.2.1 Sababa Lagannaa Maqaa ........ 42
4.2.2 Lagannaa Maqaa Kabaja Walii Eeguuf ........ 42
4.3 Moggaasa Maqaalee Lagannaa Sirna Gaa’elaan Walqabatee Jiru ........ 43
4.3.1Maqaalee qoqqooddii yeroo wajjiin walqabatan ........ 45
4.3.2Maqaalee Ijaan Hin mullanne ........ 45
4.3.3Maqaa wantoota ijaan mul’atanii ........ 46
4.3.4 Lagannaa Maqaalee Taateewwan Uumamaa Fi Namtolchee ........ 46
4.3.5Nama balaan irra ga’e yoo jajjabeessan/eebbisan/ ........ 47
4.4Duudhaa Lagannaa Maqaalee Hawaasa Biratti Ittiin Ibsaman ........ 48
4.4.1 Kabaja Walii Kennuuf ........ 48
4.4.2 Lagannaa Maqaa Jaalala Namoota Giddutti Uumuusaa ........ 50
4.4.3 Duudhaa Fi Aadaa Hawaasaa Guddisuuf ........ 51
4.4.4 Hariiroo Hiriyyummaa Cimsuuf ........ 51
4.4.5 Yaadaan Walii Galuu ........ 52
4.4.6 Faayidaa Moggaasni Maqaa LagannaaShammarraniif Qabu ........ 53

4.4.6.1 Sirna Gaa'elaa Hoo'isuuf ........ 53
4.4.6.2 Jaalala Hiriyyummaa Cimsuuf ........ 54
4.4.7. Lagannaa Hirmiin Walqabatan ........ 55
4.4.7.1Mammaaaksa Hirmii Wajjiin Walqabatan ........ 57
4.5Adeemsa Moggaasa Maqaalee Lagannaa ........ 58
4.5.1 Hubannoo Lagannaa Idaayyaaf laachuu ........ 59
4.5.2 Maal akka lagatan beekuu ........ 59
4.5.3 Waadaa Galuu ........ 60
4.5.4 Hanfalaa furuu ........ 60
4.6. Lagannaa Maqaalee namaa Irratti Wantoota Dhiibbaa Godhan ........ 61
4.6.1Maqaa Lagannaa Dubartiin Warra Dhiirsaa Ittiin Waamtu ........ 63
4.6.2Maqaa Warri Gurbaa Intala Fuudhanii Moggaasu ........ 63
4.7 Lagannaan Yoo jiraachuu Baate Rakkoo Uumamuu Danda'u ........ 64
BOQONNAA SHAN; Goolaba, Argannoo Fi Yaboo ........ 67
5.1. Goolaba ........ 67
5.2. Argannoo ........ 67
5.3. Yaboo ........ 68
Wabiilee ........ 70
Dabalee A ........ i
Dabalee B ........ ii
Dabalee C ........ iii

# BOQONNAA TOKKO

# SEENSA

## 1.1 Ariirrata Qorannoo

Aadaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti.Ummanni Oromoo jiruu fi jireenya isaa keessatti waan heddu aadaa isaa ittiin calaqqisiisu qaba.Waa'ee aadaa ilaalchisee Toleeraa Tasammaa [1995/97;1] yoo ibsu akkas jedha" Dhalli namaa akkaataa naannoo isaa hubatee itti jijjiru qaba.kana keessatti safuu, hooda,beekkumsaa fi qaroominni iddooguddaa[olaanaa] qaba.jijjiramni kun immoo diinagdee fi sirna hawaasa sanii irratti hundaa'a.Akkaataa hubannoo sirna hawaasaa kunimmoo aadaa jedhama."Yaada olii kanarraa wanti hubachuu danda'amu aadaan,diinagdee,siyaasaa fi hawaasummaa sabatokkoo ibsuu qofa osoo hintaane,jireenya hawaasa sanaa jijjiruu fi guddisuu keessatti ga'ee olaanaa qabaachuusaat.

Birhanuu [2013;2] ''Afaan kamiyyuu keessatti jechoonni, ibsoonni[expressions] fihimoonni tokko tokkoifatti yookiin kallatttiin dubbatamurraa kan lagataman yookiin dhoorkamantu jiru.Afaan yookiin jechoonni akkasii jechoota laguu[taboo words]'' jedhamu.

Aadaan ummata tokko kan biraa irraa waan adda taasisu waan qabuuf saba saniif midhaagina,ulfina,beekkamtii, hamilee fi kan kana fakkaatangonfachiisa.Kanuma wajjiin wal qabsiisuun sabni martuu ulfina yookiin kabaja walii eeguun caasaa hawaasaa adda addaa keessatti nibeekamama.Akka Misgaanuu Gulummaa[2011;15]"duudhaan hawaasaa amala hawaasni waliin qooddatu ilaallata.Amalli kun kan ture,dhaabbataa fi karaa jireenya akka feeteen ta'uu mala .Dhalli namaa hanga jirutti kana keessa darbamuu ilaallata."Akka yaada olii kanatti dhalli namaa jireenya isaa keessatti ofitti fudhatee kan itti fayyadamu kan akka amala gaarii,kabaja walii eeganii waliin jirachuuu,safuu hawaaasaa adda baasanii beekuu fi amleefatanii itti fayyadamuu fi dhaloota itti aanuuf wal irraa fuudhaa dabarsuu fa'a ilaallata.Hiika maqaaf kenname ilaalchisee galmee jechootaa oxford[1995;771] yoo ibsu"Name is word or words by which aperson ,animal,place or athings known by and spoken to or about," Kunis hiika maqaa jecha yookiin jechoota  ta'ee ,kan namaa,bineensota,bakkeewwan adda addaa fi wantoota akka ittiin waamamaniif kan kennameef ta'uu ibsa.

Abdulsamad[1994;51] yoo ibsu " jechoonni namaaf bakkaaf, meshaaf,gochaaaf yookiin yaadaaf moggaafamu maqaa jedhama," jechuun kaa'a.Kana jechuun maqaan hiika nama,bakkaa fi wantoota birookan mullatanii fi hin mullanne kan kennamu akka ta'e hubatama.

Ummanni Oromoo aadaa isaa keessatti akkataa maqaaa itti moggaasu qaba.Akkasumas maqaa dhuunfaa namni tokko qabu madditti maqaa biroo moggaasuun akkataa safuu hawaasaa eeggatanii waliin jireenya keessatti kabajaafi jaalala walii qaban ibsachuuf lagannaa maqaatti akka fayyadaman ni beekama..Muhammad Sayid Abdulrahamaan[2009;73] waa'ee moggaasa Madda walaabuu"Oromoonni yeroo san walabummaa diinaan irraa fudhatame deebisanii gonfachuuf,walabomsuuf abdii qabanirraa akka ta'eef burqaa walabummaa'' jechuuf akka ta'e ibsa.Yaada kanarraa akka hubachuu danda'amutti Oromoon maqaa tokko yoo moggaasu haala qabaqabatamaa yeroo fi muudannoo jiru irraa ka'uun moggaasaa akka turee fi ammas bifuma walfakkaatuun itti fayyadamaa jira.

Warri durii maaliif akka maqaa abbaa warraa hinwaamne Darajjee Fufaa akkas jedha'' maddi dubartiin abbaa warraa lagattuuf kabajaadha.Maqaan waamuu lagachuun dubartoota qofa osoo hintaane Oromoon gaafa ilma fuusifatu intala heerumtee dhuftuttillee maqaa moggaafatumalee maqaa ishiin hinwaamu.Akka ishiin heerumtee dhufteen haati gurbaa deemtee sabbata irraa hiiktee yookiin gaafa shananii maqaa moggaafatu.kun kabajaadha.dubartiin abbaa warraa qofaa miti kan maqaa waamuu lagattu namoota maatii abbaa warraa ishee jiran hundatti maqaa baafatti malee maqaan isaan hinwaamtu.Abbaa fi haadha abbaa warraa ishee garuu aabboo,aayyoo yookiin maqaa kanaan walfakkaatuun akka waamtu ni ibsu. Maqaa lagachuu ta'ee moggaafachuun kun safuu Oromoo akka ta'e ibsanii ,namni aadaa kan kooti jedhee kan waliin guddatuudha.Maqaa waamuu lagachuun hariiroo lamaan isaanii jidduu jiru irratti dhiibbaa akkamii akka qabu yoo ibsan.Maqaa walii lagachuun hariiroo abbaa warraa fi haadha warraa gidduu jiru irratti rakkoo hinqabu akka Darajjeen jedhanitti Jaartee koo,Jaarsee koo;jedhaanii wal waamuun jaalala agarsiisa malee wal irraa fagaachuu,wal sodaachuu miti .Garuu kabaja mul'isa.obboleessaa fi obboleettii,haadhaa fi abbaa irra dabree firoota warra soddaa maqaa waamuun lagachuu fi maqaa itti moggaafatanii isaan waamuun jaalalaa fi kabaja agarsiisa malee hariiroo qaban wal irraa hin fageessu jedhu.Warri ammaa ykn dhaloonni ammaa safuu fi tartiiba fuudhaa fi heerumaa osoo hin eegin waan walitti dhufaniif akka arganitti wal waamu.Qulqulluu Ijoos yaaduma Darajjee deeggaru''.Maqaa wal waamuu wal lagachuun kun aadaa keessatti safuu

waliin wal qabata.Aadaa Oromoo keessatti maqaa walii waamuu qofa osoo hintaane wanti ijaanis hin ilaalamne jira.''jedhu.

Akka yaada hayyoota

Kanatti maqaa walii lagachuun safuun kan walqabate ta'ee kabaja fi jaalala gidduu namootaatti uumuu irra darbee duudhaa hawaasaa waan ta'eef itti gammadu malee mudaa hinqabu. Kunis waan irra dhufan waan ta'eef hariiroo qaban jabeessaa hamilee akka argatan ofitti amananii hawaasa wajjiin akka jiraaatan kan taasisu ta'uu hubachuu ni danda'ama. Yaaduma kana ilaalchise dhaloonni ammaa adeemsa fuudha heerumaa akkaataa duudhaa duriitiin osoo hintaane fedha gurbaa fi intalaatiin walitti waan galaniif akkataa aadaa fi safuu eegeen kan hinraawwatamne waan ta'eef jijjiirama kana wajjiin maqaa lagannaa beekuu fi itti fayyadamuu irratti garaagarummaa bal'aan akka jiru yaaduma hayyootaa kanarraa hubachuu ni danda'ama.

Ummanni Oromoo afaan ,aadaa,amantii,duudhaa fi kan kana fakkaaatan adeemsa jiruu fi jireenyaa yeroo gara yerootti fooyyeffachaa dhufeera.Ummanni oromoo durii kaasee osoo barumsa ammayyaa hineegalin beekumsa safuu isaa eeggatee ittiin of bulchuu fi bulu qabachuun isaa beekamaadha.Hawaasni kun saba biroos ta'ee kan ofii kabajaan waliin jiraaachuu qofa osoo hintaane muuxannoo safuu ittiin eeggatee dhalootaa gara dhalootaa walitti dabarsaa dhufe keessaa lagannaa maqaa fi moggaasa isaa ilaalchisee namoota umrii adda addaa keessa jiraniif walitti dhufeenya hawaasummaa akkuma sabaa fi sablamoota adda addaa biratti beekamu ummata Oromoo birattis duudhaan kun haala adda ta'een kabajaa fi jaalala qaban durii kaaseebifa adda addaan walii dabarsaa kan dhufe waan ta'eef isa beekamuuf bu'aa inni qabu wajjiin jira moo hinjiru kan jedhu qorannoon sakatta'uun dhaloonni amma jiru kan itti aanee jiruuf dabarsurratti hubannoo qabaachuun jiruu fi jireenya keessatti sadarkaa fayyadama isaanii maal irra akka jiru adda bahee beekamuu qaba.Akkuma afoola bifa garagaraatiin beekumsa walii qoodaa ,gabbisaa dhufan isa lagannaa maqaa kanas xiyyeefannoo argachuu qabu nama barates ta'ee hinbaranne biratti akkamitti itti fufee hojirra oolaa jiraachuu qofa osoo hintaane gaheen hawaasa umrii adda addaa keessa jiru maal fakkaata waan jedhuuf gara fuulduraa akkamitti kunuunsuu akka qabnu waanifatti beekamuu qabuudha.

Gama biraan immoo hawaasni Oromoo duudhaalee midhaagaa godinaalee adda addaa keessa jiru beekuu qofa osoo hintaane warra saba biroo ta'an birattis lammiilee biyya alaa fi biyya keessaa quba qabaachuun kabajaa fi ulfina hawaasni Oromoo walii isaatiif akkasumas kan birootiif qabu

xiinxaluu dabalatee waan akka fakkeenyaatti irraa baratamu ta'eef barreeffamaan jiraachuun daran duudhaan kun akka gabbatu taasisa.Haaluma kanaan Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluutti hawaasni Arsii lagannaa maqaa fi moggaasa isaa ilaalchise bara durii kaasee safuu eeggatanii waliin jiraatu.Fakkeenyaaf shamarran,haawwan,abbootiin ,dargaggoonni,ijoolleen maqaalee safuu beekkaman kan namaas ta'ee kan wantoota garagaraa moggaasa kennameefiin wal waamu.Kanumarraa ka'uun fakkeenyaaf daa'imman nama guddaa ;aayyaa,aabbaa,daaddaa jechuun waamu.Akkasumas soddaa, soddaatii,maqaalee taateewwan akka mana gubatee, nama bishaaniin nyaatameefi kan kana fakkaatan waan jedhanii waaman qabu.Itti dabalees shamarran maqaa walii moggaasan qabu. Kanarraa ka'uun qorannoo kana keessattii hawaasni waa'eekanneenilaalchisee maaliif akka lagatuu fi bu'aainni hawaasa keessatti qabu gadi fageenyaan qaamolee hawaasaa muuxannoo fi beekumsa qaban irraa ragaa funaanuun dhumarratti qaaccessuun bu'aa wajjiin dhiyeessuun akkasumas mala furmaataa wajjiin qoratichi kaa'eera.

''Oromoon akkaofii beekutti akka hinjiranneefiakka aadaa isaatti hinbulle amantii fi siyaasatu hacuucaa ture'' jedhu Gammachuun..Akka yaada hayyuu kanarraa hubatamutti siyaasni fi amantiin moggaasa maqaa Oromoo irratti dhiibbaa irratti akka godheef aadaa ofii dagatanii gara aadaa warra kaabaa gara mootoleen biyya bulchaa turan deeggaranitti akka aadaa isaanii fudhatan ta'eera.Gama amantaatiinis yoo ta'e amantii musiliimaa fi kiristaanaa akkuma hawaasa keessatti babal'atee dhufeen haalli maqaa itti moggaafatanis isuma wajjiin walqabsiisuun maqaa kan moggaasan ta'ee dhiibbaa uume kan jedhamuufis kanumarraa ka'ameeti.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Ummanni Oromoo akkuma saba kamiyyuu jiireenya keessatti waan ittiin beekamu keessaa aadaa,duudhaa,amantaa fi sirna bulchiinsaa mataasaa kan addunyarratti ittiin beekaman qabu.Hawaasni Oromoo duudhaalee qabu durii kaasee kunuunfachaa dhalootaa gara dhalootaa afaaniin daddabarsaa dhufuun ni beekama.Haa ta'u malee sababa sirna bulchiinsaa ,amantaa fi jijjiirama yeroo faana haphachaa huqqachaa turee waggootii kurnan lamaa as afaan ofiitiin barachuu,hojjachuu,qorannoo fi qo'annoo gaggeessuu ,hojii aartii fi kan biroollee ittiin guddifachuu eegalameera.Kanarraa ka'uunduudhaa safuu ittiin eeggatan keessaa lagannaa maqaa gaa'elaan wal qabatee jiru Oromiyaa keessatti garaagarummaa loogaa fi bifa ittiin jedhamu qabaatus godinaalee hunda keessatti haala gaariin beekama.Haaluma kanaan qorannoo lagannaa

maqaa namaa gaa'elaan walqabate godina shawaa bahaa aanaa Adamii Tulluutti gaggeefame kun duudhaa hawaasichaa kana haala durii, ammaa fi gara fuulduraa bifa safuu hawaasaa eeggateen akka itti fufuu qabu qorannoon deeggarameedhiyaachuun caalatti akka beekamu taasisa.Dirribiin[2013;8]'' hiikni maqaa wanta tokkoo gochaa fi amala isaatiin kan wal qabate'' ta'uu ibsa.yaada kana ilaalchise Oromoon maqaa tokko yoo moggaasu haala qabatamaa waan sanaa bifa ,amala ,unkasaa,hojjaa, fi kkf giddugaleefachuun hiika kan itti kennamu ta'uun hubachuun barbaachisaa ta'a.

Qorannoo kana gaggeessuuf wanti qoraticha kakaase ilaalchisee; jalqaba hariiroo hawaasummaa keessatti safuu eeggatanii jiraachuun amala dhala namaa waan ta'eef dhaloonni amma jirulaguu fi lagannaa gaa'elaan walqabatee jiru hammam hojirra oolchaa jira waan jedhu ilaaluun kallattii qabsiisaaa deemuun barbaachisaadha.Gama biroon immoo duudhaalee lagannaa maqaa namaa dhaloota haaraa biratti akkaataa duudhaa hawaasaatiin deemuu irraa waan maqan fakkaatu,kana immoo maaltu akka fide adda baasanii qorannoon ilaaluun waan xiyyeeffannaa barbaaduudha.Itti dabaluun aadaa fi duudhaa hawaasaa og-barruudhaan gabbifachaa bakka bakkatti duudhaa beekamu qabiyyee qabu faana beekuun olitti bu'aa calaqqee eenyummaa hawaasaata'ee gargaara.Itti aansuudhaan lagannaa maqaalee namaa ilaalchisee umrii, saala,sirna gaa'elaan walqabatee safuu fi safeeffannaa bifa kamiin akka fayyadamaa jiranii fi kan biroo wajjiin waan beekamuu qaban adda bahee akka hubatamuu fi qorannoo biroo kanaan walitti dhiyaatu wajjiin wal gargaaree dhaloonni ammaa kabajawaliif qabu akka guddifatuuf coba mataasaa buusu qaba.Haaluma kanaan hawaasa Arsii Aanaa Adaamii Tulluu biratti lagannaa maqaa gaa'elaan walqabatee jiru,safuu nama guddaa akkasumas soddaa fa'a maqaan akka hinwaamne keessattuu dubartoonni guyyaa heerumanii eegalee akkaataa duudhaa hawaasaa eeggateen akka beekanii itti fayyadaman karaa qabsiisuu keessatti kan gargaaruudha.Kunis gaa'elaan wal qabatee soddatii, maqaa warra soddaa fi namoota lagataman mara bifa safuu hawaasaa eeggateen dhaloonni ammaa deemaa waan hinjirreef xiyyeeffannaa kennuufiin qaama hawaasaa adda adda biratti ga'ee irraa eegamu akka bahana,kkasums kaka'uumsa itti uumuuf haala mijatu keessaa tokko qorannoon rakkoolee jiran adda baasuun hojii dursi kennamuuf ta'uu isaati. Dabalataanis waa'ee lagannaa kana kallattiin qorannoon baay'ee hojjatame waan jiru natti hinfakkanne, qoratichis waan kanneen bu'uura godhachuun dhaloonni ammaa lagannaa waan laaffisaa ykn dagachaa dhufeef,akka hindagatamnee fi aadaa ofii afaaniin akkuma jirutti ta'ee

barruudhaan ammo hubachuu akka danda’an qorannoo kana akka geggeessu qorataa kakaase jira.

## 1.3 Gaaffilee Qorannoon Deebisu

Mataduree qorannoo kanaaf akkuma qoratichi dursa kennuuf kakaase, gaaffilee bu’uuraa armaan gadiitiif deebii kennuuf;

1. Lagannaa maqaa namaa,gaa’elaanwalqabatee jiru raawwiirratti maal fakkaata?
2. Lagannaa maqaa fi hirmii sirna gaa’elaa keessatti akkamitti walsimee deemaa jira?
3. Lagannaa maqaa namaa gaa’elaan waqabatee jiru yoom,eesstti,eenyuun fi akkamitti hojirra oolaa jira?
4. Faaayidaan lagannaa maqaa namaa duudhaa hawaasaa keessatti qabu maal fa’a?
5. Lagannaa maqaa namaa gaa’elaan walqabatee jiru fayyadamuu dhabuun dhiibbaa duudhaa hawaasaa keessatti qabu maali?
6. Dhaloonni ammaa lagannaa maqaalee namaa fayyadamuu irratti sadarkaa maal irra jira?

## 1.4Kaayyoowwan Qorannoo

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kayyyoon gooroo qorannoo kanaa lagannaa maqaa namaa sirna fuudhaa fi heerumaan walqabatee jiru hawaasa ArsiiAanaa Adaamii Tulluu biratti beekkamuhaala qabatamaa fi qabiyyee isaa faana qaaccessuudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

1. Lagannaamaqaalee namaa gaa’elaan walqabatan kam fa’arratti akka xiyyeefatu adda ni baasa.
2. Lagannaa maqaa namaakeessaa hawaasni maal,eenyuun, maaliif akka lagatan ni ibsa.
3. Lagannaa maqaa namaa sirna fuudhaa fi heerumaa keessattiduudhaahordofu adda baasuun agarsiisa.
4. Faayidaa lagannaa maqaa namaa duudhaa hawaasaa keessatti qabu ni tarreessa.
5. Lagannaa maqaa namaafayyadamuu dhabuun dhiibbaa duudhaa hawaasaa keessatti qabuni addeessa.

6. Dhaloonni ammaa lagannaa maqaa namaafayyadamurratti sadarkaa irra jiru adda baasee mul’isa.

## 1.5Faayidaa Qorannoo

Qorannoon guddina aadaa,duudhaa, afaan, amantaa fi kanbirootiifis daran barbaachisaadha.Kanarraaka’uudhaan duudhaa hawaasaa ogbarruun akka daddarbu taasisuu keessatti gahee mataasaa qabaata.’’As jalatti bu’aa qorannoo keenyaatti eenyutu fayyadama gaaffii jedhutu deebi’a.Addunyaa[2011;56] Qorannoo lagannaa maqaa namaa gaa’elaan wal qabateeAanaa Adaamii Tulluutti gaggeefamu kun faayidaa qaban kanneen armaan gadii ta’u.

1. Dhaloonni ammaa duudhaa ofii beekee itti fufsisuu keessatti qooda fudhachiisa.
2. Jireenya hawaasummaa keessatti safuu eeggachuun wal kabajuun caalatti xiyyeefannoo argatee akka itti fayyadaman taasisa.
3. Duudhaan lagannaa maqaa akkuma ummata Oromootiif bu’aa buusu hawaasni Oromoo hintaanes waan irraa baratuuf fakkeenyummaa amala gaarii gonfachiisa.
4. Ummanni Aanaa Adaamii Tulluu fi kanneen duudhaa lagannaa maqaa gaa’elaan walqabatee jiru hamilee itti uumuunjajjabeessa.
5. Waajjirri Aadaa fi TuurizimiiAanaa Adaamii Tulluu illee qorannoo kana keessatti yaada hayyootaa akka fayyadaman gargaara.Walumaagalatti qorannoon kun karaa adda addaatiin hawaasa bira ga’uu danda’u keessaa hayyoonni fi barsiisonni sadarkaa adda addaa irratti argaman barreeffamaan ijaa taa’uuf carraa argametti fayyadamuun barnoota idilees ta’ee alidilee keessatti fayyadamanii yaada bu’uuraa argatan hubachiisuu akkasumas warri carraa qorannoo mataduree kanaa fi duudhaa hawaasaa wajjiin walqabatan geggeessuuf fedhaa fi kaka’uumsa argatan yaada kana akka ka’uumsaatti fayyadamuun waan kana caalaa itti dabalamee gabbatu akkasumas waldeeggaruu fi walsirreessu qorannoo keessatti waan jiraatuuf duudhaa kana akka itti fufee dhaloonni irraa baratuuf daandii kan saaqu waan ta’eef keessa labanii waan jiru qabatamaan bira ga’uun safuu fi saffeefannaa akka itti fayyadaman kunis waan ulfina kennuuf qabnu beekuu fi beeksisuu keessatti manguddoon, haawwanfi kanneen duudhaa hawaasaa beekan dhaloota haaraa afaaniin barsiisuun itti fufsisuu waan danda’amuuf gahee bahachuu fi fayyadamuun barbaachisaadha.Gama biraatiin waajjirri aadaa fi tuurizimii duudhaa hawaasaa akka hindagatamne haala qabatamaa naannoo irraa ka’uun carraa argameen gargaaramuun hawaasa barsiisuun itti

gaafatamummaa dabaree seenaa dhalootaa waan ta'eef ciminaan akkasumas kaka'uusa horatanii hojjachuu gaafata.Kanuma wajjiin walqabatee dhaloonni haaraan yoo xiqqaate duudhaa hawaasni qabu baruun haala isaanii galuu fi qabatamaa amma keessa jiruun walfaana walsimsiisuun waan itti dabalan itti ida'aa waan fooyya'uu qabu fooyyessaa deemuun adeemsa jiruu fi hammayyummaa keessattillee duudhaa ofii akka hindaganne waan taasisuuf qaroomina faana walsimsiisuun deemuu akka danda'amu kanneen diinagdeen guddatan akka fakkeenyaatti fudhatanii hubannoo kennuu fi argachuu ni danda'ama.

## 1.6 Daangaa Qorannoo

Daangaa qorannoo yoo jedhamu bakka qorannoon itti geggeefame, dhimma qoratichi irratti xiyyeefate baayyina namoota odeeffannoon irraa funaaname kan hammatuudha.Yalew [2011;119] Akka yaada hayyuu kanaatti qorannoon tokko yoo gaggeefamu bakka beekamaa fi murtaa'aa ,dhimma qoratichi irratti xiyyeefate, baay'ina namoota odeeffannoon irraa funaannamee ta'uu isaati.kanumarraa ka'uunqoratichi mataduree qaacceessa lagannaa maqaa sirna gaa'elaan walqabatee jiru Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluutti daangefate.Sababni aanaa kana filateef mataduree kana wajjiin hawaasni aanichaa waan walitt fiduuf akkasumas odeefannoo gahaa manguddoo fi namoota adda addaa hubannoo fi muuxannoo qaban kallattiin ragaalee funaanuuf waan mijataa ta'ee argameef.Akkasumas mataduree lagannaa maqaa sirna fuudhaa fi heerumaa keessatti maqaalee namaa fi hirmiin walqabatan yoo ta'u, safuu duudhaa hawaasaa wajjiin walitti hidhata waan qabuuf moggaasa maqaa safuu akka ta'eef xiyyeefannaan qoratichaa illee kanumarratti daangefameera.Aanaan Adaamii Tulluu kallattii kaabaanAanaa Dugdaa,Kibbaan Arsii Lixaa, Bahaan Hara Dambal fi Lixaan naannoo torbaan daangefama.Mataduree ilaalchise maqaan irratti xiyyeefatu lagannaa maqaalee gaa'ela wajjiin wal qabataniidha.

## 1.7 Hanqina Qorannoo

Adeemsa qorannoo kana keessatti gufuu muudachuu danda'an keessaa odeefannoo kennitoonni yeroo fi bakka qoratichi barbaadutti argamuu dhabuu, odeefannoo kennurratti nuffii itti uumuu danda,uu qratichi hubateera.Gama biraan barreeffama mataduree kanaan wal fakkaatu dhiyotti argachuu dhabuu, akkasumas hojii idilee faana hanga tokko ni ulfaata.Kana malees yeroo qorannoon kun itti geggeefamutti dhibeen covid-19 itti hammaate waan ta'eef namoota

odeeffannoo irraa fudhatamu fi qorataa gidduu sodaa fi shakkii waan uumeef hanga takka hojii addaan akka kutu, akkasumas bilisa ta’anii iddoo barbaadanitti hamma nama barbaadanii argachuuf yaaddooakkasumas qorannoo kun yeroo yaadametti xumuramuudhabuu fa’a qoraticha kan muudate ta’ee darbeera.

Haata’u malee hanqinaalee eeraman ilaalchisee qoratichi namoota odeefannoo irraa funaanu amalaan qabachuun, akkasumas yeroofi bakka isaanitti mijatu filachisuunmilkaa’ina qorannootiiftooftaa garagaraa fayyadameera.Barreeffama wabii immoo Yuunivarsitii itti kalaa’u deemuun odeefannoo walitti qabachuun yaada qorannoo kanaaf ijaarsa ta’u qinda’ee akkadhiyaatu  ta’eera.Kana malees haala dhibee covid-19 ilaalchisee ofeegannoowwan ykn haaluma qajeeltoowwan fayyaa heeyyamuun faana bu’uun qoratichii fi iddattoowwan filataman ofeegannoo taasisuun odeeffannoo barbaadame argachuu danda’ameera.

## 1.8 Haala Naannoo Qorannichaa

Aanaa Adaamii Tulluu Godina shawaa bahaa keessatti kan argamtu yoo ta’u kaabaan aanaa Dugdaa kibbaan godina Arsii Lixaa Lixaan naannoo torba bahaan hara dambaliin daangefamti.Baayina ummata aanichaa ilaalchisee dhi 1080556 du104916 walitti 2013502 ta’u. Gandoota baadiyyaa 43kan magaalaa 4 walumaagalatti gandoota 47 argama.Aanicha keessatti sabaa fi sablammii adda addaa ,isaanis hordoftoota amantaa musiliimaa,kiristaanaa fi waaqefannaa waggaa dheeraaf waliin jiraachaa turan.Haala qilleensaa ilaalchisee gammoojjii yoo ta’u ,waqtii bonaa hoo’agiddugaleessaafi rooba kan argattu akkasumas midhaan gosa adda addaa oomishuuf mijataadha.Ummanni naannoo harki caalu qotee bulaa waan ta’eef beellada horsiisuu fi lafa qotanii jiraatu.Haala teessuma lafaa ilaalchisee harki irra caalu diriiraa yoo ta’u dabree dabree gaarreen tulluuwwan aanicha keessatti ni argamu.Itti dabaluun dhaabbileen barnootaa ssadarkaa tokkoffaa hanga barnoota olaanotti mootummaa fi miti mootummaan kan ijaaraman yoo ta’u, manneen sirreessa Oromiyaa tokko kan Federaalaa tokko magaalaa keessatti kan argaman ta’a.

### 1.8.1. Diinagdee Aanichaa

Ummanni aanichaa harki caalu qonnaan bulaa yoo ta’u kanneen hojii qurxummii, daldala, albuuda irratti bobba’ani ijiraatu.Gama biraatiin warshaaleen aanicha keessatti argaman

kostikisoodaa, warshaa biiraa kastil, warshaa farra ilbiisotaa fi oomisha abaaboo fa'a aanicha keessatt namoota hedduuf carraa hojii uumuufii danda'eera.

### 1.8.2 Iddoowwan Hawata Turiizimii Aanichaa

Aanicha keessatti iddoowwan hawata turizimii ilaalchisee hara dambal ,riizortii ,iddoowwan amantaa kan hara damal keessatti argaman amantaa kiristaanaa oddoo ,paarkii abjaata ,loojii laangannoo bakka humna elektiriikii irra maddu aluto geothermal ,haroowwan abjaataa ,laangannoo ,shaallaa fa'a bineensota fi allaattiiwwan gosa gara garaa keessatti argaman akka hawata Turizimiitti tajaajilu.Biqiltuuwwan uumamaan jiranii fi namaan dhaabaman bakka garagaraatti midhaaginaa fi mijaa'ina qilleensa naannootiif hedduu gargaareera.Naannoon kun Finfinneerraa gara kibbaatti imaltoonni yoo deeman daandiin asfaaltii keessa qaxxamuree waan darbuuf sulula kana keessa darbuuf daandiin mijataa fi nageenya qabu waan ta'eef daran namatti tola.Fageenyi Magaalli Aanaa kanaa Baatuun Finfinnee irraa qabdu 160km waan ta'eef imaltoonni ciree,laaqana fi irbaata isaanii akka fedha isaaniitti fayyadamuu fi iddoo bultii akkuma humna isaaniitti filatanii bulu.

### 1.8.3 Aadaa Ummata Aanaa Adaamii Tulluu

Ummanni aanicha keessatti argamu aadaa fi duudha tanaan dura irra dhufe kan kabaju akkasumas ilmaan isaaniillee haala gaariin kan barsiisan ta'uu waan raga ba'u heddu keessaa kan akka jaarsummaa araara koottu dhufee dargaggoota hirmaachisuun akkaataa dubbii wal diddaa fi hanga gumaa fixuutti jiran jechaan duraa duuba eeganii itti dubbatmuu fi itti dhumu waan dhaloota barsiisan qabu gama biraatiin hawaasni kun wal kabajuu irraa kaasee hawaasa biroollee

keessummaa ta'anis simatanii waan qaban qoodaniif akka of jijjiru haala mijeessuuf nama dheebote bishaan qofa osoo hintaane aannan ,marqaa ,caccabsaa ,marmaaree ,micciirraa \dhangaa\ ,horii qalee nyaachisuun keessummaa gaggeessu.Aadaa fuudhaa fi heerumaa ilaalchisee kannneen beekaman wal gara, baaltokkee, aseennaa ,buttaa fi membetoo fa'a yoo ta'an walgarri micayyoo takka ishii birootiin bifa wal jijjirraan walii kennanii maatii lama giddutti soddummaa uumamuudha.Baaltokkeen immoo gurbaan intala laallate ykn jaalate waan irraa eegamu waan humna isaa gabbaree haala bultii itti uumatuudha.Aseennaan immoo dabree dabree yoo jiraateyyuufedha micayyoo irratti kan hunda'uuu fi osoo gurbaan hin yaadin isa fedha irraa qabdu san siinqee darbattee mooraa keessatti a'uun aadaa calaqisti warris kanuma hubachuun kabajaan simatanii warratti himuun soddummaajabeessu. ammaa tana ijoollee wal

fuudhan lamaan fedha isaaniin gaa'ela waan dhaabataniif maatiin immoo kanuma isaan jaalatan mirkanessaaf .Buttaan fedha micayyoo fi warra micayyoo malee dirqamaan gurbaan hiriyyoota wajjiin ta'ee fudhatee kan galu yoo ta'uyyuu ammaa tana hafeera jechuun ni danda'ama .Membetoon immoo gurbaan intalli fuudhe ykn kaadhimate yoo akka tasaa jalaa duute obboleettii intalaa ykn tanuma warra sanaa tan taate gurbaadhaaf akka kennamtu gaaffii warra gurbaatiin dhiyaatu milkeessuuf bifa gaa'elli itti ijaaramuudha.Haa ta'umalee yeroo ammaa fuudhaa heerumni bifa jijjiirachuun fedha irratti hunda'uun intalaa fi gurbaan walii galuun walqabatanii bakka firri jiru dhaqanii nama ykn jaarsa maatitti ergachuun haala jiru beeksifachuun gara qe'ee gurbaatti galu.Sana booda warri gurbaas haala jiru warra intalaa gosata'an erga qoratanii booddee nageettee ergatu.Haaluma jaarsi dubbii himeen beellama qabatanii gaaddisa ergatu. Gaaddisa kan jedhamu maallaqa dhiifama ittiin gaafatan yoo ta'u qarshii kuma kudha shanii kaasee hanga humni isaanii heeyyame qabanii kan geessan ta'ee harka caalu abbaaf kennamee sooqidda haadhaas achuma keessaa yookennamuuf gosaaf immoo hamma ta'e warra guyyaaa maallaqni nageettee ergamu achitti argamaniif kan hiramu yoo ta'u adeemsaan soddaan lamaan waliigalteen sirna araaraa fi seera godhachuun ykn cidha kan qopheefatan ta'u jechuudha.

### 1.8.4 Hidda Dhaloota Oromoo Arsii

Oromoon Arsii Sikkoo fi Mando jedhamee bakka lamatti qoodama.Jechi Arsii, Arsooma, Arsichaa fi Arsummaa[Arsi hood]jedhamu hundi jecha nama dhaloota gosa Arsii qabu kan ibsu yoo ta'u,Arsoomni maqaa hiddaa dhiiga tokkummaa fi yaboo [waadaa] Arsiin ganama walitti kennate , dhaamsa akaakilee fi abaabilee ilmaan Sikkoo-Mandooti.Arsoomni nama ilma Arsii ta'e mara biratti maqaa kabajaa, jaalalaa fi obbolummaati.Sikko ilmaan shank an argateef Mando immoo ilmaan torba kan argate waan ta'eef shaman Sikkoo fi torban Mandoo jedhamanii waamaman.Daangaan lafa quubsuma Arsii gara ummata kibbaatiin Silxee, Maaraqoo, Alaabaa, Sidaama wajjiin yoo ta'u gara biraatiin Gujii, Boorana, Ituu, Aanniyyaa, Karrayyuu , Tuulamaa fiOgaadeniin wal daangessa.Dur-dur Oromoon akka waliigalaatti amantii Waaqefataa kan hordofu waan tureef , amantiin Arsichaallee Waaqefatama akka ture hinshakkamu.

SIIKKOO Ilmaan Sikkoo shan waan ta'aniif , SHANAN SIKKOO jedhamanii beekkaman.Shanan Sikkoo Bullaalla, Waacaale, Jaawwii, Waajjii fi Illaanii jedhaman.


MANDO; Mando damee Arsii keessaa isa tokko ta'uu gararratti ibsamee jira. Ilmaan Mando torba waan ta'aniif ''TORBAN MANDO'' jedhamanii beekkaman.Isaanillee Raayyaa, Kajawa, Hawaxxuu, Wanama, Utaa, Waayyuu fi Biituu[Harroojjii]jedhaman.Mando angafummaa sikkoo irra kan fudhate dhalootaan osoo hintaane seeraan kan fudhate ta'uu ibsama.Muhammad Sayid Abdulrahman[2009/54-56]Gosa oromoo Arsiikanneen Aanaa Adaamii Tulluu keessa jiran fi walitti hidhata qaban akka armaan gadiitti tarreeffaman ta'u.

**Uunsho Torban**

1. Abboosa
2. Abburee
3. Arimannaa
4. Habarnoosa
5. Humphannoosa
6. Karrayyuu
7. Haxxemannaa fa'a.

   Akka hayyuun olitti maqaan isaanii eerame kaa'anitti uunsho torban gosa Arsii ta'an walduraa duubaan dhiyeessuu danda'ameera.

   Haala argama Aanaa Adaamii Tulluu Fi Gandootaaa
   Kallattii Afraniin Kanneen Aanicha Daangessan Agarsiisuuf qophaa'edha.




Madda;Bulchiinsa A/Adaamii Tulluu Irraa Qorataan Kan Fudhatame/guyyaa 26/06/2012

# BOQONNAA LAMA

## 2.1 Sakatta'a Barruu

Qoratichi waa'ee dhimma qorachuu barbaade sana ilaalchise barruulee fi kitaabilee adda addaa kanneen mataduree qorannichaan wal fakkaatan yookiin walitti dhiyaatan barbaaduudhaan dubbisuu qaba.kanuma wajjiin wal qabatee qorataan waan beekuu qabu adeemsa kana keessatti xiinxaluu fi hubannoo argate irra dhaabbateeyaada gabbataa kurfeessuun haqummaa fi qabatamummaa qorannichaa mirkaneessuun ni danda'ama.Birhaanuu[2013;17] ''Jechoonni laguu yookiin qaanii kallattiin dubbatamuu hinqabne yoo dubbataman rakkoo waliigaltee namoota giddutti uumuu ni danda'u.Kanaaf namoonni jechoota, gaalee fi himoota laguu fi safuu ta'an kanniin akka gurraaf tolutti bakka buusuun yaada isaanii ibsatu;kunis lagannaa yookiin aftolummaa[euphemism]''jedhama jedhu.

Addunyaa Barkeessaafi kaawwan[2005;13]*Addooyyee.Ummata Oromoo biratti hiriyyummaan aadaa kabaja guddaa qabu.Keessumayyuu addooyyeen shamarran Oromoo biratti haalaan beekamaadha.Kunis kan shamarran Oromoo jaalala dhugaaa ,kabajaa fi maalummaa hiriyyummaa ittiin agarsiisan.Kanaafuu addooyyeen kan dubarri umrii fi naannoo jireenyaatiin walitti dhiyaatan hanga waliin jiranitti wal jaalachuu fi walii dhaabachuuf waadaa walii galani.waadaan walii galan kun kakuu hiriyyummaa isaanii cimsuu ta'a.Hiriyyoonni lamaan addooyyee waliin jedhu malee maqaan wal hinwaaman.*

Akka yaada kanaatti shamarran maqaa jalqabaa warri baaseef cinatti kan hiriyyummaa walii kan moggasan ta'uu ibsa.Maqaan jecha nama, iddoo, yaada waan tokkoof kan kana fakkatan bakka bu'u.Yaada maqaafi lagannaa maqaa wajjiin wal qabatu kun duudhaa hawaasaa keessatti umriin ,saalaan,sadarkaa kan kana fakkaataniin hariiroo jireenyaa jabeessanii safuu eeggachuun durii kaasee waan walii dabarsaa dhufan kana kunuunfachuun gahee nama hundaa akka ta'e nutti agarsiisa.

Kanaafuu lagannaa maqaa ilaalchisee waan kanaan dura barreeffame barruulee gaazexaa kitaabilee qorannaalee adda addaa yaada hayyootaa fi kan kana fakkaatan sakatta'un hojii ijoo fi murteessaadha.Sababnisaa hojiin ragaan hindeegaramne haqummaa fi bilchina waan hanqatuuf qoratichi ofeegannoon waan eeraman kanneen sakatta'ee yaada gabbisuu

akkasumas waan hawaasaaf bu’aa buusu qorannicha keessatti kurfessee akka dhiyeessu ta’eera.

Dirribaa Tarrafaa fi Kaawwan(2005:179-180) jil .10 waa’ee ogbarruu akka armaan gaditti ibsaniiru.’’Ogbarruun aadaa, seenaa, beekumsa, amantaa, falaasama, walumaagalatti ilaalchi addunyaa ummata tokkoo dhalaa dhalatti kan ittiin darbuudha.Akkasumas yaadaa falaasama, dagaagina Oromo baruuf adda dureen afoola Oromoobaruu nu barbaachisa.’’

Moggaasni maqaa Oromoo biratti hariiroo uumamaa fi uumamarratti hundaa’a jedhu qorattoonni seenaa Oromoo.Hayyuun antirooppooloojii Dr.Gammachuu Magarsaa moggaasni maqaa Oromoo ganamaa karaa jaarmiyaa moggaasa maqaatiin , qaallichaan raawwatamaa ture jedhu.Akka Dr.Gammachuu Magarsaatti Oromoon dur sirna dhugeefannaa fi waaqefannaa isaa irratti hundaa’ee maqaa baasa .Oromoon amantaa yaad-rimee raajiiwwan hawaa kana keessa jiran hubachuu fi dhugeefachuurratti hundaa’a .Akka amantaa Oromootti guyyaan hunduu ayyaana waaqaa qaba.Sochiin urjii, ji’aa fi aduu moggaasa maqaa Oromoo keesatti gahee qabu.

Ayyaana daa’imni tokko dhalate addeessi eessa oolte, urjiin kam waliin oolte kan jedhu ilaalameeti .Fakkeenyaaf yoo urjiin sorsaa wajjii oolte hiika mataasaa qabaata.Yoo Ruudaa waliin oolte hiika biro qabaata.Kanneen biroos akkasuma.Kanaafuu sirna amantiisaa irratti ijaaramerratti hunda’uudhaan maqq moggaasasaa maqaa Oromoo duuba jiru ibsu.

Dur ijoollee kan moggaasu warra osoo hintaane jaarmiyaadha. Keessattuu ijoollee hangafaa karaa sirna hammachiisaa ayyaantuu guyyaa fi yeroo daa’imman sun irraa dhalate ilaaluun moggaasa malee inni hawwiidhuma qabanirraa ka’anii moggaasan booda kana erga aadaa Oromoo dadhabaa dhufetti kan dhalate.

Waaqefannaan Oromoo dhugeefannaa uumaa waaqaa keessaahuu kanneen akka urjii, addeessaa fi aduu irratti kan hunda’eedha.Daa’imni tokko yeroo gara lafaa dhufu haalaa fi yeroo sana bakka bu’a.kanatu ilaalamee moggaafamaa ture jedhu Dr.Gammachuu Magarsaa.

Akka yaada hayyuu seenaa kanarraa hubachuu danda’amutti moggaasni maqaa ganmaa karaa jaarmiyaatiin ykn qaallichaan raawwatamaa akka turee fi sirna dugeefannaa fi waaqefannaa hordofuun moggaasu.Inni hawwiidhuma qabanirraa ka’anii ijoolleef maqaa moggaasan as dhiyoo erga aadaan Oromoo laafaa dhufee eegalee ta’uusaa ibsaniiru.

Kan biraaammoo yoo akaakoon dabballee sanaa jiraatan sanitti moggaasu , kunis aadaadha. Warri maqaa baasan nama torba, torban jilaa jedhamu.Hunduu yaada kennu, isa booda kan daa'imni filatetu ilaalametu walii galtee nama hundaatiin maqaan mogga'a.Booranni akkasiin moggaasaa ture ,Aab Jaataniin .

Maqaan yeroo fi haalaan walqabates moggaafama.Nama bona dhalate Bonayyaa jedhan,,rooba keessa yoo dhalate Roobaa, barii yoo dhalate Barraaqo, galgala yoo dhalate Galgaloo baasan.

Maqaan wayita bahu eebbaa fi finna ykn diinagdee walinillee wal qabata.Boorana keessatti wayita maqaa baasan eebbaa fi loon kennu.Kanaaf wayita maqaa jijjiirtu eebballee dhabda.

Oromoon karaa gara garaan namoota Oromoo irraa hindhalatin,kan booji'iman ykn sababoota biraan Oromotti makamanmoggaassaan oromeessa.Yeroo kanas namoonni kunniin mirga Oromoon tokko argatuumalu ni qabaatu.Kanaan dura namoonni hedduu sirna kanaaanOromummaa fudhataniiru.fakkeenyaaf qorattuu dhimma Oromoo yeroo hedduuf qoratan Bonnie Holcomb' jedhaman maqaa qabbannee jedhu mogga'eefii jira.

"Durii kaasee ogbarruun meeshaa barumsaati. Ilmi namaa durii jalqabee waan beeku hunda ilmaan ofii kan dabarsu ogbarruu fayyadamuun haala kanaan waa'ee uumaa , waa'ee lafaa, nama naamusaa fi safuu barsiisuu, nama gargaaruu, goota ta'uu amala gaarii qabaachuu , onnachuu fi waan kana fakkatan mara ogbarruun barsiisaa ture."

Akka yaada olii kanatti ilmi namaa durii eegalee naamusaa fi safuu dabalatee waan beeku dhalootaa gara dhalootaa ogbarruu fayyadamuun Walii dabarsaa dhufee fi itti gargaaramaa jiraachuu nuuf eera, kanuma wajjiin walqabatee dhaloota haaraa safuu fi duudhaa eeggatee akka jiraatu barsiisuu keessatti ogbarruu bu'aa olaanaa qaba. Akkuma beekamu wal kabajanii waliin jiraachuuf, angafa fi quxisuu, soddaa fi soddaatii, abbaa fi haadha , jaarsaa fi jaartii maqaa kabajaan waamuun hawaasa biratti iddoo guddaa qaba. Namni hunduu maqaa dhuunfaa yoo qabaateeyyuu kabajaa fi safuu eeggachuuf maqaa jalqabaa lagachuun maqaa biraan waamuun yookiin moggaasuun ummata oromoo biratti haalaan waan beekamuuf, kana gabbifachuun barsiisuun dabaree dhalootaa keessatti waan jajjabeeffamuudha.

Salamoon[2007;297]” Ummata Konsoo biratti maqaa moggaafamu waqtillee daa’immanitti dhalatan wajjiin kan wal qabateedha.Kana jechuunis ijoolleen ganama,guyyaa,galgala yookaan halkan yoo dhalatan yookaan waggaa jalqabaa fi xumura waggaa yoo dhalatan maqaa adda addaattu moggaafamaaf.Ummata Oromoo birattis bifuma wal fakkatuun waan armaan olitti ummata Konsoo biratti mul’atu dabalatee sirna Gadaa waal qabsiisuun amantaa haala yeroo ,qabeenya yookiin waan argataniifi dhaban ,muudannoo adda addaa ,quufaa fi beela ,guyyaa dhalate ,waqtii itti dhalate fi kkf.irratti hunda’uun maqaa akka moggaasan ni addeessu.Haaluma walfakkatuun ummata Surmaa biratti daa’imni takka yoo dhalatte maqaan kan moggaafamuuf waqtii keessa jiran irratti hunda’uun fakkeenyaaf mana jireenyaan alatti yoo dhalatan ,dhiirri”Borgoro”yoo jedhaman ,dubartii yoo taate “Maagoroo”jedhamti .Bkka naannnoo mana jireenyaa loonitti yoo dhalatan dhiirri “Baartu”dubartii baaritu”jedhamti.Yeroo isheetaboqqolloo ga’etti dhiirri dhalate”maajaalaa”yoo jedhamu,dubartiin “Maagulduu”jedhamti.

Akka yaada olii kanatti ummata Konsoo fi Surmaa biratti moggaasa maqaa daa’imaa wajjiin wal qabatee aadaamata isaanii kan qaban yoo ta’u waqtii fi iddoo itti dhalatan wajjiin wal qabsiisanii maqaa moggaasu.Kunis kan agarsiisu sabni martuu akka duudhaa fi aadaa isaatti ijoollee dhalataniif maqaa baasuu qofa osoo hintaane duudhaa isaaniillee dhalootaa gara dhalootaa dabarsaa dhufuu isaanii mullisa.

Salamoon [2007;168-169] “Namoonni maqaa ittiin waamaman kan kennamuuf akkuma aadaa hawaasichaatti ta’ee yeroo adda addaatti waqtiilee kanneen keessaa ijoolleen osoo hindhalatin dura,akkuma dhalataniin,erga dhalataniin booda erga guddataniin booda yookiin sadarkaa hawaasummaa adda ta’e tokko yookiin kittaannaa,fuudhaa fi heeruma ,aangoo, hawaasummaa fi kan kana fakkaataniif yoo gahaniidha.Maqaalee eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsan waan ta’aniif maqaa fi akkaataan maqaan itti moggaafamu hawaasicha biratti ulfina guddatu kennamaaf.Hawaasa adda addaa keessatti maqaan yoo namaaf moggaafamu sirna mataa isaa itiin kabajamu yookiin sadarkaa hawaasaatti waliin kan gaggeefamu sirnoonnis abbootiii amantaadhaan yookiin aadaatiin hoogganamuun gaggeefamuu danda’u.Ummanni biyya keenya keessa jiru kabaja sirna moggaasa maqaa heddu qabu.A kka fakkeenyaatti ummata Hamar biratti dargaggeessi tokko maqaa idilee gaahelaaf gahuu isaa mirkaneessuuf korma yeroo itti utaaluudha.Sirni utaalcha kormaa yoo raawwatamu ,utaalcha marsaa dhumaa utaalee akkuma fixeen ,dhumarratti kormicha irra utaale sanaan maqaan isaa moggaafama.Ummata Arii biratti ijoolleef maqaa kan moggaafamu deessee ulmaa erga baatee booda yoo ta’u,daa’imaaf maqaa

kan moggaasu abbaa yookiin akaakayyuudha.Saba Qimaanti maqaa ijoolleef kan baasan dhalatanii guyyoota digdama hanga soddoma booda erga adeemsifamee booda.Hawaasa Sumaalee biratti ijoolleef maqaan kan ba'u sirna kabaja kaalaaqaad booda.Sirnichis kan raawwatamu ijoolleen dhalatan dhiira yoo ta'e obboleessa haadhaa ,daa'imtti dhalatte dubara yoo taate obboleettii haadhaatiin akka ta'e Uhilig|2003:592| wabeefachuun ibsa."

Aadaa moggaasa maqaa wajjiin wal qabatee ummanni biyya keenyaa adda addaa ijoolleef haala qabatamaa duudhaa isaanii hordofuun yoo moggaasan akkasumas namoota/ maatii/ keessaa moggaasuuf gahee mataa isaanii qabaatu.Dabalataan daa'imni dhiira yookiin dubartiin akkaataa itti maqaan kennamuuf dhalatanii guyyaa fi sirna akka duudhaa isaaniitti qopheefachuun adeemsifamaa turuu yaada olittidhiyaaterraa hubachuun ni danda'ama.

Salamoon/2007;296|" Moggaasni maqaa ,maqaa nama tokkoo ,bineeldotaa ,mukkeen yookiin iddoo tokko iddoo biraatiin adda baasuuf faayidaa bu'uuraa qabuun dabalata garee

hawaasaa tokko seenaasaa, falaasama,muudannoo,aadaa,hawwiii garafuulduraa ,xiinsammuu,amantaa fi kkf. Kan mudhisuudha.Hawaasa adda addaa keessatti wantoota

garagaraatiif maqaan kennamu kan moggaafamuuf uumamaan amala qabumuudannoo hawaasaa, ummanni aadaa qabu bu'uurefachuun kan baratamanii fi moggaasa dhabbataa ta'e ,hawwii gara fuulduraa ,sadarkaa namoonni qabaniin, amantaa fi sababoota biroollee bu'uura kan godhatanii fi faayidaa hawaasummaa olaanaa ka qabaniidha." Jedhu.

Akkuma hayyuun kun ibsetti maqaan akkuma aadaa hawaasatti wantoota adda addaatiif kan moggaafamu ta'ee waan garagaraatiin wal qabsiisuun hawwii, muudannoo fi kan biroollee bu'uurefatanii daa'ima isaanii fi wantoota birootiifis moggaasaa as ga'uu hubachuu ni danda'ama. Austin[1994] akka ibsutti,''sabni tokko aadaa,duudhaa fi safuu mataasaa ni qaba''.jedhu.Akkuma hayyuun kun ibsetti hawaasni tokko waan waliin uumate kan ittiin beekamu,adeemsa jiruu fi jireenyaa keessatti yeroo dheeraafkuufatee akkasumas kunuunfachuun dhalootaa gara dhalootaa afoolaan darbaa kan dhufe ammas kan itti fufaan aadaa,duudhaa fi safuu qabeenya ummanni tokko qabaachuu qabu akka ta'e ibsameera.Dorson[1972;5]maalummaa fookiloorii yoo ibsu ''foklore is the part of the culture,customs,belifes of society that is based on popular tradition .It is produced by thecommunity anusuait transimited orally by demonstration.''Akka yaada hayyuu kanaatti fookilooriin qaama aadaa ta'ee duudhaa safuu,amantaa fedha hawaasaa irratti kan hundaa'e ta'uu

ibsaa,kalaqa hawaasaa afaaniin dhalootarraa gara dhalootaa afaaniin darbaa kan jiru ta'uu nama hubachiisa.Melakne[2006;8]'' Every group bound together or by common interest and purpses weather educated rural or urban possessed abucy of tradition which may be called it foklore'' jedha.Akka yaada olii kanatti garee hawaasaa fedhii waliitiif walitti dhufuun ykn faayidaa waliitiif kan baratanis ta'ee kan hin baranne,baadiyyas ta'ee magaalaa aadaawal fakkaatu waliin qooddatan fookiloorii akka ta'e ibsu.Fookilooriin aadaa saba tokkoo duudhaa hawaasaa barsiisuuf ni fayyada.Barsiiisuuf yoo jedhamu aadaa saba afaan tokko dubbatu ,aadaa tokko waliin qabu biratti namoota aadaa isaa gatee kan biraa hordofuuu barbaade bifa walalootiinis yaa ta'uu mammaakuun karaa ittiin nama sana hubannoo laachuu wajjiin wal qabata.Geetaachoo[2005] Akka yaada hayyuu kanaa irraa hubachuu danda'amutti fookilooriin hawaaasa aadaa,duudhaa isaa barsiisuu akkasumas kanneen

Aadaa ofii dagatanis bifa afoola garagaraatiin akka of baruun aadaa fi duudhaa isaa akka jabeefatuuf kan gargaaru ta'uu ibsa.Hinseenee[2010;3]Afoolli ijoolleef barumsaaf,beekkumsa afaaniif bu'aa guddaa qaba.Naannoo barsiisa,dandeettii waa yaadachuu ni guddisa,seeraa fi midhaagina afaanii ni barsiisa''Akka yaada hayyuu kanaa irraa hubachuu danda'amutti Afoolaan ijoollee dandeetti afaanii fayyadamuun bashanansiisaa waa'ee naannoo isaanii akka hubtan,dandeettii waan gaarii fi yaraa adda baafachuu,akkaataa fayyadama seera afaanii fi haalaan akka itti fayyadaman ni gargaara.''Qrannoon tokko yemmuu qoratamu yaada mataduree sanaa kan deeggaru ykn kan mormu ta'ee dhiyaachuu akka qabu'' Dastaa [2009] ibsa.Yaada kanarraa akka hubatamutti qorannoon tokko qorannoo isa biraa yaada mataduree dhiyaaterratti yaadaan wal deeggaruu ykn yaada faallaa ta'e qabaachuu danda'a.kunis akkataa qabatamaa fi haala odeefannoon itti sassaabame ykn madda haqa qabeessummaa irraa ka'uun yaada wal qeequu fi wal deeggagaru ofkeessatti hammachuu danda'a.Addunyaa[20011]'' Faayidaa sakatta'a barruu inni biraa qorannoo hojjataman walqabsiisuudha.Kunis mormuu, deeggaruu, cimsuu fi qaawa mul'ate agarsiisuun qorannichaa fi ka'uumsa kan ta'e adda baasuudha''Akka yaada kanarraa hubatamutti qorannoo hojjatamu tokko isa duraatiif bu'uura ta'uun qaawa mul'ate itti guutuuf ,kan gabbachuu malu cimsuu akka ta'e walumaagalatti qorannoon mataduree wal fakkatu irratti gaggeefamu waan wal ijaaru waan qabuuf sakatta'uun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

## 2.2. Duudhaa Hawaasaa[social folk custom]

‘’Duudhaa hawaasaa qaama fookiloorii keessaa tokko ta’ee waan hawaasni irra deddeebi’uun raawwatu gochoota duraa duuba eeggachuun akkasumas sirnawaa ta’uun dhiyaatan walitti qabee kan ittiin waamamuudha ’’Dorson[1972;3-4]Akka yaada kanarraa hubatamutti gochoonni adda addaa hawaasni irra deddeebi’uun aadefate bifa sirna eeggateen yoomessa murtaa’e keessatti dhiyaatan kanneen duudhaa hawaasaa akka ta’e ibsaniiru.Beekan[2015;41] yoo ibsu’’ fookilooriin aadaa nuyi calaqisiisnu haala jiruu fi jireenyaa,hubannoo,sonaa fi ilaalcha hawaasa tokkoo gochaa fi jechaan dhalootaa dhalootatti lufaa dhufee fi meeshaalee walqunnamtii kan durii akkasumas kan har’aa fi kan boruuti’’jedha. Akka yaada kanarraa hubatmutti fookilooriin aadaa,duudhaa hawaasni ittiin bulu afoolaan dhalootaa gara dhalootaa walii dabarsan ta’uu ibsa.

Oromoon ummata aadaa,duudhaa,seenaa fi oolte bultee gabbataa qabuudha.Keessumaa aadaa faalasama ummata kanaa gadi fageenyaan yoo ilaalan barnootaa fi icciitii jireenyaa laakka’amee hindhumne kanneen qaroominaafxurreee ykn raacitii ta’anii tajaajilaa jiran hedduudha.Aadaan calaqqee jiruu fi jireenya saba tokkooti.Sabni tokko saba kan birarraa adda godhu ykn kan ittiin beekamu aadaa bultumasaati.Kunis aadaa uffannaa,fuudhaa fi heerumaa,du’aa fi awwalcha,ayyaanotaa fi sirba waliin jireenya maatii fi firaa,nyaataa fi dhugaatii,ijaarsa manaa fi meeshaa itti fayyadaman, hojii fi hormaata,taphoota ,akkaataa itti dabbasaa muratan ykn dhahatan fi kkf. Jennee addaan qooduu dandeenya.Ummanni Oromoo aadaa matasaa kan ormarraa adda isa godhu heddu qaba.Kan akka sabaatti waliin qabuu fi akka gosaati naannawa naannawasatti qabu danuudha.sababoota garagaraatiin irra hedduun aadaa Oromoo dagatamaa haa dhufus kanneen duudhaa durii sana qabatanii tursiisan baayyeedha.Kan dagatame ykn balaaleffatameeture sana qorachuun mul’isuun fi kanneen amma jiran kunuunsanii dagaagfachuun ammo dirqama dhaloota har’aati.Jedha Charinnat Hundeessaa

Duudhaa hawaasa Oromoo keessatti waan ilaallatan ykn lagatan kan biraa gochaan mul’atan ilaalchisee;ibidda aaru walitti hin kennan ,dhagaa walirraa hinfuudhan,sibiila walitti hinkennan ,baayi’ina loonii fi maatii lakkoofsaan himuu irra jecha biraatiin ibsuu filatu.Gama biraatiin waan safuu ta’an keessaa ;manguddoo dura hindeeman,angafa dura hineebbisan ,gosa ofii hin fuudhan kan jedhuu fi kkf qorannoo hinmaxafamne waajjira AT Aanaa Adaamii Tulluu keessatti argamu irraa kan fudhatameedha.Yaada olii kana ilaalchisee sababa gochaa olitti eeraman kanneen lagataniifis yoo ibsan ibiddi aaru namoonni akka walhindhabne ykn walitti bu’iinsi gidduu

isaaniitti akka hinuumamneef jecha,dhagaa kan walirraa hinfuuneef garaa akka walitti hinjabanneef,arfii walitti kennuunis waan gaarii akka hintaane ibsanii maatii fi horii qaban lakkoofsaan ibsuun kan falfalu akka gurri isaa hindhageeneef teedatu jechuun namoonni wajjira kana keessa hojjatan eeraniiru.yaada kana ilaalchisee duudhaa,safuu hawaasaa kanaa fi kkf tuquu yaalame malee waan heddu jiruu fi jireenya guyyuu keessatti waan laallatan ykn safeefatan heddu waan jiraniif hunda kaasanii fixuun hindanda'amu.

Dorson[1972;3-4] '' duudhaa hawaasaa jalatti kanneen ramadaman gosoota fookiloorii afur akka ta'an ibsee isaanis;Feestivaalotaafi ayyaana waggaa[festivals and celebrations] bashanantoota fi taphoota waldorgommii[recreations and games], qoricha aadaa[folk medicine] fi amantaa duudhaa[folk religion] fa'a akka ta'an ibsaniiru.''

Ramaddiin Dorson kennan kun gama qu'annoo fookilooritiin fudhatama kan qabu yoo ta'uyyuu kanneen keessaa hafuu hinqabne ykn kan hafan akka jiran qeeqameera.Gama biraatiin duudhaa hawaasaa jalatti gosa fookiloorii ramadamuu danda'aman hayyoonni bakka afuritti akka ramadaman Richard Switerlich[1997;168] ni ibsu.Isaanis;

Guyyaa tokko ykn waqtii eeguun kan kabajaman kan akka waggaa haaraa, ayyaana cuubaa, ayyaana qillee, guyyaa galateefannaa fi kkf.[calendar custom]kan jedhaman

Muudannoo jireenyaa fi dhimma hawaasummaa murteessaab'uura gochuun kan raawwataman karaa jireenyaa dheeraa [Rites of passage cusome]kan jedhaman

Hawaasni walii galteen kan raawwatu bu'a qabeessa kan ta'an kan akka feestivaalaa, aadeewwan, kabaja ayyaanaafi kkf. Duudhaa waliinii bu'a qabeessa[significantcommunal events custom]jechuun

Ayyaanota aadaa hawaasaa fi gochoota wajjiin kan walqabatan duudhaa amntii[folk belief custom] fa'a akka ta'an ibsaniiru.Walumaagalatti duudhaa hawaasaa keessatti fookiiwwan hammatamuu qabu hayyoota gara garatiin ramaddiin kennamaa akka turee fi hayyuun Richard Switerlich gama isaatiin bakka afran olitti eeraman kanneenitti qoodee ramaduu isaa hubachuun ni danda'ama.Misgaanuu Gulummaa[2011;15]''wantoonni akka duudhaa hawaasaatti ilaallamanis;sirna fuudhaa fi heerumaa, sirna Gadaa, amantaa, bashannana, qoricha aadaa, hooda, barsiifataa fi aadaa ta'uu danda'u''jedhu.

## 2.3Aadaa

Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti.Kunis hawaasni tokko saba kana wanta jechisiisu keessaa aadaan isa ijoo fi dursi kennamuuf,sababni isaas akkuma beekamu aadaa,duudhaa fi safuun walqabatu waan ta'eef walfaana kaasanii ilaaluun barbaachisaa ta'a.Akka Misgaanuu Gulummaa jedhutti ''duudhaan hawaasaa amala hawaasni waliin qooddatu ilaallata.Amalli kun kan ture,dhaabbataa fi karaa jireenya akka feeteen ta'uu mala ,kunis dhalli namaa hanga jirutti kan keessa darbamu ilaallata'' Yaada hayyuu kanaa irraa akka hubatamutti duudhaan haawaasni jireenya geggeefatu keessatti waan heddu kan waliin qooddataa as ga'e,ammas waliin hirmaachaa jiru,akkasumas itti fufuun sirnaa fi seera bulmaataa,safuu kkf waan qabuuf adeemsa keessa darbamu ta'uu eerameera.Harris[2007;10]''culture taken in its wide enthnographic sense the complex whole which includes knowledge, belief, art, morals ,law

,custom, and any other capabilities and habits acquired by man as a member of society''jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti aadaan waan bal'aa fi walxaxaa ta'ee kannee akka ,amantaa, aartii, naamusa, seera, duudhaa hawaasaa fi dandeettiiwwan biroo namni qabaachuu danda'u kan hammatu akka ta'e ibsa.Dabalataanis Desta Desalegn[2015;93]waa'ee aadaa akkas jedha'';Culture is not static.It changes in the physical, social, poltical economic environment, following the changes in the mode of life of society that in the turn chages the thought and the life of the people'' Akka hayyuun kun ibsanitti aadaan waan hin jijjiiramnee miti halli itti jijjjiramu bifaan, hawaasummaan, siyaasaa fi diinagdee naannoo ummata keessatti beekkumsa yeroo wajjiin dhufu faana akka deeman waan taasisu ta'uu nama hubachiisa.

### 2.3.1Aadaa fuudhaa fi heerumaa

Birhaanuu Taakkalaa[2013;158-159]''Sirna fuudhaa fi heerumaa keessatt wantoonni lagataman yookiin safuu ta'an hawaasicha keessatti kabajaman ,sodaataman ,jibbaman hedduu ni jru.Gurbaan fuudhuu fi intalli heerumtu akkasumas maatiin gama lameenuu guyyaa jalqaba walgaafachuuirraa jalqabanii waan dubbachuu fi gochuu irraa lagatan qabu''jedhu.Akka yaada hayyuu kanarraa hubachuu danda'amutti sirna gaaa'elaan walqabatee wantoonni lagataman, sodaataman fi jibbaman jiraachuu isaanii akkasumas dubbachuu fi gochuu irraa maatiin gama lameenuu lagatan kaasu.

Aadaan fuudhaa heerumaa yoo jedhamu akkaataa hawaasni tokko sirna gaa'elaa itti gaggeefatuu fi akaakuu gaa'elaa akkasumas waan adeemsa sirnichaa keessatti raawwatamu ilaalchisee duraa

duubaan duudhaa hordofamee bultiin itti dhaabamu jechuudha.Aadaan fuudhaa fi heerumaa Oromoo godinaalee adda addaa keessa jiru garaagarummaa xiqqaa yoo qabaateeyyuuu harki caalu duudhaa walfakkaatuun raawwatama.Akka fakkeenyaatti hawaasa Arsii biratti kanneen beekaman kaadhimachuu, aseennaa fi buttaa fa'a.Gosa bultii itti dhaabbatan isaan eeraman kunniin duudhaa hawaasaa keessatti kan beekaman yoo ta'aniyyuu ammaa tana kaadhimachuu fi fedha jara lamaanii ykn gurbaa fi intalaa irratti hunda'uun gaa'ela ijaaratu.Mebetoo fi dhaalli aadaa ummata Arsii biratti ammaa tana hafus warri durii akka gosa gaa'elaa tokkotti seeraan ykn duudhaan ni beekama. Mebetoon kan beekamu namni fuudhaaf kaadhimate tokko tasa jalaa yooduute yookiin walfuudhanii osoo waliin jiran sababa adda addaatiin yoo jalaaboqotte bakka ishii dubara biraaobboleettii ishii ykn  warruma sanaraa haala itti kennamuuf ta'ee soddummaan kan itti fufuudha.

Gama biraatiin dhaalli immoo dubartii abbaan warraa irraa du'e takka obboleessa dhiirsaatiin ykn warra keessaa nama seerri heyyamuukan dhaalamtee fi adeemsa jiruun seera guutanii waliin kan jiraataniidha.Adeemsa kana keessatti dhaalli kan raawwatamu maatiin waan ta'eef namni sun akka ijoollee ofiitti kunuunsee waan horatuuf akkasumas dubartiin sun gara biraa nyaaphatti baatee akka hin heerumnee fi qabeenya jiru akka qaamni biraa seenee jalaa hinqisaasne jedhamee waan yaadamuuf duudhaa keessatti fudhatama argatee hojirra oolaa ture. Haa ta'u malee yeroo ammaa fuudhaa fi heerumni membetoo fi dhaalaa hafaa akka jiru manguddoon eeraniiru.

Birhanuu[2013;182] ''Maatii gurbaa fi firoonni dhihoon misirroof maqaa moggaasuun aadama barameedha. Sababni isaa maqaa ishiin maatii ishii biratti qabduun maatiin gurbaa ishee waamuun safuudha; kanaaf ni lagatu;akkasumas maqaan intalti ittiin waamamuu filatus kan amaatii ishii moggaafteef ''jedhu.

**2.3.2Aadaa Nyaataa**

Adaa hawaasa biyya keenyaa keessatti guyyaa guyyaan akkasumas nyaanni guyyaa ayyaanaa,sirna garagaraatif akkasumas akka duudhaa hawaasaatti gatii olaanaa fi kabaja kan qaban gosa nyaataa fi dhugaatii ni qophaa'a. Nyaanni fi dhugaatiin kunniin fedhii bu'uuraa guutuu bira darbuun  ibsituu eenyummaa saba tokkoo ta'aniiru.Akka fakkeenyatti kanneen sabaa fi sablamoota biyya keenyaa tokko tokko fudhannee ilaaluun barbaachisaadha.Ummata Oromoo biratti nyaanni aadaa jaalatamaa fi beekaman keessaa micciirraa ykn ciikkoo ,marmaaree

,marqaa, caccabsaa ,buna qalaa itittuu,booka fi kkf.muraasa maqaa dhahuun ni danda'ama.Haa ta'u malee godinaalee Oromiyaa keessa nyaata maqaa garagaraa qaban heddu ni jiru ''.Ummata Argoobbaa biratti atoor ,qaalimaa, alataato;ummata Gaamoo biratti fosase,nyaata aadaa hawaasa kusmii,laaqaa,Ummata kibbaa biratti kan akka caqqaa, boordee, shaametaa fa'a nyaata aadaa fi dhugaatii ummata garagaraa keessaa fudhachuun eeruun ni danda'ama.Gosa nyaataa biyya keenyaa ittiin beekamtu keessaa biddeena ,difoo daabboo, ittoo shiroo, silchoo[kitifoo], marqaa, ciikkoo, ittoo lukkuu, foon horiii haala itti qopha'uu fi nyaatamu fa'aan ni beekama''Salamoon [2007].Walumaa galatti aadaa nyaataa haaluma aadaa hawaasichaatiin akkaataa itti

qophaa'u, waan irraa qophaa'u ,yoom akka qophaa'u , akkamitti akka nyaatamu dabalatee aadaa nyaataa saba kanaati jechuu irra dabree waan hawaasni tokko itiin beekamu ta'ee kabajaa fi iddoo guddaa kanneen kennamaniif of keessatti kan hammatee aadaa hawaasaa ibsuu dandeesisa jedhu.

### 2.3.3Aadaa Bulchiinsaa

Biyya keenya keessatti aadaa bulchiinsaa haalaan beekama.Akka fakkeenyaatti sirna Gdaa Oromoo fudhannee ilaaluun barbaachisaadha.Akkuma hayyoonni biyya keessaa fi biyya alaa ragaa bahanitti bu'uura demokiraasii ammayyaa sirna Gadaa Oromoo akka ta'e seenaan barreefamaan jiru tokko tokko hanga danda'ameen haqa jiruu fi qabatamaa turee fi amma keessa jiru bifa qorannoo fi seenaa biyya keenya ibsuun wanni ragaa ba'u jira.

Yaadumakana ilaalchisee Muhammad Sayid Abdulrahmaan[2009;61] akkas jedhu''Sirna Gadaa jechuun seera ,siyaasa ,dinagdee,seera wajjiin jireenyaa fi seera aadaa kan Oromoon guututti ittiin buluu fi ittiin walbulchu yoo ta'u madda [burqaa]Ormoon gaafdur qananii fi gammachuu ittiin ofijaaran ture.''Akkasumas hayyuu Asmaaroon Laggasaa wabeefachuun ,Gadaan dhimma siyaasaa ,mootummaa,murtii fi kkf kan ofkeessatti qabate,jaarmiyaa guddaa fi walxaxaa ta'e akkasumas sirna waan mara ofkessatti qabuu fi jireenya ummata Oromoo kallattii maraan kan sakkatta'e ta'uu'' ibsa.Akka yaada kanarraa hubatamutti sirni Gadaa duudhaa hawaasni Oromoo hawaasummaa,diinagdee,siiyaasa isaa fayyadamuun jireenya ummataa kan ittiin ofqajeelchuu fibulchu ta'uu ibsa.Sirni Gadaa bu'uura dimokiraasii hundee walqixxummaa akka ta'e hayyoonni haqaa kan sirna Gadaa qoratan mirkaneessu.Sirni Gadaa,seenaa ummata Kuushii fi Oromoo wajjiin jaarraa 14ffaa kaasee biqiluu jalqabe.

Hayyuun biroollee Muhaamad Hasan , Gadaan sirna siyaasaa, hawaasummaa, diinagdee fi amantii kan ammatu akka ta'ee fi maqaa ulfina namoota sadarkaa luba [sadarkaa 6ffaa] irra gahanii buttaa qalan kan itti waamaman ta'uu ibse.Sirni Gadaa hawaasa Oromoo hunda daa'ima irraa hanga jaarsaatti sadarkaa ykn gareen gurmeessee waggaa saddeet-saddeetiin dirqamaa fi itti gaafatamummaa gara garaa hawaasaaf akka kennu taasisa.Hawaasni hundi akkuma sadarkaa umrii isaanitiin ,gahee hojii isaanii kennaerratti hirmaata.

Sirni Gadaa aadaa diimokiraasii kan calaqqisu waan ta'eefnamuu mirga filuu fi filatamuu qaba.Bulchiinsa irraa qooda fudhachuu dandayuuf eennullee mirga siyaasaa, aadaa, diinagdee hawaasa Oromootiif ittisa biyyaa irratti yaada dhiyeessuu dandaya. Kanaaf sirni Gadaa yeroo isaatti diimookiraatawa hiriyyaa hinqabne akka ture himamsiisu.Akka yaada olii kanarraa hbachuu danda'amutti sirni Gadaa sirna siyaasaa, hawaasummaa, diinadee fiamantii kan ammatu ta'ee maqaa Luba sadarkaa irra gahaniin kan waamamu ta'ee hawaasa Oromoo diqqaa hanga guddaa gareen gurmeessuun waggaa saddeet saddeetiin dirqama itti kenname hojitti kan hiikuu fi sirna diimookiraatawaa akka ta'e ibsa.Namni itti gaafatamummaa fi dirqama Abbaa Gadaa fudhate jireenyaa fi bulchiinsa ummatichaa keessatti dhimma lolaa, diinagdee, siyaasa, hawaasummaa amantii fi kkf gaggeessa.

### 2.3.4Aadaa walkabajuu

Sabni kamuu waliin jireenya keessatti aadaa walkabajuu ni qaba.Ummanni Oromoo duudhaa isaa kan dhalootaa gara dhalootaa afoolaan walii dabarsaa dhufe waan qabuuf xiyyefannaa waan itti kennamu keessaa aadaa walkabajuu fa'a.kanuma wajjiin walqabateemammaaksa Oromoo keessatti akkas jedhama.

- Kabjaa fi barcumaa abbatuofjala baata .
- Angafaa fi daangaa waaqatu uume.
- Hammamuu yoo jarjaran ilmi abbaa dura hindhalatu.
- Soddaansodaadha.
- Nama guddaa hinkaasan, yooka'e taa'u.
- Abbaan warraa utubaa manaati.
- Kabaja lukkuun balbala gadi jetti.

Maddi hawaasa keessatti afoolaan kan himaman/dubbataman keessaa kan fudhatame.

Mammaaksota armaan olii kanarraa wanti hubatamu walkabajuun iddoo guddaa akka qabuu fi safuu hawaasaa keessatti nama guddaa, abbaa manaa, soddaa ulfinna kennamuuf akka qabuu akkasumas walkabajuun waan aadaa keessatti hawaasni itti fayyadamuudha.Akka aadaa Oromootti manguddoo biratti namni xiqqaan hineebbisu, yoobarbaachiseeyyuu dhiifama ykn ofkoltii gaafatameeti malee akkuma argan ta'uun safuu waan ta'eef duudhaa hawaasaa kabajuun yoomiiyyuu namarraa eegma.Ummanni Oromoo aadaa walkabajuu kana hammam ulfina akka kennuuf afooluma ofiitiin yoo raga bahu akka armaan olitti hubachuu caalaa ammaa tana dhaloonni maal keessa jira waan jedhullee kaasuun barbaachisaadha.

Dhaloonni ammaa akkuma haala guddina isaatii fi hubannoo safuu qaban garaagartee itti uumuu danda'a. Haa ta'u malee maatiin akkasumas hawaasni keessatti guddatan safuu, duudhaa fi aadaa isaanii beekanii akka itti fayyadamanii fi dhaloota itti aanutti dabarsaaniif ga'ee ol aanaa akka qaban shakkii tokkollee hinqabu.Akka gaazexeessaa Huseen Badhaasoo jedhanitti''haalli amma jiru kan duraanitiin yoo wal madaalchisan waa'ee aadaa fi duudhaa Oromoo baay'ee garaagarummaa guddaa akka qabuu fi kan nama qaanessu '' jechuun yaada isaanii sagantaa raadiyoo OBN irratti guyyaa 24/11/2012 qophii ayyaana idil adahaan walqabsiisuun dubbatan keessatti waa'ee fuudhaa fi heeruma Oromoo Arsii jedhu kitaaba barreessan kaasanii waa'ee aadaa gabaabinaan kan dubbataniidha.

Walumaagalatti yaada barreessaa fi gaazexeessaa kanarraa akka hubatamutti wanti baay'een aadaa kaleessaa ilaallatu jijjiiramaa dhufuu fi dhaloonni ammaa safuu dagatee ykn wallaalee waan hinmalle keessa yoo galuu fi calaqqisu nama umrii isaa keessatti jijjiirama mul'ate taajjabe keessaa nama tokko waan ta'eef garmalee quuqamanii kaasaniiru.Itti dabaluun hayyuun kun ''ummanni Oromoo saba sabboonaa aadaa duudhaa fi safuu qabuun bulu afaan isaa jechoota walfakkaatan garagaraa heddu qaba.''jechuun ibsaniiru .Akka yaadakanarraa hubatamuu dana'amutti Oromoo saba lafa, nama fi aadaa hedduu akka qabuu akkasumas ummata sirna Gadaatiin Addunyaan fakkeenyummaan beektu ta'uun olitti Ummata beekaaa hayyoota heddu kan baratan fi jaarsolii akka kitaabatti yoo gadi taa'anii gaafatan waa'ee aadaa fi seenaa Oromoo namatti himuu danda'an heddu akka jiran hubachuu ni danda'ama.

## 2.4Aartii Duudhaa

Aartiin duudhaa ogummaawwan afoolaa humna dhageettii keessa namaa jechoota hawataa ta'een kan yaadotaa fi ergaa ijoo ta 'an dhalootaa ittiin dabarsan kalaqa hawaasaati.Duudhaan aartii

qaba.Aartiin immoo duudhaa ibsa.Kanaaf aadaa hawaasaa tokko keessatti aartii fi duudhaan adda bahanii jiraachuu hindanda'an. Aartii duudhaa kun waan raawwatu, kan ijaan mul'atufi hinmul'anne kan ta'iinsa haal waan tokko keessatti raawwii isaa irratti hundoofne kun kana jennee adda baasuu dandeenyuudha.Aartii keessatti wanti ijaan mul'atu [vissial]kan ta'e kun sochiin walqabata.Sochiin aartii immoo akkataa wal irraa fageenya hawaasa afaan tokko dubbataniif aadaa tokko keessa jiraatan garagara ta'uu danda'a. Akkaataa aartii sanaatti sochii qaamaa dabalachuun bareedina, duudhaa sanaatiif gumaachu irratti xiyyeefata jechuudha.

Akkaataa aartii duudhaa kun itti raawwatamu keessaa ;waljala darbuun bifaa roga adda addaa uumuun sochii qaamaan deegaruutiin walqabata.Sochiin kunis umrii irratti hunda'uun akkaataa bilchina sammuu irratti hunda'uun garagara ta'u jechuudha.Afoolli waan nama keessa jiru bifa sagalee fi gochaatiin baasanii mul'isuu wajjiin yoo wal qabatu, yoomessa keessatti bifa jireenya hawaasa aadaa tokko qabanii osoo irraaa hinhir'isin bareechee dhalootaa dhalootatti dabarsa. Zarihuun[1996]

Akka yaada hayyuu kanaatti aartiin duudhaa sagalee fi gochaan qindoomina fi midhaagina qabaatee bifa nama hawatuun gareen ykn dhuunfaan waan dhiyaachuu danda'u ta'ee dhalootarraa dhalootatti argaa dhgeettiin waal irraa dhaalaa waan as ga'e fi eenyummaa hawaasaa ibsuu keessatti gahee ol aanaa qabaachuun gammachuu fi gadda ibsachuuf humna ol aanaa hawaasaaf kenna.

Melakneh[2006]'' yoo ibsu aartii duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokkoo yoo ta'u gosa mul'ina fookiloorii bifa faaruuwwan duudhaa, diraamaa, ragada , tapha fardaa fi kkf.sochiiqaamaan qindaa'anii dhiyaataniiidha''. Akka yaada kanaatti aartiin ogummaa aartii hawaasa tokkoo bifa garagaraatiin ittiin ibsamuu danda'u keessaa rgada, diraamaa, faaruuwwan duudhaa, guluffii fardaa fi kkf. Yoo ta'an haalli ittiin dhiyaatu sochii qaamaa fi sagaleen kan dhiyaatu ta'uu hubachuu ni danda'ama.

## 2.5. Lagannaa Maqaa Gaa'elaan Wal qbatee Jiru

Lagannaa maqaa jechuun maqaa idilee namas ta'ee kanneen biroo jalqaba moggaafameef madditti maqaa biraa safuu eeggachuuf jecha akkasumas jaalalaa fi kabaja ibsuuf kan moggaafamuudha.Ummanni Oromoo aadaa isaa keessatti safuu garagaraa kanneen akka soddaa,sgoddaatii,manguddoo,jaartolii maqaan waamuun safuu waan ta'eef akkaataa naannoo isaaniitti beekamuun maqaa biraa moggaasanii ittiin wal waamu.

Fayyisaa Addunyaa/2016/ qorannoo isaa keessatti waa'ee safuu akkas jedha''Safuun akka aadaa Oromootti baayyee beekamaadha.Safuun kunis sirna fuudhaa fi heerumaa keessatti iddoo olaanaa qaba.kunis kan soddaawwan lamaan walsafeefataniidha. Kana jechuun maatiin lamaan erga intala walirraa fuudhanii booda maqaa duraan ittiin wal hinwaaman, maqaa karaa aadaa ittiin walwaaman qabu.''Akka yaada nama kanaa irraa hubatamutti warri walitti soddoome nama biraa caalaa akka walkabajan, safuu hawaasa biratti beekamu akkaatuma duudhaan ajajuun faana bu'uun hojirra oolchuu akka qabanii fi maqaa lagannaatiin akka walwaaman ni ibsa.Dabalataanis mqaan lagannaa kun naannoo Oromiyaa keessatti moggaasa adda addaa akka qabus maqaalee qorataan qorannoo isaa keessatti hammachiisan kanneen armaangadii hubachuu ni danda'ama.Ummata Oromoo biratti soddaan gaafa walitti soddoomee eegalee kabaja walii kennuun beekama.kanuma ilaalchise mammaaksaan soddaan sodaadha.jedhama.

| T.lakk.Warra soddaa | Maqaa soddaa ittiin waamu |
|---|---|
| 1.Abbaa intalaa --------------------------------- | Jaaloo |
| 2 .Haadha intalaa -------------------------------- | Haatoo |
| 3.Obboleettii haadha manaa--------------- | Soddaatii |
| 4.Obboleessa haadha manaa --------------- | Soddaa |
| 5.Obboleessa abbaatiin----------------------- | Abbeeraa |
| 6.Obboleessa haadhaatiin -------------------- | Eessuma |
| 7.Obboleettii abbaatiin ------------------------ | Adaadee |
| 8 .Obboleettii haadhaatiin--------------------- | Eeshumee |

Maddi qorannoo Fayyisaa Addunyaa/2016/

Akka yaada olii kanarraa hubatamutti hawaasni Oromoo godina adda addaa keessa jiru aadaa wal fakkaatu qabaachuu,,akkasumas maqaa lagannaa namoonni ittiin walwaaman akka aadaatti kan beekamu fi duudhaa sirna walitti soddoomuu wajjiin kabajaa safuu eeganii maqaa ittiin walwaaman ibsameera.

## 2.6Lagannaa Hirmii

Hirmiin waan hawaasni tokko duudhaa fi aadaa isaa keessatti walii galteen irraa ofqusatu ykn akka hin fayyadamne waadaa galuun nama waadaa diige abaarsi qaqqabuu akka danda'u akeekachiisa waliin waan dhalootaa gara dhalootaa himaamsaan waliif dabarsaniidha.

Mammaaksi Oromoo’’hirmii qooda ofii lagatu ‘’jedhama.Kunis namni hunduu waan hawaasni itti walii galee hirmi jedhe sana akka duunfaatillee gahee namarraa eegamu bahuun barbaachisaa akka ta’e afoolli hubachiisa.Yoo kana ta’uu baate nama dhuunfaa balaan waan sanaan wal qabate muudachuu akka danda’u himama.yeroo tokko tokko nama firri jalaa du’e dafanii itti himuu yoo baatan hirmiin na nyaachiftan jedhee komata. Kunis namni yoo du’e booyanii yookiin tuttufachuun gadda baafatu waan ta’eef akkuma namni du’een fira dhaggeesisu.

## 2.7Lagannaa Gadda Wajjiin walqabate

Lagannaa gadda wajjiin walqabatee akkkataa hawaasni nama du’e ilaalchisee jechoonni fayyadaman yookiin ittiin ibsan ni beekamu.Dhimmoonni du’aan wal qabatan kanneen xiinsammuu namaatti akka salphataniif yoo xiqqaate hawaasni jechoota dhageettii gurraatti ulfaatan lagatee kan mijatan birootti gargaaramee waliin dubbataa jiraata Birhaanuu[2013;21-22]Yaaduma kanaan walqabatee akkaataa nama du’e tokko itti himan yookkin jechoonni hawaasni fayyadamu uf bu’uura godhatan keessaa umrii namadu’ee, sababa namni sun ittiin du’e, ilaalcha/amantaa hawaasni waan du’a booda jiruuf qabuu fi akkaataa ibsoota nama du’e tokko itti himaniif maatii isaa itti jajjabeessa fa’a.Akkaataa namni du’e ittiin ibsamu ilaalcisee

Du’a nama guddaa-------amrii ta’e/taate, gara dhugaa deeme/te, kkf Oromoo Baalee

Du’a dargaggeessaa------miidhame, cite/te, karatti hafe/te jedu.Wallaggatti

Du’a daa’imaa--------------deebite, waaqni jaalate, hammaatte.Baaletti[Birhaanuu 2013;23-31] Akka yaada ibsa jechootaa kanarraa hubatamutti duuhaa hawaasa Oromoo biratti godinaalee adda addaa keessatti jechoota nama du’e walqabatee jiru akkattaa lagannaan walqasiisanii fayyadaman agarsiisa.

Hawaasa keessatti namni yoo walajjeese gosti nama ajjeese warra namni jalaa du’e wajjiin gabaa tokko akka hinbaane jaarsoliin itti himamee guyyaa muraasa tasgabbin hanga uumamutti gabayaa lagatu/irraa ofqusatu.

## 2.8Lagannaa nyaaataa fi dhugaatii amantaawajjiin wal qabatan

Amantaa wajjiin walqabatee nyaataa fi dhugaatiin lagatamu ni jira.Nyaata amantaa musiliimaan walqabatee lagatamu;foon kiristaanni goorra’e nyaachuun safuudha.Akkasumas kanneen akka

a.Hamma barbaadamee olnyaachhuun dhorkaadha.

b.foon horii ofiin du’ee nyaachuun dhookaadha.

c.Foon musiliimni hinsoomne qale tokko hinyaatan.

d.Foon dubartiin goorraate hinnyaatan.

e.Foon horii, takka waraabessii fi sareen ciniine/qabe lagatu.

f.Bineensa kotteen isaa duudaa ta’e kamuu hinyaatan.Dhugaatiin alkoolii kamuu amantaa musiliimaa biratti dhorkaadha.

Nyaataa fi dhugatii amantaa kiristaanaa biratti lagataman;

Foon kiristaanni hinsoomne qale ykn musiliimni goorra’e hinnyaatan.

Foon horii bineensi ciniinee hinyaatan.

Foon horii ofiin du’ee hin nyaatan.

Yeroo soomanaa nyaata akka foonii, killee,aannanii fi dhadhaa qabu nyaachuu lagatu.

Foon dubartiin goorrate nyaachuu lagatu.

Kotte duudaa kan akka booyyee karkarroo fi kkf. hinyaatan.Birhaanuu[2013;216-219]

## 2.9Lagannaa jechootaogummaa wajjiin wal qabatan

Hawaasni akkaataan ogummaa garagaraatiif ilaalchi qaban laafaa akka ture nibeekama. Haalli kunis hubannoofaana wal qabatee hojii tokko tokko tuffachuuirraa kan ka’e jecha ittiin waaman filachuu dhabuun ni mul’ata ture.Haa ta’u malee yeroo ammaa aadaan tuffii ogummaa garagaraa ture sun waan jijjiirameef jechoonni ittiin waamanis fooyya’aniiru.

Gosa ogummaa----------------------maqaa duraanii---------------maqaa amma ittiin waaman

Hojii sibiila-------------------------tumtuu------------------------ogeessa sibiilaa

Hojii suphee---------------maqaagosa nama sanaa/waata------------ogeessa meeshaa faaraa

Hojii gogaa duuguu------------------maqaa gosa sanaa/faaqii, [cawwaa]------------------ogeessa hojii gogaa fi kkf.haala hamilee fi kabaja ogeessaa hintuqneen maqaa ogummaa kabajamaa akka ta’e hubannoon waan argameef maqaalee ogeessaa fi ogummaan ittiin waamau filachuun waalta’ee jiraachuu hubachuu danda’ameera.

### 2.10 Yaaxinaalee Safuu Fi Laguu Hawaasaa

Yemmuu qorannoon tokko gaggeeffamu yaaxinaalee dhimma qorannichi irratti geggefamuun walqabatan kaa'uun barbaachisaadha.Kanneen armaan gaditti dhiyaatan yaaxinoota qorannoon kun irratti gaggeeffaman kan ilaallaniidha.

#### 2.10.1 Yaaxina Xiinhawaasaa

Wardhaugh/1986;13/ indicates that socio linguistics is seen as the study of language in relation to its socio-cultural context.Socio ligustics focuses on the relationships that exist between language, society and culture.It is a part of linguistics, which treats languages,a socio-cultural phenomenon, including linguistics tabos.

Akka Wardhaugh/1986;13/ibsitetti, saayinsiin xiinqooqaa dhimmoota safuu fi laguu hawaasaa haala qabatamaa aadaa hawaasa sanaa waliin walkeessatti ilaalee qoratu immoo xiin qooqa hawaasummaa/socio linguistics akka ta'e erteetti.

Qanbar /2011;3/'' hiiktetti ibsoonni laguu, jechoota, gaaleewwan fi matadureewwan yoo ifaan ifatti hawaasa keessatti kallattiin dubbataman namni dhaga'e sun qaana'uun ykn saalfachuun akka miira mufannaa keessa seenu kan taasisaniidha'' jetti.

A linguistic taboo is any word or a phrase or topic that if menthioned in public causes embarrassment and feeling of shame or provokes a sense of shock, and it is offending to the hearer'ssensibilities or his belifies Qanbar/2011;3/

Afaan kamiyyuu keessatti jechoonni ibsoonni /expressions/ himoonni tokko tokko ifatti ykn kallattiin dubbatamurraa kan lagataman ykn dhorkamantu jira. Afaan ykn jechoonni akkasii jechoota laguu /tabo words/ jedhamu./Hasting 1954/ Warri kaan immoo laguu yooibsan ''Wanta ykn iddoo qulqullaa'aa adda ba'e tokko kan namoonni safeeffatan tokko akka ta'etti walqabsiisanii'' ibsu .Namni Gyekye[1987]jedhamu immooyemmuu laguu ummataa akka biyya Gaanaa keessa jiraatan ibse akka jedhetti, laguun waan humna guddicha /supernatural beings/ta'e tokko waliin walqabatu jedhee kaa'a.Itti dabaluun,Gelfand[1979]waa'ee laguu hawaasa shoonaa yemmuu ibse, bareedhumaan laguu fi amantaa gidduu walitti hidhatni akka jiruudha.Kanaafuu, akka isaanitti laguun akka falaasama aadaa hawaasaa keessatti dhimma iddoo guddaa qabatee jiruudha jechuu ni danda'ama.

### 2.10.2 Yaaxina Tajaajilaa

Yaaxinni kun faayidalee beekumsa jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti qabu kallattii adda addaan ibsuuf kan nama dandeesisuudha.Yaaxinni tajaajilaa biyya Awuropaatti eegale kun qorannoo aadaa hawaasa tokko keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamuuf aadaa fi walitti dhufeenya hawaasicha sanaa daran kan cimsuudha. Yaaxinni kunis adeemsa sirnootaa fi ayyanota adda addaa ,faayidaa isaa, gahee meeshaaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sanaa keessatti qabu, akkasumas hirmaannaa hawaasaa fi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabu qorachuukeessatti gahee olaanaa qaba.

Filee[2016;49] Haala itti fayyadama jechoota laguu ilaalchisee;hiika wanta dubbatame tokkoo beekuufseerlugaa fi caasaa afaan sanaa beekuu osoo hintaane haala inni keessatti dubbatamebeekuudha.Haala dubbiin tokko keessatti dubbatamewallaaluun itti fayyadama jechoota laguu irratti waliigaltee barbaadame bira akka namni hingeenye gochuu danda’a.Wantoonni walqunamtii keenya irraan dhibbaa geessisan ammoo  yoomessa dubbiin sun keessatti dubbatame, hirmattoota akkamittu akka keessatti hirmaate, tartiiba gochaa, caasaa fi adeemsa kamiin akka dhiyaate ,haala ittiin jechoota laguu san ibsuuf fayyadame, duudhaa hawaasichaa eeggatee dhiyaatuu fi kanneen itti fayyadama jechota laguudhiibbaa irraan geessisan keessa isaan muraaasa. Kana jechuun dubbiin aadaa fi duudhaa amantaa hawaasaan akka daangefamuu danda’u hubachuun ni danda’ama.

Gama biraatiinis hawaasni dubbii dubbatu keessatti seera itti fayyama jechoota laguukan qabu ta’uusaa mul’isa.Seerri kunimmoo akkaataa walqunnamtii guutuu kennuu danda’uu fi walitti dhufeenya hawaasaa eeguu dand’uun kan itti fufuudha.Laguu kan qoratamuu danda’an gama saalaan, koorniyaa, sadarkaa jireenya hawaasaa fi umrii namoonni kun keessatti argamaniin ilaalamuu qaba. Sababni isaas jechoonni laguu kunneen hawaasicha biratti irra caalatti kan isaan dubbataman naannoo kanatti waan ta’eef.

### 2.10.3Yaaxina xiinsammuu

Hayyuu xiinsammuu kan ta’e Sigmund Freudni kan nama yaadachiisu ta’uu Dorson ibseera.Akka yaaxina kanaatti s qorannoon fooklorii xiinsammuu hawaasaa itti fayyadamu bu’uura godhachuu akka qabuudha. Kunis hawaasni jiruu fi jireenya isaa keessatti waan amaleefate waan irraa ka’ee jedhuu fi sababni  jedhuufis qaba.Akki itti fayyadama hawaasichaas haala garee hawaasa sanaa walhubachiisuu fi ergaa dabarsuu akka danda’uuf. Kanaafuu, akkai

itti fayyadama fookloorii hawaasa tokko keessatti argamu xiinsammuu itti fayyadama sanaa bu’uura godhata.Kunis yaada sammuu issaa irraa ka’ee haala qabatamaa argamu keessatti hawaasni akkaataa itti fayyadamuu fi dhimma itti fayyadamuuf qaba.Kun imoo hawaasa hunda biratti fooklooriin hundi tajaajila tokkoof yookiin hiika walfakkatukennuuf akka hinoolle agarsiisa.Waan kana ta’eef qorataan fookiloorii tokko fookloorii jiru giddugaleefachuun qo’annoo geggeessuu osoo hintaane xiinsammuu itti fayyadamtoota fookloorii sanaa giddugaleessa godhachuun maaliif akkamitti itti fayyadamu, fookloorii isa kamtu ergaa akkamii qabaa fi bakka bu’iinsa yaadaa isaan fooklorii garagaraaf itti gargaraman maal fakkaata jechuun jechuun waan itti fayyadaman sun bu’uura godhatee xiinxaluun barbaachisaa ta’uu isaati.

## 2.11Sakatta’a Barruu Walfakkii

Qorannoowwan adda addaa mataduree kana wajjiin walitti dhiyaatan ykn walfakkaatan ilaalchise kaayyoo fi qabiyyee ofkeessatti hammatan irratti hunda’uun walbira qabamee qorattichaan ilaallameera.Kanneen keessaa Seefuu Tsaggaayee [Hagayya 2008] mataduree Xiinxala moggaasa maqaa daa’immanii fi bakkeewwan Aanaa Walisoo digrii **lammaffaa** /MA/ guuttachuuf Yunivarsitii Finfinneetti geggeesse wajjiin walbira qabamee yoo ilaalamu waan ittiin walfakkaatan ilaalchisee lameen isaanituu duudhaa fi aadaa Oromoo irratti kan xiyyeefatu ta’ee haalaa fi adeemsa moggaasa maqaa qabiyyee jedhu waan hammatteef akkaataa maqaa fi iddoowwan itti moggaafaman duudhaa hawaasaa wajjiin walbira qabamee yoo ilaalamu waan walisaan fakkeessu qabaachuu isaati.

Gama birootiin halli moggaasa maqaa fi bakkeewwanii aadaa hawaasaa faana walqabata waan ta’eef fageenya godinaalee gidduu jiru malee waan baayyeen kan walfakkaatan yoo ta’u ,yeroo ammaa waan irra jirus adda bahee kan bira gahame ta’uusaati.Maqaalee biroo ilaachisee ummanni Oromoo akka moggaasanii fi bu’uura godhatanis kan walfakkaatu ta’uu hubatameera.Qorannoo lamaan keessattuu mala akkamtaa/qulqulleefataa/ fayyadamaniiru.Garaagarummaa qorannoo lamaanii ilaalchisee qabiyyee isaanii keessatti waan irratti xiyyeefatan qabaachuu isaaniiti.Kanneen keessaa lagannaa maqaa fi moggaasa isaa ilaalchisee qabiyyee ofdanda’e waan ta’eef aadaa fi duudhaa Oromoo keessatti safuu eeggachuun barbaachisaa akkuma ta’e adeemsa jiruu fi waan amma irra jiru adda bahee beekameera.Dabalataanis maqaalee lagataman ,nama lagatu ,yoom akka lagatan,akkasumas moggaasa maqaalee lagannaa wajjiin walqabatan qorannoo kana keessatti adda baasuun

xiinxalameera.Haa ta'u malee qorannoo lammataa keessatti moggaasa maqaa namaa fi bakkeewwanii irratti waan xiyyeefateef garaagartee gidduu isaanii jiru qabiyyee irratti akka ta'e hubachuu danda'ameera.

Qorannoon inni biraa mataduree kanaan wafakkaatu Farradaa Galaayee/2011/mataduree xiinxala fayyadama afaanii lagannaa agarsiisu Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa Yunivarsiitii Finfinneetti digrii lammaffaa/MA/guuttachuuf geggeeffame yoo ta'u, waan qrannoo kana wajjiin wal fakkeessu ilaalchisee lamaan isaanituu duudhaa fi aadaa Oromoo keessatti hawaaasni safuu isaa eeggatee yoo waliin jiraatu maqaalee lagannaa kan namaa fi waantoota garagaraa akkamitti akka waltaasisuun moggaasanii fi fayyadaman ,eenyuuf,yoom,eessatti akka fayyadamanii fi adeemsa hordofuu qabu adda bahee qorannoo keessatti ibsameera.Qorannoon lamaanuu safuu fi safeeffannaa Oromoo irratti xiyyeeffachuun waan amma jiruu fi duudhaan kun akka itti fufee dhaloota dhalootatti akkadarbuuf mala furmaata kaa'amuu isaati .

Gama biraatiin ummanni Oromoo walirraa fageenya lafaa yoo jiraateeyyuu duudhaa walitti dhiyaatu qabaachuu isaa qorannoo lamaan keessattuu ibsameera.Graagarummaa qorannoo lamaan gidduu jiru ilaalchisee  Orannoon farradaa fayyadama afaanii fi lagannaa maqaa agarsiisu kunis haala maqaalee namaa itti lagatan, mqaalee biroollee kaasee bifa hawaasich itti fayyadamuun tarreessuu fi ibsa barbaachisu wajjiin taa'uu isaati.Dabalataanis qorannoon kunniin godina adda addaa keessatti geggeefamuuu isaanii, kun immoo waan walfakkatu duudhaa fi aadaa  Oromoon qabu haala fayyadama afaanii fi jechootaa bifa garagaraatiin kan itti fayyadaman ta'uu isaati.

Gama qorannoo lammaffaa kanaan walqabatee yoo ilaalle lagannaa maqaa adda addaa fi moggaasa isaa ilaalchisee adeemsaa fi duudhaa hordofamu qaamolee hawaasaa keessatti maal akka ta'ee fi fakkaatu madda odeeffannoo tokkoffaa irraa argame haala amma irra jiruu fi waan ta'uu qabu jedhamee irra ga'ame qaaccessun guduunfameera.Walumaagalatti qorannoo lamaanuuwaan walfakkeessu qabaatanis haala fayyadama lagannaa maqaa fi fayyadama jechootaa irratti akka waldidu hubachuudanda'ameera.Gama biraatiin qorannoo kana keessatti qoratich adeemsa moggaasa maqaa lagannaa illee eenyuu fi yoom akka gaggeeffamu adda bahee jira.

# BOQONNAA SADIIMalleen Qorannoo

## 3.1 Saxaxa Qorannoo

Malli dhiyaannaa qorannoo lagannaa maqaa fi moggaasasaa  Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tullu irratti bu'uurefachuun haala qorannoon keessa darbu  kan ibsuuudha.Akkaataan dhiyaannaan qorannoo  kanaa mala akkamtaatti dhimma ba'a.Adeemsa kana keessatti lagannaa maqaa fi moggaasa isaa ilaalchisee duudhaa hawaasaa kana haala kamiin itti fayyadamaa akka dhufee fi hubannoo hawaasa bira jiru jechaan ibsuudha.Mala akkamtaa fayyadamuun odeefannoo argame ibsa akkana ,akkas ta'a jechuun yaada gadi fageenyaan kennuudha.

## 3.2 Madda Odeefannoo

Maddi odeefannoo qorannoo kanaa madda sadarkaa tokkffaa ta'anii hawaasa aanaa Adaamii Tulluu keessaa ;manguddoo,haawwan,shamarran,dargaggoota fi ogeeyyii hojjattoota  waajjira Aadaa fi Turiizimii Aanaa kanaa akka madda odeefannoottiqorataan  itti gargaarameera.

## 3.3 Mala Iddattoo Fi Tooftaa Iddatteessuu

Adeemsa qorannoo keessatti ragaa sirrii ta'e argachuuf malli iddattoo filachuu murteessaadha.Haaluma kanaan; jaarsolii,haawwotii,shamarran,hojjattoota waajjira Aadaa fi Turiziimii fi barsiistota afaaniiAanaa Adaamii Tulluu ta'an keessaa filachuun qorannoo haqa qabeessaa fi amansiisaa ta'e kan namni biroollee kanarraa ka'ee aadaa ummata naannoon wal qabatu qorachuuf yaada bu'uuraa ta'an kaasee itti fayyadamee jira.Sababni qorataan  aanaa kana filateef mataduree kanaan walqabatee hawaasichi safuu lagannaa maqaa kallattiin eeggatu waan ta'eef,akkasumas  tooftaa miti carraa irratti hunda'eef amalli qorannoon kun barbaadu waan ta'eef yaada bilchaataa namoota odeefannoo quubsaa kennuu danda'an keessaa filachuun akka hirmaatan ta'aniiru.

### 3.3.1 Mala Iddattoo

Iddattoonni qorannoo kanaa jaarsolii,hojjattoota Aadaa fi Turiziimii, barsiistota afaanii, haawwan fi shamarran Aanaa Adaamii Tulluu keessaa fillachuun kanneen yaada fi odeefannoo ga'aa kennuu danda'an keessaa filuun umrii saala sad. barumsaa fi muuxannoo jireenyaa akkasumas barumsaa giddugaleefachuun qoraitchi hawaasa olitti eeraman filachuu danda'eera .Baayyina isaanii ilaalchisee jaarsolii shan,hojjattoota Aadaa fi Turizimii sadii,barsiistota

lama,shamarran jaha,haawwan jaha,walumaagalatti namoota digdamii lama filachuun kennitoota ragaa ta’uun yaada guutuu irraa argachuu aadaa lagannaa wajjiin wal qabatee yaadicha qaaccessuuf akka tolutti ofeegannoon namoota kallattiin duudhaa fi safuu hawaasaa beekan jedhaman darbee dabarsaan kanneen dhimmicha kana wajjiin walitti dhufan addaan baafachuun akka hirmaatan qoratichaan taasifameera .

### 3.3.2 Tooftaa Iddatteessuu

Mala iddattoo filachuu keessaa qoratichi mala miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyoo [purposive sampling] kan fayyadame yemmuu ta’u,qoratichiiddattoota akka fedhii isaa/ishiitti yaada irraa argachuuf murteefateen namoota aanicha keessatti argaman keessaa kanneen odeefannoo ga’aa irraa argachuu danda’u filachuun akkaatuma amala qorannoo kanaatti mala miti carraa fayyadameera. Haaluma kanaan qorattichi odeefannoo haqa-qabeessa fi qabatamaa tasisuuf haaluma murtesseen kanneen kallattiin aadaa lagannaa beekanii fi keessatti hirmaatan akka qooda fudhatan taasiseera.Kanaaf iddatteessuu miti carraa keessa iddatteessuu akkayyoo /purposive sampling/tti fayyadamuudhaan hawaasa keessaa kannen yaada quubsaa fi duudhaa hawaasaa beekan irraa waa’ee lagannaa maqaa ilaalchisee odeefannoo sassaabame akkasumas qindeefachuun yaadicha qaaccessuuf haalaankan gargaaran qofa osoo hintaane yaada bilchaataa fi fudhatama qabu qindeefameera.Akkasumas kanneen hin barbaachifne keessaa hambisuuf haala mijataa uumeeraaf.

## 3.4 Mala Funaansa Ragaalee

Mala qorannooo kana keessatti meeshaaleen ragaan ittiin sassaabaman; marii garee,af-gaaffii fi daawwannaa yoo ta’an adeemsi malli ragaan ittiin sassaabame kaayyoo fi gaaffilee qabxii qorannoo irratti xiyyeefachuun ragaalee funaanuu kangiddugaleefateedha.Adeemsa funaansa ragaalee keessatti bakka miseensonni iddattoo filataman bira deemuun akkaataa isaanitti toluun kaayyoo qorannoo erga ibsameefiin booda gaaffilee qophaa’an duraa duubaan dhiyeessuun nuffii tokko malee yeerotti fayyadamuun yaada isaanii irraa fudhachuun dhumaratti galateefachuun qoratichaan adda bahaniiru.

Adeemsa funaansa ragalee kana keessatti jaqaba irratti namoota marii keessatti hirmaatanadda baafachuun gaaffilee isaan ilaallatu walirraa fuudhaa akka deebisanii fi haaluma yaadni isaanii dhufeen akka yaada kennan carraa laachuun bilisaan yaada iaanii irraa fudhatameera,kanatti

aansuun guyyaa biro haaluma sagantaa baheen gaaffii afaaniin akka kennan warra hirmaachuu qabanii fi odeef gahaa laachuu danda’an adda baafachuun kaayyoo qorannoo erga itti himamee booda haala isaanii mijateen gaaffilee qophaa’an duraa duubaan akka deebisanii fi yaada burqisiisuu akka danda’an safuu safeeffannaa ilaachisee waan itti dhagahamee fi hubannoo qaban akka kennan taasifameera, itti dabaluun daawwannaadhaan hawaasa bira oolani buluun waan hawaasni itti bulu safuu eeggatanii jiraachuu isaanii yoo maqaa walwaaman akkamiin akka walwaaman keessattuu dubartoota irratti xiyyeeffachuun yaadaa qalbiin hordofuun waan jiru ykn yaadannoo qabachaa dhumaratti galateefachuun qoratichaan adda bahaniiru.

### 3.4.1 Marii Garee

Marii garee kana keessatti miseensonni odeefannoo kennan qabxilee mariirratti xiyyeefachuudhaan yaaadasanii bilisaankennaniiru..Hirmattonni akkaatuma umrii fi saalaan garee lamatti qooduun guyyaa24/08/2012 garagaraa yeroo isaanitti tolu filachuun marii nama diira afur dubartii sadii walitti namoota torba hirmaachisuu danda’ameera.Itti dabaluun gyyaa26/06/2012dhiira sadii dubartiisadii walumatti namootajaha hirmaachiuun,suur-sagaleen waraabuun ragaan kan itti kurfeeffamee fi duraa duuba eeguun yaada bilchaataa fi fudhatama qabu qorannoo keessatti hammatameera.Gama biraatiin yaada namoota odeeffannoo kennanii walbira qabuun kan qabatamaan duudhaa hawaasaa ibsuu danda’u yaadannoo waraabbii sagalee irratti xiyyeeffachuun namoota waajjira aadaa fi tuurizimii keessa hojjatan akkasumas dargaggootaa fi shamarran hirmaachisuun yaadannoo dhuunfaa qorataan erga fudhatamee booda galateefachuun addaan bahameera.

### 3.4.2 Af-gaaffii

Mala funaansa ragaa kana keessatti gaaffilee ijoo ta’anqorataa duraa duubaan dursee qopheefate ta’ee odeefannoo kennitoota fuula ifaa fi naamusa qabuun akkuma aadaatti nagaa waaqaa wal gaafachuun akkasumas qaama argaman hundaaf galata galchuun gara gaafitti seenuun dursee faayidaa fi kaayyoo qorannoo kanaa qoratichaan hubannoon erga kennamee gara gaaffii qorannootti cee’uun akkaataa nama ykn miseensota hunda hirmaachisuu danda’uun dabaree eeggatanii gaaffilee qorannoo akka deebisan ta’eera.Haaluma kanaan namoota af-gaaffiif qophaa’an haawwan torba, jaarsolii shan walumaagalatti namoota kudha lama,gandoota kuda sadii guyyaa garagaraatti hirmaachisu danda’ameera.Gaaffilee qophaa’an ilaalchisee gaaffii banaa nama hundaa hirmaachisu dhuunfaan yaada isaanii yoo kennan qorataan immoo

yaadannoo dhuunfaa fi sagalee isaanii waraabuun bilisaan yaada isaanii akka ibsatan gochaa waan ifa ta’uu qabuu fi qulqulleessaa akka yaada kennan taasisuun duudhaa hawaasaa keessatti lagannaan maal akka ta’e,eenyu akka lagatu, maqaa akkamii akka lagatan, yoo lagachuu baatan maaltu akka badu fi kkf kaasuun bal’inaa yaada akka kaasan erga ta’ee booda dhumarratti galateefachuun qorataan adda bahameera.

### 3.4.3 Daawwannaa

Qorataan ,hawaasa qorannoo keessatti gaggeessu bira oolee buluun akkaataa itti  lagannaa maqaa namaa beekaman fayyadamuun wal waaman osoo jarri hinbeekin ijaa fi gurraan faana bu’uun yaadannoo dhuunfaa qabachuunwaan qorannoo tokko haqa qabeessaa fi amanamaa akkasumas waan qorataan qulqulleefachaa ragaa qabatu akka itti onnatuu fi si’aayina uumamaa keessatti uumaa waan har’a lafa jiru dhaloota dabarsuuf akkasumas dharaa fi daba irra goranii akka waan duudhaa hawaasaa urgaa’u fudhatee akka deebi’u qoraticha gargaareera.Adeemsa daawwannaa kana keessatti baadiyyaa bakka gara garaa fi guyyaa garagaraa akkasumas namoota umrii adda addaa keessa jiran irratti xiyyeeffachuun waan jiru ykn haala ammaa isaan safuu safeeffannaa ilaalchisee eegatanii dubbatanii fi jijjiirama amma irra jiran qabatamaa ilaaluun yaadannoo qabachuun waan argame qindoominaan raga guutuu akka ta’utti qopha’eera.

## 3.5 Mala Qaacceessa Ragaalee

Malli qaacceessa ragaalee kun akkaataa qoratichi yaada iddattoo irraa funaannate itti qaacceessun qindeessee kaa’e yaada jedhu irratti kan xiyyeefateedha.Odeefannoo meeshaalee adda addaatti suuraa,sagalee fakkii viidiyoo garagaraan sassaabaman ibsa afaaniitiin /akkamtaan/ haaluma odeefannoo argatetti jechaan ibsuun gara argannoo qorannichaa murta’uu danda’uukan hojjatame ta’ee, ragaalee argaman haqummaa isaa eeguudhaan cuunfee ibsa jechaan    duudhaa hawaasaa qaccessuun madda rgaalee haala qabatamaa aadaa hawaasaa irra argameen dura duuba eggamee kan kurfaawee fi dhumaratti  gabaasaan akka dhiyaatu ta’eera.

# BOQONNAA AFUR; QAACCEESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaalee marii garee af-gaaffi fi daawwannaan walitti qabaman xiinxaluu irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u,gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an deebisuuf madda ragaalee adda addaa irraa walitti qabaman duraa duuba isaanii eeguun bifa qindoomina qabuun kan itti qaacceffamaniidha. Haaluma kanaan matadureewwan xixiqqaa adda addaa jalatti lagannaa maqaalee fuudhaa fi heerumaan walqabatan ilaalchisee ragaalee guurame kaayyoo fi gaaffilee ka'an walsimsiisuun qaaccefamaniiru.Haaluma kanaan ragaleen guuraman akkaatuma tartiiba qabiyyee boqonnaa kana jalatti argamaniin duudhaa hawaasaa safeeffannaa ilaalchisee madda odeeffannoo tokkoffaa irraa argame walbira qabuun qorataan qindaa'ee taa'eera.Walumaagalatti ragaalee barbaachisaa ta'an waa'ee lagannaa maqaa fi moggaasasaa ilaalchisee hawaasa Aanaa Adaamii Tulluu keessa jiran keessaa Oromoo Arsii irratti xiyyeeffachuun duudhaa fi safeeffannaa hawaasicha biratti beekamuqorataan qaamaan argamuun suur-sagaleen waraabuun waan qulqulleefachuu barbaachisu marii fi af-gaaffii keessatti gabbisaa odeef quubsaa fi haqa qabeessa ta'e funaanuun haaluma tartiiba eeggateen kurfaa'ee qaacceffameera.

## 4.1Lagannaa MaqaaleeGaa'elaan Walqabate jiru

Marii hojjattoota waajjira Aadaa fi TuurizimiiAanaa Adaamii Tulluu gaggeefamerratti guyyaa26/06/2012 lagannaa maqaa ilaalchisee ob.Galgaluu Ida'oo akkas jedhan lagannaa maqaa aadaa,duudhaa fi safuu Oromoo ta'ee yeroo baayyee dubartoota heeruman ykn bultii dhaabbatan akkuma warra gurbaa geesseen aadaan lagannaa maqaa haadholiin kan itti himan yoo ta'u namoonni maqaan isaanii lagatamus;abbaa gurbaa, haadha gurbaa, namoota soddatti oolaniif adda baasuun maqaa lagannaa adeemsaan itti himama.Intallis haaluma itti himameen qalbitti qabachuun maqaa namoota lagachuu qabduu kanneen ofeegannoon aadaa hawaasaa kabajuu fi hojirra oolchutu irraa eegama.

Itti dabaluun ob.Tashaalaa Leenjisoo guyyaa 26/06/2012 akkana jedhu dubartiin aadaa beektu jaalala,ulfinaa fi  kabajatu kennamaaf jedhu akkuma ishiin aadaa eegdee maqaa lagattu namoonni warra gurbaa fi gosti itti heerumtes safuu eeggachuun maqaa ishii ittiin waamanqabu.Kunis jaalala,kabaja,hawwii qaban irratti hunda'uun maqaaa moggaasuuf.maqaalee moggaafamuuf keessaa muraasa; Gammadee,Badhaatuu,Aayyaa,Qananii fi kkf.waan hawwii fi muudannoo qaban irratti hunda'uun intalaaf  maqaa moggaasuuf.Akka manguddoon kun

jedhanitti maqaa lagannaa kana kan hubachiisuu fi barsiisu soddaatii intalaa yoo taatu hanga danda'ameen guyyaa mana gurbaa geessee eegalee suuta suutaan duudhaafi safuu hawaasaa kan itti himamuu ta'ee adeemsaan ofitti fudhattee kan itt fayyadamtu ta'a.Kanuma wajjiin walqabatee dubartiin takka dogoggoraan maqaa nama lagatamuu yoo waamte ykn maqaa dhahuun dirqama yoo itti ta'e moggeetti tuttufatti kunis safuu ta'uu akkasumas dogoggora ta'uu ibsachuu ishiii agarsiisa jedhu.Gama biraatiin lagannaa maqaa kun Oromoo keessatti gosti hundi hinlagatu kan dubarti isaanii lagatu adda bahee waan beekamuuf warri hinlagannes akka jiran nutti himaniiru.Akka ob .Galgaluu jedhanitti shamarran hin lagatan garuu maqaa hiriyyummaa ittiin wal waaman akka qaban ibsaniiru.

Ob.Quufaa Nagawoo guyyaa 26/06/12 lagannaa maqaa yoo ibsan hawaasa Oromoo keessaa kanneen lagannaa maqaa fayyadaman Aanaa Adaamii Tulluu hawaasa Arsii akka ta'aniif kunis duudhaa, safuu fiaadaa ummanni kun afoolaan walitti dabarsaa akka ture ibsaa safuu hawaasaa eeggachuu dhabuun eenyummaa ofii dagachuu akka ta'e, hawaasa biratti fudhatama akka nama dhabsiisu eeraniiru.Akka yaada odeef kennaan kun kaa'anitt aadaan lagannaa maqaa hawaasa Arsii biratti beekamaa fi kabajamaa yoo ta'u dhaloota gara dhalootaa afaaniin walii dabarsaa kan as ga'e akka ta'ee fi gosa Arsii keessattis hunda osoo hintaane isaan duudhaa kana hordofan Abboosa,Oliyyee,Habaloosaa fi Abarnoosa fa'a akka ta'an eeruun dubartiin duudhaa kana akkaataa barbaadamuun itti hinfayyadamne safuu cabsite jechuun hawaasa biratti waan komatamtuuf ofeegannoo fi hubannoo barbaachisu argachuun dirqama ta'a.

Akka ob.Galaan Raammatoo guyyaa26/06/2012 jedhanitti ummanni Oromoo duudhaa,safuu fi aadaa ittiin saba biroo irraa adda bahee ittiin beekamu heddu keessaa lagannaa maqaa isa angafa akka ta'ee fi waliin jireenya hawaasaa kessatti waan barbaachisaaakka ta'e fi dhaloonni walirraa barachuu akka qabu kaasaniiru.Itti dabaluun gosa Oromoo Arsii keessaa kan aadaa lagannaa maqaa fayyadaman kanneen armaan gadi akka ta'an kaasaniiru.Abboosa, Abarnoosa, Abburee, Abirmannaa, Humphanoosa, oliyyeen akka ta'an ni beekamu.Yaaduma kana ilaalchisee warri gosa hinlagannee lagannaa maqaa fayyadamuuf dirqama kan hinqabne ta'uu Heeraniiru.Akka yaada namoota kanarraa hubatamutti hawaasa Arsii Aanaa kana keessaa gosti olitti maqaan isaanii eerame dubartoonni waan lagachuu qaban keessaa maqaa soddaa, soddaatii, namoota abbaa fi haadhatti oolaniif akkuma duudhaa hawaasaatti maqaa lagannaatiin waamu malee maqaa jalqabaatiin akka hinwaamne kaasaniiru.Dabalataan akkuma duudhaa hawaasichaatti dubartiin maqaa warra soddaa keessaa kan dirqamatti lagattu akkuma jirutti ta'ee hawaasni

immoo akka waliigalaatti waan safeeffatu keessaa kan akka hirmii lagachuu, hooda, jaala kabajuu fi kkf akka waliigalaatti jiraachuu isaa yaada odeef kennitootarraa hubatameera.

## 4.2. Lagannaa Maqaa Namaan Walqabatee jiru

Ummanni Oromoo duudhaasaa keessatti caasaa hawaasaa garagaraa kan ta'an abbaa, haadha, soddaa ,soddaatii, fi kkf.maqaan waamuun safuu waan ta'eef ijoollummaa irraa kaasee namni hawaasa keessatti guddate safuu kabajuun dirqama ta'a.

Guddataa Abeetuu qorannoo isaa keessatti akkas jedha.''kallachii fi caaccuun laguu adda addaa qabu . Kunis haala giddu deemsa ayyaana warra Giiftii Elemoo qajeelchetti kallachi ilma guddisaatiin hinwaamamu ni lagatu.Sababbiin isaas ,ilmi kallachaan guddifame deebisee kallachaan hinguddisu.Dubartiin caaccuun guddifamte caaccuu ni lagatti .Caaccuu qabattee iddoo waaqefannaa warra Giiftii Elemootti hindhiyaattu.Kunis ilmoon caaccuun kadhatanii guddifatan caaccuun hinkadhattu.Kun dhugeefannoo meeshaa hoodaa kun ittiin lagatamuudha.Dabalataan dubartiin xuriin irra jiru galma kadhannaa hinseentu,caaccuu hinxuqxu.sababbiin isaa yeroo xuriin itti dhufutti dubartiin keessi ishii gaddaan qabama waan ta'eef safuu hoodan dagatu kanaaf meeshaan hoodaa ni lagatama.

Akka yaada olii kanatti aadaa ummata Oromoo biratti meeshaaleen hoodaa abbaan arge akka feetetti kan baatu osoo hintaane namoota baachuu qaban qofaan akka ta'ee fi dubartiin xuriin garaa itti dhufe akkasumas warri dhiirallee tokko tkko kan hin hayyamamneef ta'uu kunis safuu hawaasaa keessatti waanta kabajamu lagatamu akka ta'e ibsa.Haaluma kanaan ummanni Oromoo adeemsa jiruu jireenyaa keessatti maqaa namaa qofa osoo hintaane waan heddu kan saffeefatu ykn waan hooda ta'e tokko akkuma arge kan itti hinbuunee fi sirna adda addaa kan akka qaalluu, gaa'elaa fi kkf wajjiin walqabatee dhiiras ta'ee dubartiin waan hooda ta'e akka lagatan kanumarraa hubachuun ni danda'ama.

Bifuma walfakkaatuun Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu keessa jiraatan fi kan duudhaa lagannaa kun isaan ilaallatu warra hoodaa akkasumas jaalaa waaan kabajaniif dhiiraa fi dubartiin akkuma argan walitti kan dhufan osoo hintane bifa safuu eeggateen jireenya hawaasummaa keessatti yeroo sirna qaban qofa waan akka gumaataa fi isaan irraa eeggamu qabatanii qe'ee deemu malee akkuma argan akkuma nama biroo walfaana deemuu fi ooluu irraa akka ofqusatan guyyaa 20/11/2013 obboo Gadaa Dassiisooyaadicha kaasanii dubataniiru.

Akka yaada odeef kennaatti hawaasni Arsii Aanaa Adaamii Tulluu duudhaa isaanii keessatti warra jaalaa fi hoodaa ulfina fi kabaja walii eeguurratti waan xiyyeeffannoo itti kennaniif yeroo sirnaa adda addaa walitti dhufurraa kan hafe karaa irrattis yoo walitti dhufan bifa naamusaa fi kabaja qabuun nagaa walgaafatanii walbira darbu malee akka namoota biroo waliin ta'uu fi walitti maxxananii oolanii hinbulan.Sababni isaa dogoggora adda addaa argurraa akkasumas jechaa gochaan akka walhintuqneef, walnuffiin akka hiuumamneef, jaalalaa fi kabajaan wajjiin jiraachuuf akka ta'e nama hubachiisa.Walumaagalatti ummanni Oromoo bakka adda addaa jiraatu haaluma naannoo isaanitti duudhaa fi aadaa lagannaa kana kan qabu ta'ee haalli itti fayyadama jechootaa fi adeemsa waan safeeffatan sanaan walqabtee akkaataa raawwii irratti bakkaa bakkatti garaagartee qabaachuu isaa yaada manguddoon kennanii fi qorannoo godina biratti geggeeffamerraa hubachuu danda'ameera.

### 4.2.1 Sababa Lagannaa Maqaa

Maqaan kan lagaamuuf sababa adda addaa irraa ka'uun akka ta'emanguddoon jiraataa Aannaa Adaamii Tulluu kan ta'an Haaji Gadaa Morkatoo guyaa 29/09/2012 akkas jedhu hawaasni Oromoo safuu fi safeeffnnaa dhalootaa gara dhalootaa kan darbaa dhufee fi nama ta'uu isaatti waan hoodatuu fi lagatu akkuma duudhaa hawaasaa garagaraatti qabaachuu isaanii ibsaniiru.Akkuma odeef kennaan kaasanitti ilmi namaa osoo safuun jiraachuu baatee waan ijaa fi gurratti hintolle hojjachaa oola ture.Haata'u malee safeeffannaan jiraachuusaatti akka namaatti dogoggoraa fi waan qaanii ta'e lagachuun waliin yoo jiraatan faayidaa qabaachuu isaatiin kabaja walii eeguuf, hamilee , sona gaariin jiraachuuf , duudhaa hawaasaa kabajuuf, hariiroo hawaasummaa cimsuuf dogoggora uumame lammata akka itti hindeebinee fi kkf irraa ofqusatanii jiraachuuf lagannaa maqaatti akka gargaaraman eeraniiru.

### 4.2.2 Lagannaa Maqaa Kabaja Walii Eeguuf

Akka duudhaa Oromootti dubartiin warra dhiirsaa kan akka soddaa, soddaatii, dhiirsa , obboleewwan dhiirsaa maqaa duraatiin waamuun safuu waan ta'eef akkuma duudhaa hawaasa Aanaa Adaamii Tulluutti maqaa lagannaa fayyadamuudhaan akka walwaaman guyyaa 13/06/2012 odeef kennaan obboo Buntii Gidirsaa jedhanitti keessattuu dubartiin heerumte waan lagachuu qabdu guyyaa gaa'ela dhaabatte barii haawwan warra dhiirsaatiin eenyuun fa'a akka lagattu fi maal jettee akka lagattu, yoo lagachuu baatte immoo hawaasa biratti safuu waan ta'eef akka hintuaffatamnee fi hinjibbamneef cimsanii waadaa akka seentu ta'a jedhu.Akka yaada

odeef kennaatti hawaasni Arsii aaanaa kanaa keessaa kanneen lagannaan isaan ilaallatu dubartiin isaanii warra dhiirsaa lagachuun duudhaa fi aadaa hordofan waan ta'eef, akkasumas dubartiin safuu hawaasaa hineegganne immoo tuffatamtuu fi jibbamtuu waan taatuuf adeemsa jiruu fi maal lagachuu,maaliif akka lagattu jabeesssanii akka itti himan fi waadaa akka seentu ibsaniiru.Walumaagalatti soddaan lamaan akkuma duudhaa Oromootti kabaja walii eeguuf jecha maqaa akka waliigalatti ittiin walwaaman qabaatu, kunis akkuma godinaalee gidduu fageenyi jiruun garaagarummaa haaqabataniiyyu malee hunduu duudhaa walii kan ta'e akka qaban nama hubachiisa.

### 4.3 Moggaasa Maqaalee LagannaaSirna Gaa'elaan Walqabatee Jiru

Hawaasa Oromoo biratti dubartoonni keessattuu lagannaan walqabatee soddaa,soddaatii ,namoota soddaatti oolaniif,akkasumas haadhatti oolaniif maqaan akka hinwaamne guyyaa heerumtee eegalee waan gorfamtu heddu jiraachuusaa fi safuu kana akka hincabsine gama haadha dhiirsaatiin hubannoo kan laatamuuf waan ta'eef qalbitti qabachuun barbaachisaa akka ta'e xiyyeefannoon ni kennamaaf.Haaluma kanaan hawaasa Arsii biratti maqaalee namaalagataman keessaa kanneen olitti tarreeffaman akkuma jirutti ta'ee , maqaa nama dhuunfaa tokko yeroo lagatan bifa armaan gaditti dhiyaateen kan lagatan ta'uu hawaasumarraa mirkaneeffachuu danda'ameera.Moggaasa maqaan walqabatee akkuma duudhaa hawaasa kanaatti afoolaan kan walii dabarsan yoo ta'u, kallattiidhaan dubartoota heeruman kan qabsiisan ykn barsiisan dubartii hangafa warraa akkasumas soddaatii fi haawwan gurguddoo akka ta'an Addee Hawwii Saaxinoo ibsaniiru.Gama biraatiin maqaa nama dhuunfaa sagaleen dhumaa fi jalqabaa wal fakkaatu yoo moggaasan haala walfakkeenya qabuun sagalee keessaa hambisuu fi bakka buusuu waan ittiin walfaana hiriiruu ykn deemuu danda'aniin seera afaanii eegee mogga'uu isaa akka armaan gadiitti ialaaluu danda'ameera.

**Maqaa namaa---------------------------------------------** **Maqaa lagannaa**
Adii---------------------------------------------------------------- Dhaatuu
Bariisoo------------------------------------------------------------ Soomisoo
Badhanee----------------------------------------------------------- Soommanee
Badhasoo---------------------------------------------------------- Soomdasoo
Bariitee------------------------------------------------------------ Soomitee
Bariisaa ----------------------------------------------------------- Soomiisaa
Badhatuu--------------------------------------------------------- Soommatuu
Baatii--------------------------------------------------------------- Cigaatii

Bulbulaa-------------------------------------------------------- Soommulaa
Dabalaa---------------------------------------------------------- Soommalaa
Dhaqqaboo------------------------------------------------------- Soomqabo
Fayyisaa---------------------------------------------------------- Aanjisoo
Roobaa------------------------------------------------------------ Bokka’aa
Nagawoo--------------------------------------------------------- Aagawoo
Gammadii-------------------------------------------------------- Soomadii
Saafawoo-------------------------------------------------------- Soomawoo
Guyyee------------------------------------------------------------ Orree
Halkanee--------------------------------------------------------- Soomkanee
Elemoo----------------------------------------------------------- Harguugoo
Ida’oo------------------------------------------------------------ Soomda’oo
Jiruu-------------------------------------------------------------- Le’uu
Quufaa ---------------------------------------------------------- Uusa’aa
Quuftuu --------------------------------------------------------- Uusoftuu
Halkanee--------------------------------------------------------- Soomkanee
Hinseenee------------------------------------------------------- Soomenee
Gammadaa------------------------------------------------------- Soommadaa
Galgaluu--------------------------------------------------------- Calasuu
Gurraachoo------------------------------------------------------ Xintaachoo
Damee------------------------------------------------------------ Soommee
Teessisoo-------------------------------------------------------- Quphanoo
Margaa---------------------------------------------------------- Sardoo

Maqaalee olitti tarreeffaman kanneen akka fakkeenyatti kaasuu yaalame malee maqaanama kamuu yoo ta’e safuu wajjiin kannen walitti dhiyaatan ykn walfakkaatan hunduu maqaa kan qaban ta’uun hubachuun barbaachisaadha.Kanuma wajjiin ilaaluu akka danda’amutti akka duudhaa hawaasa Arsiitti gosa lagannaan ilaallatu marti bifa walfakkatuun maqaalee eeramanii fi kanneen hafanis waan moggaasaniif garaagarummaan uumamu akka hinjirre hubachuu ni danda’ama.Gama biraatiin maqaan lagannaa akkuma duudhaa fi aadaa hawaasaatti walirraa fuudhaa ykn dabarsaa waan dhufaniif kana jijjiiruu ykn akka maqaa biraa geeddaruu waan hindanda’amneef kanuma jiru qabatanii kanneen moggaasa haaraa barbaadan haawwoliin moggaasa akka itti kennan qabatama jiru irraa ka’uun hubatameera.

### 4.3.1Maqaalee qoqqooddii yeroo wajjiin walqabatan

| **Maqaa** | **Maqaa Lagatamu** |
|---|---|
| Ganama------------------------------------------------- | balaltaa |
| Guyyaa------------------------------------------------- | orraa |
| Saafaya------------------------------------------------- | soommaya |
| Halkan--------------------------------------------------- | soomkan |
| Waarii---------------------------------------------------- | fanqarii fi kkf |

Akka aadaa hawaasa kanaatti maqaalee qoqqooddii yeroo wajjiin walqabatan ilaalchisee maqaalee armaan olii haaluma uumaa qoqqooddii yeroo ilmi namaa maqaa adda addaatiin qoodee waamu, mqaaa lagannaallee sababa maqaa waan lagatamu wajjiin walfakkaatuuf akkuma duudhaa fi aadaatti bifuma armaan olitti dhiyaate kanaan moggaasa mataasaa argachuun yoo itti fayyadaman hammam haawaasichi duudhaa isaatiif akka kennuu fi keessattuu dubartoonni maqaalee

kanneen maqaa lagataman wajjiin walfakkaatan kallattiin waamuun safuu waan ta'eef akkuma maqaalee biroo maqaa addaa ittiin beekaman kanneen duukaa bu'uun dubartoonni dhaloota afoolaan walitti himaa akka safeeffatan barsiisuu fi hubachisuun gahee haawwotaa akka ta'e aadaa gosa Oromoo Arsii keessaa warra lagannaan ilaallatu xiyyeefannaa itti kennamee hanga dhaloota ammaatti kanneen lagatan ykn duudhaa isaanii kan hinirraanfanne jiraachuu isaanii qabatamaan bira gahameera.

### 4.3.2Maqaalee Ijaan Hin mullanne

Maqaaleen ijaan hinmullanne yoo jedhamu kanneen yaadaan jiraachuu beekamu malee waan ijaan ykn harkaan qaqqabuu hindandeenye ta'uu hubachuun akkasumas gosoota maqaa keessaa tokko akka ta'e fakkeenyuma armaan gadii irraa hubachuu danda'ameera.

| **Maqaa** | **Maqaa Lagatamu** |
|---|---|
| Quufa--------------------------------------------------- | uusa |
| Badhaadhina ------------------------------------------- | soomaa'ina |
| Maqaa--------------------------------------------------- | sadaa |
| Jarjara-------------------------------------------------- | jaatanii |
| Aabjuu-------------------------------------------------- | manaaba fi kkf. |

Maqaaleen armaan olii kunniin maqaalee waan ijaan hinmullannee yoo ta'an sababni lagatamaniif immoo maqaaleen namaa kanneen wajjiin walitti kalaa'an ykn walfakkaatan waan jiraniif kana jechuun kallattiin tokko yoo ta'uu baataniyyuu hamma t'e qubeen ittiin jalqaban yoo walfakkaate maqaa lagannaatiin waamuun dirqama duudhaan ajaju ykn hawaasni ittiin bulu waan ta'eef dubartoonni safuu kanaaf ulfina qaban hammam akka eeggatan kanarraa hubachuun ni danda'ama.

### 4.3.3Maqaa wantoota ijaan mul'atanii

Maqaa wantoota ijaan mullatanii yoo jedhamu gosoota maqaa keessaa isa tokko ta'ee wantoota ijaan arguu fi harkaan qaqqabuu danda'an akka ta'an maqaalee eeraman kanneen armaan gadii fi kkf ta'u.

**Maqaa** **Maqaa Lagatamu**

Aduu------------------------------------------------------dhaatuu
Rooba-----------------------------------------------------bokkaa
Qamadii--------------------------------------------------- soommadii
Daadhii---------------------------------------------------- diqaasaa
Bulbula---------------------------------------------------- soomula wkf.fa'a

Maqaalee wantoota ijaan mul'atanii kanneen sababni lagataniif duudhaa hawaasa Oromoo Arsii biratti maqaleen kunniin maqaa nama lagatamu wajjiin walfakkachuu isaanitiif kabaja aadaa lagannaa kanaaf qaban guddaa akka ta'ee fi dhaloota dhaalchisaa akka dhufan agarsiisa.Dabalataanis maqaaleen olitti eeraman kunniin uumamaan kan jiranii fi ijaan arguu ykn namatti mul'achuu kanneen danda'aman keessaa akka fakkeenyaatti dhiyaatan malee kanneen hafanis haaluma kanaan maqaa moggfameef faana bu'uun kan itti fayyadaman ta'uu duudhaa hawaasni qabu kanarraa hubachuu ni danda'ama.

### 4.3.4Lagannaa Maqaalee Taateewwan Uumamaa Fi Namtolchee

**Maqaa** **Maqaa Lagatamu**

Mana gubate------------------------------------- bishaan jala yaa'e
Nama ibiddi gube ----------------------------- daaratu dhaye
Maddi yoo goggoge---------------------------- madde
Nama du'e--------------------------------------- boqote

| | |
|---|---|
| Nama dhibee saree maratteen qabame---- | waan saree kaase |
| Bakakkaa-------------------------------------- | waan waaqarraa |
| Nama qaamni hanquu ta'e-------------------- | qaama miidhamaa |
| Bunni danfe yoo dhume---------------------- | barakate |

Ummanni Oromoo aadaa ,safuu fi duudhaa qabu keessaa maqaalee waan balaa uumamaa ykn namtolchee ta'an kallattiin waamuun safuu eeggatan keessaa tokko ta'ee ulfaatina balaa kanaa irraa akkasumas lammata waan sana akka hinmudanne fi dubbii afaaniin qabatanii dubbachuuf rifuu/rifannaa namatti waan uumuuf maqaa biraatiin cinaa qabanii waamuu filatu.Aadaa ummata Oromoo biratti waan argaa fi dhageetitti hintolle safeefannaa keessatti waan beekamuuf hawaasni kuni nama balaan eerame kunniin irra ga'e waan jedhee eebbisullee qaba.

**4.3.5Nama balaan irra ga'e yoo jajjabeessan/eebbisan/**

| **Maqaa** | **Maqaa Lagatamu** |
|---|---|
| Nama madaaye----------------------------------- | madaa saree siif haagodhu |
| Nama namni jalaa du'e------------------------ | isinuu bulaa, badduun isinitti hindeebi'in |
| Nama horiin jalaa tasa du'e----------------- | kormi siif haa deebisu jedhu |
| Nama namni jalaa ajjeese------------------- | dhiiga isaa dhugaan haa ba'u |

Afoola armaan olii kanarraa wanti hubatamuu qabu ummanni Oromoo duudhaa isaa keessatti rakkoo nama muudate tokko akkataa itti waljajjabeessan dubbiin ykn waan irra ga'e sana akka irranfatan, eebbi barbaachisaa akka ta'e waan amananiif hariiroo waliin jireenyaa keessatt walbira ga'uu fi waan qaban humnaan, maallaqaan, yaadaan walii birmachuun ykn hirphuun qalbii fi diinagdee nama miidhamee tokko bakkatti deebisuuf aadaa beekamaa dhaloonni irra dhufe waan ta'eef jechoota fayyadaman hawaasuma keessatti guddatan irraa baraa waan deemaniif kun immoo hawaasummaa keessatti waan namni gabbifachaa dhaloota dabarsan waan ta'eef dagatamuu hinqabu.Kanuma wajjiin walqabatee ijoolleen abbootii jalatti waa akeekkataa waan guddataniif duudhaa kana hubachiisuun barbaachisaa yoo ta'u kanneen maatii irraa sababa adda addaatiin fagaatanis carraa argametti fayyadamuun duudhaa ofii beekuun sabboonummaaakka ta'e waan shakki hinqabneedha.

Haa ta'u malee sababa jijjirama haala durii fi ammaa yoo walbira qabamee ilaallamu haalli amma keessa jiru xiinxaluun gahee qorataa yoo ta'u afoolli fooyya'uu ykn jijjiirama haala

qabatama yeroo faana deemuu akka danda'u hayyuuleen adda addaa kaasaniiru.Kanuma wajjiin walqabsiisuun wanni ilaalamuu qabu namni yoo qaroomaa deeme haala yeroo faana ammayyummaan akkuma jirutti ta'ee duudhaa isaa faana waan walqabatu akkaataa fooyyessee jiruu fi jireenya isaa waliin walsimsiisuun itti deemu waan qabuuf dhaloonni waan walirraa dhaalaa, fooyyessaa, miidhagsaa akka itti tolutti kan ittiin jiraatu ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Walumaagalatti afoola Oromoo keessatti safuun, duudhaa fi aadaan jireenya hawaasaa wajjiin walqabatee waan jiruuf qabxiilee olitti ka'an kanneen kallattiin afoola hawaasni itti fayyadamu waan ta'eef kan ummata Oromooti malee kan nama dhuunfaa akka hintaane beekamuqaba. Itti dabaluun ummanni Oromoo afoola hinbarreeffamne heddu waan qabuuf afaanuma hawaasaa irraa fudhatamee akkuma ka'uumsa fi qorannoo kana gabbisuuf akkaataa aadaa fi duudhaa hawaasa naannoo Arsii biratti beekaman adda baasuun qorannoo kana keessatti dabalameera.

## 4.4Duudhaa Lagannaa Maqaalee Hawaasa Biratti Ittiin Ibsaman

Lagannaa maqaa hawaasa Arsii biratti beekamaa akkasumas duudhaa fi aadaa akka calaqqisiisu odeef kennittoonni aanichaa himanii bu'aa hawaasaafkennu wajjiin walqabsiisuun akkas jedhu jaalal, kabaja fi duudhaa ibsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuusaa ni addeessu.

### 4.4.1 Kabaja Walii Kennuuf

Lagannaa maqaa hawaasa Arsii biratti beekamaa akka ta'e odeef kennittoonni ibsanii keessattuu dubartoonni lagagannaan isaan ilaallatu waa hundaa ol safuu eeggachuu qaban waan ta'eef xiyyeeffannoo kan kennaniif akka ta'e eeranii soddaa,soddaatii,warra soddatti fi haadhatti oolan maqaa lagannaan waamuun dirqama safuun ajaju waan ta'eef kana wallaaluun immoo tuffii,jibbaansa uumuu akka danda'u kaasanii waan aadaa hawaasaa deeggaruu fi gabbisuu ykn fayyadamuun daran barbaachisaa qofa osoo hintaane walkabajanii jiraachuu keessatti hariiroo namni waliin qabu jabeessuu ,walnuffii fi sinsinni kan hambisu ta'uu eeraniiru. Itti dabaluun caasaa hawaasaa keessatti namni umriin, saalaan ,aangoon fi kkf irratti hunda'uun wal kabajee waliin jiraachuuf safuu beekanii itti gargaaramuun ulfina walii laatuun naamusa akka horatan ,waliif yaaduu, wal dhaga'uuf hedduu barbaachisaa akka ta'e ibsaniiru.Gama birootiin maatii irraa kaasee namni angafa,quxisuu,gosa keessatti abbatti akkasumas haadhatti kan oolaniif adda baasanii yoo beekuu baatan safuu eeggatanii waan irraa ofeegan heddu waan jiruuf dhaloota barsiisuun akka malu ibsaniiru.Akka odeefkennaan guyyaa10//11/2013 ob.Gannaa

Teessisoojedhanitti hawaasa Oromo biratti namni safuu cabse adabbii cimaa akkaatuma ulfina balleessatiin kan itti fudhatamu ta'uu ibsanii fakkeenyaaf dhiirri tokko dubartii haadhatti ooltuuf wajjiin yoo ciise ufanni irraa mulqamuun bakka namni walga'etti mana korsiisuun sombaan qaama isaa dhaanu.

Dhumaratti haati jaaltichaa wayyaa itti uffisuun namatti akka makaman ta'u.Kunis namoonni biroos ta'ee inni waan akkanaa akka lagatuuf ykn safuu hawaasichaa akka eeggataniif jecha tarkaaffiin akkanaa kan fudhatamu ta'uu ibsaniiru. Itti dabaluun yoo ibsan dubartiin abbaa warraa maqaan akka hin waamnee fi maqaa biraa ulfina qabuun waamuu bartee hawaasaa biratti beekamu waan ta'eef abbaa manaa ishii kunuunsuun innis yeroo ishiin deessu horii qalee sooruun kunuunsuu dirqama waan ta'eef waan humni isaa danda'e gochutu irraa eeggama jedhu.

Akka Aaddee Hawwii Saaxinoo guyyaa 16/09/2012 jedhanitti "Dubartii deessee ulmaa osoo hin ba'in dhiirsi yoo dhaane, akka aadaa Oromootti safuu waan ta'eef gaafa waan kana raawwate dubartoonni ollaa ta'an walitti himuun siinqee qabatanii karra namichaa dhaquun korma irraa qalu.Innis dogoggora akkasii lammata akka hin raawwanne jalatti kufee araarfata" jedhu.

Akka yaada odee kenneetti duudhaa hawaasaa fi safuu eeggachuun daran barbaachisaa akka ta'ee fi namni safuu eeguu dide akkamitti akka salphatu ykn aadaajiruun adabbiin kan irratti fudhatamu ta'uu nama hubachiisa, Kunis dubartiin deessee jirtu takkaqanafaa addarratti kaawattee waan deemtuuf hawaasni kabaja addaa akka kennamuuf akkasumas ulfina argachuu qabdu dhiirsaan yoo irraa mulqame qaamni ishiif mormu jiraachuu fi kabajamtuu ta'uuakkasumas mirga dubartootaa akka aadaatti kabajamee abbaan warraa fi haati warraa wal kabajanii akka waliin jiraatan kan jajjabeessu ta'uunamatti agarsiisa.yaaduma kanaan walqabsiisuun dubartiif ulfinni kennamuuf akka qabu mammaaksa Oromootiin akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Dubartiin ofii ishiitiiqooqxii dhiirsa soorti.
Dhiirsa kabajuu haati manaa garaa keessatti taajjabdi.
Niitiin qotiyyoo qonnaa miti walii hinergisan.
Niitiin gaariin dhiirsaaf kafana.
Haati manaa abbaa warraa ishiiitiif gaachana.
Niitiin dhiirsaaf salphoo hinqabdu.
Dubartiin dhiirsaaf ulfina.

Haati manaa uffata keessaati.
Dubartii dura laga hincee’an.
Dubartii dura hindeeman.
Maddi hawaasarraa kan fudhatame.

Mammaaksota olii kanarraa akka hubachuu danda’amutti Orommoon duudhaa fi safuu qabu keessaa dubartootaaf kabajaguddaa akka kennamuuf dhaloonni isaan kabajee waliin akka jiraatu akkasumas hariiroo abbaa manaa fi haadha manaa gidduu jiru afoolaan akka hubatan taasisa,dabalataanis hammam akka isaan walitti dhiyaatanii fi hariiroo cimaa tokko tokkoof qabu ifatti baasanii akka beekanii fi waliin jiraatan taasisa.Gama biraatiin dubartoonni hawaasa keessatti iddoo guddaakan kennamuuf isaan malee jireenyi hiika akka hinqabne,waan heddu itti gaafatamummaa kennamuuf haalaan ba’uu akka danda’an, icciitii maatii ykn abbaa warraa eegdee jireenya ofii gammachuun waliin jiraachuuf tattaaffiin taasisan daran fudhatama akka qabu hubachuu ni danda’ama.

### 4.4.2 Lagannaa Maqaa Jaalala Namoota Giddutti Uumuusaa

Akka odeef kennaan guyyaa 26/06/2012 obb.Quufaa Nagawoo jedhanitti dubartiin safuu hawaasaa kabajjee waan lagatamuu qabu akkaatuma duudhaa hawaasaatiin bultu jaalala maatii,warraa fi gosaa horachuuf ishii gargaara .Kanarraa ka’uun maatiin akkasumas namoonni birooollee jaalala qaban bifa garagaraatiin ibsuuf kunis maqaa jaalala ykn leelloo mullisu moggaasuuf waliin jireenya keessatti namni fedhii jaalalaan waliin jiraachuuf daran barbaachisaa waan ta’eef maqaa akka Dannabee,Hawwinee,Jaalannee,Haadhoo, Fayyinee fa’a jedhanii moggaasuuf.Itti dabaluun akkum maatiin tokko ijoollee isaanii maqaa jaalalaa moggaasuuf hawaasa birattis waliigaluuf walii yaaduuf daran barbaachisaa akka ta’e ibsu.Kun aadaa ummata Oromoo biratti maqaa addaa walii moggaasuun durii kaasee waan beekamu qofa osoo hintaane walkabajuu, jaalala fi duudhaa ofii sirnaan akka hojirra oolchan sirritti nama hubachiisa.

Haaluma kanaan dubartiin kabja abbaa warraaf qabdu irraa kan ka’e maqaan hinwaamtu, bamaqaalee fi yoo uumatee finna qabaate maqaa daa’ima hangafaatiin waamu.Isin/Isaan, abbaa ebaluu/maqaa ijoolleen akka waaman hawaasa giddutti argamuun bifa daawwannaan qoratichi hubateera.walumaagalatti dhiirsaa fi niitiin walkbajanii jaalalaan jiraachuuf maqaa adda ta’e kanneen olitti eerame fi kkf fayyadamuun walwaamuun duudha fi aadaa hawaasichaa waan

ta'eef kana gochuun immoo hariiroo waliif akkasumas hawaasa biratti qaban fudhatama akka argatu isaan taasisa.

### 4.4.3 Duudhaa Fi Aadaa Hawaasaa Guddisuuf

Akka ob.Horaa Waaqayyoo guyyaa16/07/2012 jedhanitti lagannaa maqaa hawaasa Arsii biratti beekamaa akka ta'e ibsanii aadaa, safuu fi duudhaa abbootiirraa darbaa dhufe waan ta'eef kanneen lagachuu qaban adda baasuun dubrtoonni yoo beekan hawaasa biratti fudhatama argatu .Namni aadaa ofii hinbeekne ofhin beeku,raatuu ykn gowwaa jedhamee waan tuffatamuuf aadaa ofii haalaan beekuun waan irraa argamu sanatti gammadaa dhaloota itti aanuuf dabarsuun dabaree seenaa keessatti waan walitti f ufiinsaan jiraachuu qabu akka ta'e eeraniiru.Akka odeef kennaa kun jedhanitti soddaatiin gurbaa intala ishii fuudhe maqaan waamuun safuudha kanaaf harmaa jettee waamti gurbaan immoo soddaatii Aayyii jedhee waama.intalli soddaa Aabbaa,soddaatii immoo Aayyaa, Aaddii,Deettiyyoo fi kkf jechuun walwaamu malee maqaan waamuun safuu waan ta'eef dursa kana beekuun akkasumas warri intalaaf hubannoo laatanis aadaa jajjabeessuu keessatti gahee olaanaa akka qabu waan beekaniif nuffii tokko malee kan walhubachiisan ta'uu ibsaniiru.

Afoola Oromoo keessatti Arsiiin yoo mammaaku ''ofbeektu soddaa lagatti''jedhama.kunis dubartiin aadaa hawaasaa beektu abshaala,qanxuu,sabboontuudha yoo kanata'uu baatte ofhinbeektu jechuun tuffatamti.Kana waan ta'eef hawaasa keessatti safuu hawaasaa eeganii ykn kabajanii jiraachuun akka dhuunfatis ta'ee akka hawaasatti ulfina fi duudhaa hawaasaa eeganii akka jiraatan taasisa.Akka yaada ode.kennaa kanaatti hawaasni Arsii kanneen lagannaa kana aadeefatanii bulan ulfinafi kabaja namoota maluuf kennamu ilaalchisee sirritti kan beekamuu fi hariiroo qaban keessatti mqaalee lagannaa kana beekanii beeksisuun, itti fayyadamuun hawaasicha biratti jaalala akkasumas sabboonummaawaan agarsiisuuf xiyyeeffannoon kan itti kennamu ta'ee kanneen duudhaa kana wallaalan hawaasicha biratti kan tuffataman akkasumas hariiroo waliin jireenyaa keessatti iddoo kan hinkennineef ta'uu ibsu.

### 4.4.4 Hariiroo Hiriyyummaa Cimsuuf

Akka Aaddee Tuullaa Watagooguyyaa 7/08/2013 jedhanitti shamarran toora umriin walitti dhiyaatan, ollaa fi hiriyyaa ta'an maqaa addaa walii moggaasanii walwaamu malee maqaa duraatiin walhinwaaman .Hiriyyummaan hariiroo cimaa shamarran gidduu jiru jabeessuuf waljaalalaa fi icciitii mataasaa waan qabuuf adeemsa ittiin maqaa walii moggaasan qabu.Maqaan

walii moggaasan kun  umrii guutuu waan ittiin wal waaman waan ta’eef waan akka laayyotti ilaallamu osoo hin taane duudhaa beekamaaf jaalatamaa jireenya isaanii keessatti dagatamuu hindandeenye fi yaadannoo hiriyyummaaa isaan ittiin wal yaadatan waan ta’eef bakka guddaa akka kennamuuf eeraniiadeemsa moggaasa maqaa shamarran walii moggaasan duudhaa hawaasni irra dhufe waan ta’eef  aadaa kana dhaloonni walirraa fuudhaa akka jireenya keessatti ittiin jiraatanii fi ulfina waliifis ta’ee aadaaf qaban xiyyeeffannoo addaa akka kennamuuf dabalataan kaasaniiru.

Akka odeef kennituutti hawaasa Arsii keessaa gosti lagannaa kana akka duudhaatti qabatanii dhalloota dhaalchisaa turan akkuma jirutti ta’ee shamarran gama duudhaa isaan ilaallatuun hiriyyummaa isaanii fi duudhaa ofii jabeessuuf hammam qooda isaanii bahaa akka turanii fi jireenya keessatti hawaasummaa akka baran waan isaan gargaaru keessaa aadaa lagannaa maqaa kana bifa addaatiin shamarran akka ilaalanii fi kabaja akka kannamuuf hubachuu ni danda’ama.Duudhaa kanaan walqabsiisuunkanneen armaan gadii akkaataa ittiin moggaasa ykn sirna itti rawwatan ta’a.

### 4.4.5 Yaadaan Walii Galuu

Akka odeef kennituun  Adde Shukkaaree Jaldoo guyaa 23/08 /2012 jedhanitti shamarran walitti dhiyaatan maqaa walii moggaasuuf dursa miseensa ijaaratu,itti aansee  waan sirna sanaaf barbaachisu qopheefachuun barbaachisaa akka ta’e eeranii kanneen akka daakuu,dhadhaa,barbarrii,sooqiddaa fa’a mana isaaniitii qabatanii akka dhufan beellamachuun wajjaan galu.Guyyaa beellamaa yoo ga’e mana ishii takkaaatti waan qabatanii dhufan erga qixxaayee booda marqaa marqutti ka’anii xumuranii maayii kolfaa taphachaa marqaa afaan walkaa’aa nyaatu.Erga nyaata xumuranii booda tartiibaan maqaa akka walii moggaasan ibsu.Maqaan moggaasan babbareedaa haala bifaa fi dhaabbii isaaniirratti hunda’uun kuullee,Baddeessaa,Tirgii,Baarzafii,Xajjii,Kumudee,Daamaa,Shaggaa fi kkf walii moggaasan yoo ta’u dhumarratti kakuu walii galu, kunis maqaa duraatiin akka wal hin waamne waadaa waliif galanii tapha aadaa hanga takka taphachuun addaan bahu.

Kanumaaan walqabatee akka tasaa dogoggoranii maqaa duraatiinyoo wal waaman dhiifama akka walgaafatu.Kunis safuufi waadaa waliigalan akka hincabne ofeegannoo cimaa akka godhan ibsu.Yaada kana ilaalchisee shamarran hiriyyaa waliin jiran shamarran ollaakeessattuu kanneen hariiroo addaa uumatanii maqaa addaa babbareedaa walii moggaasuun walitti dhufeenya isaanii

gama adda addaatiin walcinaa dhaabbachuun hanga heerumanitti yaadaanis ta’ee waan danda’aniin walcinaa akka dhaabbatan kaasaniiru.Gama biraatiin kakuu akka waadaa isaanii hindaganne waliigaluun icciitii walii eeguun akkasumas erga heerumanis maqaadhuma walii moggaasan kanaan akka walwaaman hubachuu ni danda’ama.

## 4.4.6 Faayidaa Moggaasni Maqaa LagannaaShammarraniif Qabu

Akka Aaddee Bultuu Turaaguyyaa 18/08/12 jedhanitti maqaan shamarran waliif moggaasan kun faayidaa qaban keessaa jaalala cimsuuf,hariiroo hiriyyummaa jabeessuuf akkasumas aadaa fi duudhaa gabbisuuf kangargaaru ta’uu eeraniiru.Shamarran yeroo boqonnaa qaban walitti dhufuun waan garagaraa waliin mari’atu.kanneen walitti dhufaniif keessaa;sirna gaa’elaa hoo’isuuf, hariiroo hiriyyummaa cimsuuf, muudannoo fi muuxannoo qaban waljijjiiruuf, yerooboqonnaa isaanii taphaan dabarsuuf kkf walitti dhufuun dabarsan.Akka yaada odeef kennaatti shamarran hiriyyummaa isaanii bifa adda addaatiin walitti dhufuun waan isaan gammachiisu ykn yeroo qaban keessatti kolfaa taphaan dabarsuuf akkasumas yaadaa fi humnaan yeroo sirnaa wabira dhaabbachuun akka walgargaaran nama hubachiisa.

### 4.4.6.1 Sirna Gaa’elaa Hoo’isuuf

Shamrranhiriyyaa walii ta’an warra cidhaa yoo deeman gareen waan deemaniif sirba aadaa naannoo isaanii dabare dabareen walirraa fuudhaa bifa nama hawatuun sagalee fi shubbisaan qe’ee warra cidhaa hoo’isuuf.akka aaddee Bultuu Turaa guyyaa18/08/2012 jedhanitti shamarran mimmidhaaganii uffataa fi dabbasaa isaanii haalaan akka namatti tolutti qophaa’anii garabakka cidhaa waan deemaniif dargaggeessi kaadhimachuu barbaadus ilaallachuu ykn kaadhimaa filachuuf carraa gaarii ifaan ifatti haala dhaabbii ishii erga ilaale booda ishii qalbiin irra bu’e duukaa bu’uun qorata ykn odeefannoo waa’ee ishiis ta’ee warra ishii funaanuu eegaluun hanga sadarkaa wal fuudhutti ga’u jetti.

Hiriyyummaan ykn addooyyeen hariiroo cimaa shamarran giddutti yoo uumame umrii guutuu haalli itti icciitii walii eeganii akka turan Aaddee Bultuun eeranii adeemsa jireenyaa keessatti guyyaa gaa’elaa osoo hin ga’in waan adda addaa gorsa yoo warra nyaaphaa dhaqan akkamitti akka jiraatan gorsa walii kennuu,jala bultii cidhaa heexoo walii dhuguuu,jajjabeessuu,sirba mararfannaa ibsan baye bayee intalli heerumtu baafattu bira taa’uun jaalaa fuudhuun waliin akka faarfatan kunis warra ofii hiriyyoota mararfannaan garaa laaffisuun kennaan adda adaa akka hindagatamne fi dhumarratti nagaa faaruudhaan dhaamattee akka adda bahan ibsu.

Shamarran jalqabaa kaasee qoraan bishaan waliin dhaquun muuxannoo adda addaa,hodhaa meeshaa manaa fi kkf walirraa baraa afoola gara garaan bashannanaa yeroo hojii fi boqonnaa akka dabarsan dubbatu.Walumaagalatti addooyyeen ykn hiriyyummaan shamarran biratti akka aadaa oromootti kan beekamuu fi jaalatamaa,icciitii jireenyaa fi dhuunfaa eeggatanii hawaasa waliin jiraatan wajjiin walii galuuf daran barbaachisaa akka ta’e kaasaniiru.

Weedduu marartee warra intalaatti guyyaa cihaa sirbamu;

Teenamuu[4x]teenammayee
Qoreen nawaraantee
Isheen warsaamessaa
Fudhatte mucayyoo
Sanyiin waraabessaa

Qorannoo Fayyisaa Addunyaa keessatti weedduufuudhaa fi heerumaa akka fakkeenyaatti kan fudhatame.Aadaan Oromoo gama fuudhaa heerumaan jiru wal fakkachuu akkasumas waan garaagartee itti qabaatullee akka jiru weedduu olii kanarraa hubachuu ni danda’ama.

**4.4.6.2 Jaalala Hiriyyummaa Cimsuuf**

Shamarran jireenya hariiroo hiriyyummaa keessatti waan baay’ee akka walii gumaachan Adde.Caaltuu Waaqooguyyaa 12/09/12 akkas jedhu umrii kana keessatti yaadaan humnaa fi waan qabaniin walgargaaru.yaadaan yoo jedhamu amala fi naamusa gaarii akka qabaatan kabaja ofii eeggatanii akka jiraatan, nyaapha biratti akkataa bultii itti hoogganan rakkoo nama muudachuu dand’u tooftaa jalaa ba’uu ittiin danda’an, bifa faaruu fi mammaaksa isaanii galuun walitti himu.Gama biraatiin shamarran dabbasaa walii dhahuu, yoo warri sirna adda addaa qabaate bira dhaabachuun deeggarsa hojii gochuu fi kkf.walbira dhaabbatu.Itti dabaluun meeshaalee manaa kan harkaan hodhaman leemati,i gindoo, gingilchaa fi kkf hodhanii yeroo gaa’elaa waliif laatu.Ijoolleen shamarranii hariiroo qaban waan bu’aa qabu wajjiin yeroo isaanii akka dabarsanillee ibsu kunis yoo bishaa dhaqan, qoraan yoo cabsan hojii warraa yoo hojjatan taphachaa gorsaa fi muudannoo afoola garagaraa walitti himuun dandeettii waa yaaduu aadaa ofiillee akka beekanii itti fayyadaman carraa uumaaf.

Afoola Oromoo keessatti mammaaksaan waa’ee hiriyyaa akkas jedhu;Hiriyyaa malee dhaqxee geggeessaa malee galte.jedhama.Akkuma mammaaksa kanarraa hubatamutti hiriyyaan ofii

kabaja namaaf dabala kunis qe'ee soddaa ta'ee firaa yoo hiriyyaa qabanii deeman ulfina barbaachisu kennuun aadaa hawaasaa waan ta'eef keessummaa sana ilaalanii waan godhamuuf qabu akkuma barbaachisummaa sirna qabanitti walkabajuun geggeessu.Haa ta'u malee namni kophaa ofii deeme hagas mara kabajaa fi gagggeessaa addaa isa waan hin barbaachifneef akkuma nama kamuu godhanii ofirraaa geggeessu.Walumaa galatti namni nama wajjiin akka bareedu akkasumas ulfina qabu aadaa ummata Oromoo biratti kan beekamu ta'uu isaati.Hariiroo hiriyyummaa keessatti duraan shamarraa takka heerumuuf yoo taate ni kittaanamti ykn dhaqna qabu.Yeroo kana hiriyyoonni ishii gumaata dhangaa gara garaa geessuuf.kunis aadaa Oromoo keessatti waljaalala shamarran giddutti uumamuu danda'uu fi hariiroo waliin jireenyaa haalaan kan ibsu ta'uu aaddee Caaltuun addeessu.

### 4.4.7. Lagannaa Hirmiin Walqabatan

Akka haaji Gadaa Morkatooguyyaa 29/09/2012 jedhanitti hirmii sababa wayii irraa ka'uun kan lagatamu ta'uu ibsanii hawaasa Arsii keessatti gosti adda addaa waan lagatanis garagara .Akka fakkeenyaatti gosti isaanii Weegeedha.wanti lagatan immoo waan loonii keessaa tiruu yoo ta'u, sababni lagataniif dur nama gosa weegee ta.e tokko tiruun hudhamee waan du'eef guyyaa sanaa kaasanii namni gosa weegee ta'e tiruu nyaachuu akka hinqabne akka gosaatti murtaa'e ykn waliigalamee akka lagatan ta'e. kanaaf hanga har'aa gosti kun tiruu hinnyaatu.Kakuuykn waadaa waan galaniif namni nyaate ilkaan keessaa yaa'a jedhanii waan sodaatamuuf cimsanii eeggatu. .Guyyaa dubartiin heerumsiisanis hirmii kana ni dhaamu sababni isaa ijoolleen waan haati lagattu isaanis lagachuu waan qabaniif sirnicha gubbatti itti himama.Kana malees gosti kun waan hinbarbaanne ykn dhugaa ta'uu mirkaneessuu yoo barbaadan ' tiruudha'jedhu.Kuni waan lagatan waan hinfeeneef dirqisiisuun akka raawwatan gochuun hindanda'amu jedhu.Hawaasni aadaa walfakkaatu qabu kabajuun dirqama waan ta'eef duudhaa kana walirraa fuudhaa dhalootaa gara dhalootaa dabarsaa akka dhufan odeef kennaan ibsaniiru.

Akka odeef kennaa kanaatti namni waan hirmi jedhe san hinnyaatu hinfudhatu.maaliif yoo jedhame aadaa hawaasa Oromoo biratti hirmiin waan irraa lagatame ykn dhoorkame irraa of qusachuun duudhaa kabajuu fi safuu eeggachuun wal qabata waan ta'eefiidha.Akka yaada odeef kennaatti hirmii sababa lagagatamuuf keessa rakkoo hamaa tasa uumame tokko lammata akka namatti hindeebine walii galanii safeeffatuun hawaasni irraa akka qfqusatu ta'ee waan akka fakkeenyaatti ka'e kun ykn tiruun gosa isaanii biratti sababa lagatamuuf xiyyeeffannaa itti

kennuun akkuma jirutti ta'ee guyyaa dubartiin gosa isaanii heerumtu waan warri intalaa lagatu sirnarratti itti himuun ijoolleen intala heerumtee waan haati isaanii lagattu akka lagatan soddatti himamawaan ta'eef duudhaa fi safuu ofii eeggachuu dhabuun miidhaa namarraan ga'uu akka dand'u ibsaniiru.

Gama biraatiin odee kennaan ob.Gadaa Dassiisoo kan jedhaman gaafa guyyaa 24/08/2012 waa'ee hirmii ilaalchisee waan gosti isaanii /Haballoosa/ lagatu akkasitti ibsu; Haballoosni gosa Arsii baay'inaan aanaa kanatti argamu ta'ee hirmii lagatan keessaa foon horii booraa fi aannan horii booraa hinfayyadaman .Kunis bara durii maatiin tokko dogoggoraan halkan dukkana keessa horii see'uun harree qalatanii waan nyaataniif, jarri harree qalate sun halkan nyaatanii quufanii osoo taphatan shakkii nama tokkotti uumnaan gaaffii hiriyyoota waliin qalan akkas jechuun gaafate waan akkam miila dheeratu jennaan hoosisa Aayiyyooti, waan  akkam gurra  babal'atu jennaan dheeda Abbiyyooti jechuun gaaffii deebisuuf yaalanis lafti bari'uun hinoollee waan qalatan harree ta'uu kottee fi gurra ilaalanii mirkaneessan. Sana booda waan uumame rifatanii gosaan ga'atan gostis walitti ba'uun dogoggoraan uumamuu erga addaan baafatanii booda murtii dabarfatan kunis harreen horiin walfakkaatu bifa boora kan ta'e akka gosti kun lagatu tumatanii kakuu seenuun guyyaa sanirraa horii booraa fi waan horii booraa akka lagatan ta'e. Kunis aannanii fi foon isaanii akka gosti kun lagatu ta'e.

Haata'u malee horii boora gabaa baasanii gurguruun bifa biraatti jijjiiratu ykn namaaf geega'oo ykn tirmaa kennu malee kallattiin itti hinfayyadaman jedhu.Walumaagalatti namni gosa kana ta'e boora jedhee waan kakate itti hinkalaa'u, namni biraalleesafuu ta'uu waan beekuuf waan dubbachaa jiran akka dhugaa ta'e waliigalu.kanaaf safuu kana ijoolleen isaanillee dhaga'aa waan guddataniif lagachuun akkuma jirutti ta'ee yoo waan kana fayyadaman ilkaan isaanii akka keessaa yaa'u waan hubatan waan qabaniif safuu kana eeggachuun dirqama gosa kanaati.Haa ta'u malee yeroo ammaa kana boora akkuma duriitti lagatu moo akkam gaaffii jedhuuf ode kennaan kun akkas jedhu;dhaloonni ammaa waan baay'ee dagachaa jiru ykn bifa akka jijjiirachaa akka jiruu fi waan lagannaa kanas dhiisanii akkuma fedha isaanii ta'u.Haa ta'u malee namoonni umrii shantamaa olii ammas waan horii booraa akkuma aadaa duriitti irraa ofeeganii lagatu.

Walumaagalatti hirmiin safuu eeggatanii ykn irraa ofqusatanii jiraatan keessaa tokko waan ta'eef dhaloonni ammaa aadaa ofii akkuma abboota isaanii tikfachuutu irraa eegama waan jedhus

yaaduma kana wajjiin walqabsiisuun manguddoon kaasuun ergaaa qaban dabarfataniiru.Akkuma aadaa hawaasa kanaatti hirmii lagatan akkuma gosa garagaraatti akka jiraachuu danda'uuf namni dogoggora ta'e san waan safuu ofirraa itti dhiqan ykn baasan waan ta'eef duudhaa Arsii keessatti waan akkanaa akka laallatan fi eeggatanii akka jiraatan waliigaltee kakuu cimaa waan qabuuf safuu kana kabajanii jiraachuun waadaa galame hojirra oolchuu fi irraa of qusachuun dirqama duudhaa akka ta'e ibsu.

#### 4.4.7.1Mammaaaksa Hirmii Wajjiin Walqabatan

Akka odeef kennaan A/Buntii Gidirsaa guyyaa 9/9/2012 jedhanitti Oromoo keessatti gosti akkasumas balballi tokko tokko waan hirmii jedhee lagatu qabaata.Kanneen hirmii lagatan waa irraa ka'anii waan san akka didan ykn irraa of eegan afoola Oromoo keessatti wal qabsiisuun akkas jedhu;

> Ummanni Oromo afoolaan waa'ee lagannaa hirmii waan jedhu qaba.isaanis;
> Hirmii hinnyaatan,yoo nyaatan afaan guuttatu.
> Hirmiin quufaa dhibba.
> Qooda ofii hirmii lagatu.

Akka afoola Oromoo kanarraa hubachuu danda'amutti hirmiin waan lagatamu keessaa tokko ta'ee hawaasni walii galteen waan irraa of qusatuu fi irraa ofdhoorkee jiraatuudha.kanuma wajjiin walqabatee mammaaksa armaan olii ergaa adda addaa kan babuu fi hiika mataasaaqabaata kanneen keessaa;

Hirmii hinnyaatan, yoo nyaatan afaan guuttatu.jechuun hirmii nyaachuun dhorkaadha, haa ta'u malee akka tasaa yoonyaatan sirritti nyaachuu akka qabanis maaliif yoo jedhame takka ta'ee waan jiruuf waan dhufuuf ofqopheessuun kunis tarkaffii itti fudhatamus ta'ee kan biroollee akka uumamu waan beekanii abdii kutachuun waan jedhamu fakkaata malee waan sirrii akka hintaane hubachuun barbaachisaa ta'a.

Hirmiin quufaa dhibba jechuun,namni yeroo tokko tokko quufarraa ka'ee waan hirmii hintaane ofumaa isaatiin lagachuu jechuu akka ta'e, kunis uumama namaa keessatti namni yoo jireenyi itti tole fedha ofiitiin waan irraaofqusatu heddu jiraachuu danda'a.Akkuma mammaaksa; osoo mishaan jiru badaa hinnyaatan, badaa jiruu agabuu hinbulan.Akkuma jedhamu ilmi namaa haala jireenya isaa irratti hunda'uun filannoo waan fayyadamu tokkoo murteessaa akka ta'e hubachuun

barbaachisaa ta’a.Gama biraatiin qooda ofii hirmii lagatu jechuun namni tokko waan isa ilaallatu gochuu danda’a malee kan biraa bakka bu’ee lagachuus ta’ee duudhaa hawaasaa keessatti waan ta’u kanuma dhuunfaa ta’a malee garee ykn nama biraatiif ta’uu akka hintaane hubachiisa.Walumaa galatti akka duudhaa Oromootti namni hunduu waan hawaasni irratti waliigalee safeeeffate kabajuun akkuma jirutti ta’eedhaloota haaraa hubachiisuun ykn walirraa muuxannoo duudhaa jireenyaa keessatti kuufate qoodutu irraa eegama.

## 4.5Adeemsa Moggaasa Maqaalee Lagannaa

Dubartoonni heeruman guyyaa cidhaa barii sirni moggaasa maqaa lagannaa dubartii hangafa warra gurbaa ykn soddaatiin safuu fi safeefannaan qabu maal akka ta’e fi maqaa soddaa,soddaatii,warra aantee abbaa fi haadhaatti oolaniif adda baasuun idaayyaa/micayyoo/ fuudhan kan barsiisan akka ta’e odeef kennaan barsiisaa afaanii kan ta’an Bantii Baatii ni dubbatu.Itti aansee sirni kakuu maqaa moggaafameen qofa akka waamtu ni gaggeefama.Kunis gabatee mijuun itti dhiyaate qabsiisuun waadaa cimaa akka seenanii fi safuun akka kabajamu taasisa.Adeemsa sirna kakuu keessatti shanoo shanan kan jedhaman warri sirna kana irratti hirmaatan keessaa warra jaalaa soddaa, soddaatii,dubartii hangafa warraa fi abbaa warraa intalaa ta’uun sirni kun bifa bareedaa weedduu fi faaruu loonii,daa’immanii baafachuun gaa’elaa bifa gammachuu fi hamilee qabuun nyaataa fi mijuu dhiyaate dhamdhamachaa guyyaa sana waliin dabarsu.Sirni eebbaa manguddoon erga geeffamee booda dhoofsisa handhuuraa intalaattu itti aana.Kana ilaalchisee barii cidhaa idaayyaan siinqee qabattee mooraa warra gurbaatti gadi ba’uun horii keessaa kan filatte siinqeen rukutuun akka handhuuraniif ykn kennaa ishii akka ta’u ni mirkana’aaf.

Adeemsa kana keessatti hangafni gurbaallee yoo jiraate dhoofsisa kana horii isaa keessaa akka dhawattu intalattii affeera, ishiinis horii itti tole siinqeen tuquun kan ofiishii taasifti jedhu.Akka yaada odeef kennaa kanarraa hubatamutti duudhaa hawaasaa keessatti sirni gaa’elaa fi moggaasni maqaa lagannaa kan walqabate waan ta’eef adeemsa kana akka ragaa qabatamaa nikaa hidhuu, ulfinaa fi kabaja argatuuf akkasumas safuu fi safeeffanaa eeggatanii waliin jiraachuuf waan murteessaa fi aadaa waliin kunuunfachaa dhufan akka ta’e hubachuun ni danda’ama.Sirna guyyaa mogaasa maqaa raawwatu dubartii hangafa warraa ykn haadha gurbaatiifis horiin hanfalaa ittiin furtu ni kennamaaf,kunis hanfalaa idaayyaan dugdaan hidhatte

kan irraa hiiku isaan waan ta’eef,horiin kennamu kunis geega’oo jaraa keessaa yoo ta’u maqaan horii kanaas hanfal- fur jedhama.

Akka aaddee Hawwii Saaxinoo jedhanitti dubartii fuudhanii galan akkuma fardarraa buuteen haadha gurbaa irra teessi akkasumas intalas daa’ima xiqqaa fidanii irra kaa’u kunis intalli ilmaa intala akka hortuuf milkii toluuf ykn aadaa gochaan mul’isuu fi hawwii qaban ibsachuuf duudhaa gaggeefamu akka ta’e kaasaniiru.Akka yaada odeef kennaatti dubartiin fuudhanii galan akkuma galteen mana osoo hinseenne waan raawwatamu keessaa muraasa kaasan malee kan biroollee kan akka garbuu akaawuun ykn urgooftuu ulanii tapha ykn weedduu gaa’elaa baafachaa sirna moggaasa maqaa haala gaariin waliin dabarsu.

### 4.5.1 Hubannoo Lagannaa Idaayyaaf laachuu

Akka Ade Hawwii Saaxinoo jedhanitti dubarti heerumte takka akka aadaa Arsiitti barii fuudhanii galan sirna dachaafataa irratti waan raawwatu keessaa intala fuudhan/idaayyaa waa’ee lagannaa ilaalchiseemaalummaa laannaa, barbaachisummaa lagannaa, eenyuun akka lagatan, maaliif akka lagatan, maal jedhanii akka lagatan, yoo lagachuu baatan immoo rakkoo muudachuu danda’u maal akka ta’ee fi kkf irratti hubannoo kennamu keessaa maalummaa lagannaa ilaalchisee duudhaa fi aadaa hawaasa kana biratti beekamu keessaa tokko ta’ee dubarri gaafa heerumte irraa eegalee warra dhiirsaa kabaja kennuuf jecha maqaa gara garaa ittiin waamamu qabu waan ta’eef hubannoo kana gama dubartoo hangafa warraa ykn soddaatiin gadi fageenyaan kan itti himamu ta’uu eeraniiru.Akka yaada odeef kennaatti dubarri takka akkuma bultii dhaabatteen warra dhiirsaatti safuu fi safeeffannaa hawaasni kun qabu gama haawwan ykn soddaatiin hubannoo barbaachisaa ta’e argachuu qabdi waan ta’eef lagannaa maqaa ilaalchisee sirna dachaafataa irratti gadi fageenyaan gorsa adeemsa hordofuu qabduu kan itti himamu ta’uu hubatameera.

### 4.5.2 Maal akka lagatan beekuu

Akka odeef kennaan guyyaa/16/09/2012]Hawwii Saaxinoo jedhanitti dubarri heerumte takka safuu hawaasni qabu adda baafattee beekuu qabdu keessaa lagannaa maqaa ilaalchisee kanneen lagatan maqaa soddaa, soddaatii, manguddoo aantee warra soddaa, haawwan warra soddaa fa’a yoo ta’an kanneen hafan immoo maqaa durbii, adaadaa, eessuma, obbolaawwan dhiirsaa fi kkf maqaa waliigalaa waan qabaniif sanaan kan waamtu ta’ee akka warra duraa san maqaa dhahuun waan balaaleffamu akka hintaane kaasaniiru.Akka yaada odeef kennaatti dubarri heerumte takka safuu fi safeeffannaa hawasaa adda baaftee beekuu qabdu keessaa lagannaa maqaa ilaalchisee

eenyuun fa’a akka lagatan adda baafatanii beekuun dirqama duudhaan qabu waan ta’eef kanneen akka maqaa soddaa, soddaatii, haawwan haadhatti oolaniif, manguddoo abbatti oolaniif maqaa lagannaan waamuun dirqama safuun ajaju akka ta’eef kan biraa ammo fira akka durbii, adaadaa, eessuma fi obbolaawwan dhiirsaa maqaa walii galaa akka aadaatti beekamu waan jiruuf isaan kan waaman ta’ee akka warra jalqabaa san waan maqaa dhahuuf rakkisaa akka hintaane nama hubachiisa.

### 4.5.3 Waadaa Galuu

Adeemsa kana keessatti dubartoonni lagannaa maqaa isaan ilaallatu ilaalchisee Ade Nageellee Tulee guyyaa 23/12/2013 akkas jedhu dubartiin akka duudhaa hawaasa Arsiitti soddaa, soddaatii fi warra soddaa tokko tokko maqaan waamuun safuu waan ta’eef maqaa lagannaa akka fayyadaman jabeessanii waadaa akka galan taasifama.Haaluma kanaan barii fuudhanii galan dubartiin hangafa warraa taate gabatee mijuu gadi gonbisuun akka harkaan qabatetti, akkasumas qubee qubaa ciniinsisuun maqaa akka lagachiisan dubbataniiru.Akka yaada odeef kennaatti aadaa fi duudhaa hawaasni naannoo qabu akka xiyyeefannaan kennamuuf jecha waadaa akka seensisan ta’ee kana gochuu baannaan rakkoon tokko tokko akka irra ga’uu danda’u waan dnda’uuf ofeegannaa cimaa akka taasistu dubartoota gurguddoon gadi fageenyaan kan itti himamu waan ta’eef lagannaa maqaa hanga har’aa dubartoonni lagatan akka jiran beekameera.

### 4.5.4 Hanfalaa furuu

Akka odeef kennaan guyyaa 16/12/2012 Hawwii Saaxinoo jedhanitti adeemsa moggaasa lagannaa maqaa keessatti shanoo shanan bakka jiranitti haati gurbaa intaala fuudhee waan hanfalaa ittiin furu fidaa ykn natti agarsiisa jedhu.Haaluma kanaan gurbaanis geega’oo kennameef keessaa raada takka itti mudhis a, kunis hanfal-fur jechuun waan beekamuuf horii kunis kanuma haadha tanaa ta’eehoraaf. Itti aansuun hanfalaa dugda idaayyaa irratti argamu haadha gurbaatiiin irraa hiikama, kana booda haatis gammaddee jara eebbisuun gara manaa oldeebi’uun nyaataa dhugatii qophaa’e fudhataa akka dabarsan kaasaniiru.Akka yaada kanaatti sirna gaa’ela dhaabbachuu keessatti sirni moggaasa lagannaa kunis waan argamuuf duudhaa raawwatamu keessaa horii hanfal-fur jedhamu raada takka haadha gurbaatii kennuun hanfalaa dugda idaayyaa irraa waan hiiktuuf aadaan kun hawaasa kana biratti beekamaaf kabajamaa akka ta’e hubachuun nama hindhibu.

## 4.6.Lagannaa Maqaalee namaa Irratti Wantoota Dhiibbaa Godhan

Akka odeef kennaan barsiisaan Bantii Baatii 23/11/2013 jedhanitti duudhaa lagannaa maqaa adeemsa yeroo dheeraa keessa jijjiiramni hawaasa biratti mullatu akka jiru ibsanii kunis namni amantaa adda addaa hordofu heddumataa waan dhufeef qajeeltoowwan amantaa ykn seera amantaa keessatti duudhaa lagannaa maqaa wanti jajjabeessu waan hinjirreef ammaa tana laafaa ykn dagachaa akka jiran kaasanii itti dabaluun haala qaroominaa faana akkaataa barbaadameen duudhaa ofii kabajaa akka hinjirree fi dhaloonni amma jiru akkuma fedhaa fi naannoo jiraatu wajjiin walqabatee maqaa lagannaatiif xiyyeeffannoon kan hinkennamne ta'uu eeraniiru.Akka yaada odeef kennaa kanaatti waliin jireenya hawaasaa keessatti aadaa fi duudhaan hawaasni qabu yeroo gara yeerootti bifa isaa jijjiirachaa akka dhufekan agarsiisu yoo ta'u, kunis sababa namni amantaa adda addaa hordofu heddumaataadhufuu kunis falaasama amantaa qabatan faana bu'uun waan duudhaa hawaasaa kana akka dagachutti jiran kaasaniiru.Dabalataanis namni adeemsa jijjiirama yeroo faana waan tarkaafatuuf waan duubaa irra dhufan san waan haaraan bakka buufachuun ykn ofitti fudhachuun kan hinoolle waan ta'eef ammayyummaan namni walitti madaqaa yoo deemu aadaa fi duudhaa kaleessaa dagatamuu ykn irraanfachaa kan deeman ta'uu hubachuu ni danda'ama.

**a.Sirni gaa'elaa bifa jijjirachuu**

Akka marii odeef kennitoota wajjiin taasifame irratti yeroo ammaa haalli gaa'elli itti hunda'aa jiru kan durii irraa haala jijjiiramaa waan qabuuf kunisyeroo ammaa dhiirrii fi dubarti fedha isaaniitiin marii warraa malee walqabatanii waan deemaniif akkaataa aadaa duraa san itti kunuunfatan akka dagatan taasiseera jedhu.Marii qeerroo fi qarree wajjiin taasifame irratti yeroo ammaa duudhaan fuudhaa fi heerumaa adeemsa duraanii irraa jijjiiramuun moggaasa maqaa lagannaa irrattis dhiibbaa akka fide eeranii isa kana bakkatti deebisuuf hojii guddaa qaamolee hawaasaa adda addaa wajjiin waa'ee duudhaa irratti walhubachiisuun barbaachisaa akka ta'ee fi keessattuu dhaloonni ammaa waan abbootiin irra dhufan isaanumarraa qayyabachaa safuu fi safeeffannaa hawaasni ittiin bulu kabajanii jireenya keessatti itti fayyadamuun barbaacisaa akka ta'e yaada hirmattota marii irraa hubacuun danda'ameera.

Itti aansuun mariikeessatti waan shamarran kaasan ilaalchisee kanaan dura shamarran maqaa addaa akka walii moggaasan akkasumas maqaa kanaan yoo walwaaman dhageenya malee yeroo ammaa ofii isaaniitiif maquma warri moggaaseen kan walwaaman ta'uu eeraniiru.Akkuma yaada

kanarraa hubachuu danda'amutti maqaan duraan shamarran hiriyyaa ta'an walii moggaasan adeemsa keessa hafuu isaa fi aadaan maqaa walii lagachuu kun haawwota isaanii yoo fayyadaman dhaga'u malee dhaloonni ammaa dagachaa akka jiru hubachuu danda'ameera.

**b.Haala Jijjiirama Yeroo Faana Bu'uuf**

Akka yaada odeef kennitoota irraa dhaga'ametti dhaloonni ammaa safuu safeeffannaa hawaasaa eeguu dhabuun bifa adda addatiin calaqqisaa akka jiru fakkeenya adda addaa kennan keessaa dubartiin lukoo/surrii/ uffachuu, uffata garmalee gabaabaa fi qaama isaanii mul'isu fayyadamuu,osoo sirritti walhinqoranne walfuudhuu fi kkf. Safuu fi duudhaa hawaasaatiin waan waldhiitu hojjachaa akka jiran kaasaniru.Akka yaada qeerroo fi qarree irraa hubachuu danda'ametti ammayyummaa faana bu'uuf jecha duudhaa, aadaa fi safuu Oromoo dagachuun waan yeroon fide kan ormaa faana ofjijjiiruun safuu fi safeeffannaa kaleessaa kan ummanni Oromoo irra dhufe laafaa akka jiruu fi akka ofii isanii barbaadanitti buluu fi waan har'aa tana argan leellisuu akka fedhan namatti agarsiisa.

Itti dabaluudhaan yaada isaanii yoo kennan Amaanaa Turaa/dargaggoo/ aadaa fi duudhaan kaleessaa akka itti fufuuf qeerroo fi qarreen waan kaleessa abbootiin irra dhufan dhaaluun gara fuunduratti ceesisuu akka qaban, kunis hawaasa keessatti warri duudhaa kana beekan hubannoo dhaloota haaraa kennuu akka qaban, gama dargaggootaan immoo aadaa fi duudhaa ofii ofitti fudhachuun fayyadamuu akka irraa eegamu eeranii safuu fi safeeffannaa Oromoon qabu hubannoo barbaachisu argachuun walkabajanii waliin jiraachuun barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.Akka yaada olitti dhiyaate kanarraa hubachuu danda'amutti aadaa,duudhaa fi safuu hawaasaa abbootii irraa fuudhuun qaama jireenya isaanii taasisuun fayyadamuun ga'ee dhaloota haaraa akka ta'ee fi warri hubannoo kanaa qaban immoo muuxannoo fi kuusaa beekkumsaa isaan bira jiru dhaalchisuun murteessaa akka ta'e nama hubachiisa.

**c.Iddoo jireenyaa Jijjiiruun**

Akka odeef kennitoonni jedhanitti namni hawaasa duudhaa, aadaa fi afaan walhinfakkanne giddutti yoo guddate waan afoolaan saba isaa/ishii irraa argatuu malu osoo bifa guutuu ta'een hinargatin muuxannoo hawaasa keessatti guddate saniin liqifamuun kan ofii irraanfachaa deema.Yeroo sababa adda addaatiin namoonni bakka tokkoo bakka biraatti godaanan, keessattuu gara magaalatti aadaa garagaraa waan qababaniif tokko qabatanii deemuu irratti dhiibbaa waan

qabuuf safuu fi safeeffannaa adda baafatanii waan hinbeekneef akkataa duudhaa saba isaanii itti kabajuun jiraatan hinml'atu.

### 4.6.1Maqaa Lagannaa Dubartiin Warra Dhiirsaa Ittiin Waamtu

Dubartiin heerumte dhiirsa dabalatee maatii dhiirsaa/warra dhiirsaa/ maqaan waamuun safuu waan ta'eef haaluma duudhaa fi aadaa hawaasatiin maqaalee beekamanii fi kabaja mul'isan moggaasuun waamutu irraa eegama jedhu adde.Hawwii Saaxinoo guyyaa 08/12/2013 akkyaada odeef kennaatti dubarri heerumte takka duudhaa hawaasaa hordofuun dirqama waan ta'eef safuu akka eeggattu haaluma itti himameen waamutu irraa eegama.Haaluma kanaan maqaalee armaan gaditti trreeffamanii fi kan biroollee moggaasuun yoo itti fayyadamtu jaalala,kabaja gama lachiinuu walii eeganii yoo jiraatan kan itti gammadan ta'uu hubatameera.

| **Maqaa** | **Maqaa Lagatamu** |
|---|---|
| Soddaa------------------------------------ | Aabbaa/isaan |
| Soddaatii-------------------------------- | Deettiyyoo/Aaddiyyoo |
| Obboleessa dhiirsaa------------------ | Ilma haadhaa, obbolaa, guddaa |
| Adaadaa---------------------------------- | Adaado |
| Eessuma-------------------------------- | Eessumoo |
| Durbii------------------------------------ | Durboo |
| Dhiirsa------------------------------------ | Isa/abbaa ebaluu/yoo uumate |

**4.6.2Maqaa Warri Gurbaa Intala Fuudhanii Moggaasu**

| **Maqaa** | **Maqaa Lagatamu** |
|---|---|
| Soddaatiin---------------------- | Kafanee, Gammadee, dharro |
| Soddaan----------------------- | mucattii |
| Obboleessi gurbaa------------ | Intala haadhaa |

Maqaa walii mogga'u kanneen ilaalchisee akkuma fakkeenyatti haa ka'u malee akka fedhaa fi jaalala ibsuu dand'utti akkasumas duudhaa hawaasaa eeggachuun waan walii moggaasaniif gidduu isaanitti kabaja jaalala qaban ibsachuuf gahee guddaa akka qabu haawwan olitti odeef kennanirraa caqafameera.Walumaagalatti hawaasni safuu fi safeeffannaa qabu keessaa lagannaa maqaatiif iddoo guddaa kan kennu ta'uu fi duudhaan kun dhalootaa gara dhalootaa darbaa dhufuu isaa jireenya hawaasummaa keessatti namoota giddutti jaalala, kabaja akkasumas sufuu

eeggatanii waliin akka jiraatan, sona gaarii akka horatan waan godhuuf bu’a qabeessummaan isaa olaanaadha.

## 4.7 Lagannaan Yoo jiraachuu Baate Rakkoo Uumamuu Danda’u

Adeemsa jiruu fi jireenyaa keessatti hawaasni Oromoo waan safeeffatu hedduu waan qabuuf isa kana immoo afooolaan walirraa fudhataa dhufaniiru.Haa ta’u malee adeemsa yeroo dheeraa keessa sababa garagaraatiin duudhaa fi aadaan hawaasaa bifa jijjiirachuu danda’a.Yaaduma kana ilaalchisee ob. Gadaa Dassiisoo Guyyaa 24/08/2012 yoo himan ilmi namaa safuu qaba kana qabaachuun immoo adeemsa jiruu fi jireenyaa keessatti seera fi naamusaan akka jiraatan gargaareera gama biraatiin aadaa fi duudhaan hawaasaa akka guddatu taasisa dabalataanis hawaasni eenyummaa isaa kan ittiin ofbeeksisuu jedhu.Akka yaada odeef kennaatti dhalli namaa akka beeyladoota biroo miti uumamaanuu adda waan ta’eef namummaa isaa aadaa fi duudhaa qabu faana walqabsiisee safuu hedduu eeggachuu qabu waan beekuuf akka qajeeltoowwan seera ittiin bulmaataatti faana bu’uun dhalootaa gara dhalootaa darbaa dhufeera.Haaluma kanaan jireenya guyya guyyaan gegggeefatan keessatti namni duudha,aadaa fi safuu qabu kanaan waan buluuf milkaa’ina jireenyaa kanatti gammachuun akka jiraatu kan taasisu ta’uu nama hubachiisa.

### *a .Duudhaa Dagachuu*

Hawaasni kamuu duudhaa ittiin bulu qabaachuu isaa ni beekama. Haa ta’u malee sababa adda addaa irraa ka’uun duudhaa isaa kan ta’e kan akka lagannaa maqaa fa’a yoo dagatan mul’atu, kun immoo waan kaleessa irra dhufan  dagachuun eenyummaa ofii irraanfachuu akka ta’e manguddoon ob.Gadaan kaasanii kana dagachuun immoo adeemsa jireenyaa keessatti namni waan ofii wallaalee waan ormaa ykn waanuma  keessa jiruu fi arge fudhatee waan jiraatuuf aadaa fi duudhaa kooti jedhee qabatee dhaloota dabarsu yoo hinjiraanne sabboonummaan sabaa jalaa hanqachuun isaa hinoolu.kanarraa ka’uun aadaa, duudhaa fi safuu saba ofii  ceesisuu keessatti dhaloonni dabaree eeggatanii waliif kennuun  walharkaa fuudhaa as ga’an waan ta’eef xiyyeefannaa itti kennuun barbaachisa akka ta’e manguddoon aanaa kanaa kaasaniiru.

### *b.Sonaa Fi Naamusa Namummaa Dhabuu*

Adeemsa jiruu fi jireenyaa keessatti namni walkabajee jiraachuun barbaachisa akka ta’e itti amanama, haata’u malee dhalootaa gara dhalootaa jijjiirama mul’atu yoo ilaan safuu fi safeeffannaan sadarkaa amma irra jiruu fi kaleessaa walbira qabanii yoo manguddoon dubbatan

namni gosa isaa keessatti ykn hawaasa duudhaa fi safuu qabu biratti waan hintaane fi safuu cabsee argame adabbiin kan isa eeggatu ta'uu kaasan ii fkn dur namni dubartii haadhatti ooltuuf yoo itti dhaqe ykn qunnamtii saalaa taasise argame hawaasuma sana giddutti adabbiin cimaan uffata irraa mulqamuun mana korsiisanii buusuun hudduu keessa sombaan dhaanaa akka itti hindeebinee fi namni biroo waan akkasi irraa akka ofqusatu kan adabamu ta'uu ob.Gadaa Dassiisoo kaasaniru.Akka yaada odeef kennaa irraa hubachuu danda'amutti namni hawaasa keessa jiraatu safuu eeggatanii jiraachuu dirqama duudhaan barbaadu waan ta'eef kana kabajee waliin jiraata.

Haa ta'umaleee kana gochuu baatanii akka fedhaa fi miirri abbaa ykn dhuunfaa yoo hordofan dogoggora hamaa keessa yoo seenaan salphina fi tuffii namarra ga'uu akka danda'uu fi hamilee namarratti dhiibbaa akka qabu hubachuu ni danda'ama.Kanumarraa ka'uun hawaasni Arsii aanaa kanaa safuu fi safeeffannaa qaban eeggachuu yoo baatan namni waan yaraa, naamusa hinbarbaachifne akka hindalagneef afoolaan ijoollee isaanii akka barsiisan akkasumas gama lagannaa maqaatiin immoo dubartiin eenyu fa'a akka lagatan, maaliif akka lagatan, yoom akka lagan, akkamitti akka lagatan dubartoota hangafa warraa fi soddaatiin hubannoo kennuu qaban gama isaaniitiin dabarsaa yoo kana ta'uu baate ykn safuu kana cabsan miidhaa fi dhiibbaa qabu gadi fageenyaan akka qabsiisan hubachuun danda'ameera.Kanumarraa ka'uun namni duudhaa fi safuu hawaasaa eeggatee hinjiraanne madaalliin isaaf/isheef kennamu gadi bu'aa waan ta'uuf ilaalchi kun immoo hariiroo ummata biratti qaban hanqina hedduun guutamuun amalaa fi naamusa hinbarbaadamne akka gonfatan taasisuun namummaa namaa/personality/ akka miidhu hubachuun barbaachisaa ta'a.

***c.Eenyummaa Ofii Wallaaluu***

Afaan ibsituu eenyummaa aadaa waan ta'eef hawaasni akkaataa fayyadama afaanii seeruma afaanichaa hordofuun akka tajaajilaman odeef kennaan ob. Bantii Baatii ibsaniiru.Akka yaada odeef kennaatti hawaasni hunduu seera afaanichaa eegee afaanitti waan fayyadamuuf aadaa fi duudhaa qabu afoolaan walii dabarsuun kan baratame yoo ta'eeyyuu yeroo tokko tokko sababa adda addaatiin hawaasni faffaca'ee yoo jiraatu, sirni bulchiinsaa yoo jijjiiramu, amantaan garagaraa yoo babal'atu aada fi duudhaa isaa laaffisuun waan haaraa fi gara qajeelchanitti waan daaquuf safuu fi safeeffannaa akkataa duudhaan hayyamuun fayyadamuu dhabuun adeemsa keessa eenyummaa ofii dagachuun waan hafuu miti. Kanaafuu jiruu fijireenya keessatti namni

aadaa ofii akkumaa jabeessuu fi jaalatu sababa dhiibbaalee olitti eeramanii fi kkf irraa ka'uun aadaa fi duudhaa qabu dagachutu mul'ata.

***d.Kabaja Walii KennuuDhabuu***

Adeemsa jiruu fi jireenyaa keessatti hawaasni walkabajee akka jiraatu kan taasisan keessaa duudhaa, aadaa fi safuu qabaachuu akka ta'e odeef kennituun adde, Bultuu Turaa yaada ibsan keessaa kabaja lukkuun balbala gadi jetti. Jechuun yaada isaanii keessatti kaasaniiru.Akka yaada kanaatti hawaasni ool bulii keessatti safuu fi safeeffannaan jiraachuun isaa namni umriin, saalaan, sad.barnootaan fi kkf irratti hunda'uun kabaja malu walii akka kennan ni beekama. Haa ta'u malee yeroo tokko tokko namoota biratti wanti faallaa kanaa yoo calaqqisu mul'ata.Kunis dubartiin soddaa fi soddaatii maqaan waamuu, dhiirsaa fi niitiin walkabajuu dhabuu,fi manguddoof ulfina malu laachuu dhabuu fi kkf adeemsa daawwii qorataan taasise keessatti waan ijaa gurraan hordofuun hawaasa giddutti ta'aa  jiru adda baafachuun bifa yaadannoon qabachuun yaadicha kan af-gaaffiin odeef sassaabame walbira qabuun xiinxala adeemsisuu danda'ameera.

Walumaagalatti hawaasni Arsii Aanaa Adaamii Tulluu aadaa fi duudhaa qaban keessaa lagannaa maqaa ilaalchisee haala gaariin kan kabaja waliif kennuuf dubartoota heeruman biratti  kan beekamuu fi ulfina malu  soddaa fi soddaatiif kennuun duudhaa beekamu akka ta'e hubachuu danda'ameera.

## BOQONNAA SHAN;Goolaba, Argannoo Fi Yaboo

Boqonnaan kun qaamolee qorannoo keessatti ka’an cuunfaa, goolabaa fi yaada furmaataa of keessatti qabatee jira. Haaluma tartiiba jiruun isaan kanneen akkaataa ifa ta’een dhiyaataniiru.Kaayyoon qorannoo kanaa akka waliigalatti lagannaa maqaa fi moggaasasaa Godina Shawaaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu hawaasa Arsii biratti beekamuqaaccessuun dhaloonni haaraa hubannoo argatee akka duudhaa kana walirraa dhaalan gochuu irratti kan xiyyeeffateedha.Adeemsa qorannoo kanaa galmaan ga’uuf ragaalee fi odeefannoo barbaachisu argachuuf haala dansaa ta’een hojii haqarratti hundaa’e dalaguun gaaffilee bu’uuraa ta’an dhiyaataniiru.

### 5.1. Goolaba

Lagannaa maqaa fi moggaasasaa safuu, aadaa fi duudhaa Oromoo jiran keessaa akkasumas jaalatmaa fi kabajamaadha.Lagannaa maqaa safuu eeggatanii walkabajanii akka jiraatan iddoo guddaa kan qabuu fi keessattuu warra soddaatiif ulfina kennuuf jecha dubartoonni lagannaaf bakka guddaa akka kennaniif jecha dubatrtoonni lagannaaf bakka guddaa akka kennaniif beekameera.Gara biraatiin lagannaa maqaa fi hirmii ilaalchisee maqaalee tokko tokko fudhachuun qorannoo keessatti akka dhiyaatan ta’eera. Itti dabaluun hirmii lagachuun waliigaltee hawaasaan waan irraa of qusatan ta’ee duudhaa keessatti itti fayyadamaa ykn ittiin bulaa kan dhufan ta’uu  qorannoo keessatti hammatameera.Gama biraatiinlagannaa maqaa fi hirmii wajjiin walqabatee safuu kabajuu fi kabajuu dhiisuun duudhaa hawaasaatiin faayidaa qabuu fi yoo hanqisan waan namarra ga’uu malu kaasuun afoola adda addaa mammaaksaan , sirbaa fi kkf.akka dhiyaatu ta’eera.Akka aadaa Oromootti namni safuu cabseakkaataa duudhaa hawaasaatiin adabbii fi ofkoltiin kan argatu adeemsa jirun keessattuu dubartoonni aadaan kun akka hin dhiibamneef mirgi isaanillee akka kabajamu gahee mataasaanii kan bahan ta’uu qaaccessa keessatti ilallameera.

### 5.2. Argannoo

Qorannoon kun adeemsaa fi waan qulqullaa’uu qabu heddu keessa darbeera.Qorannoon adeemsaa fi rakkoo keessa dabruun immoo dhumarratti bu’aan gaariin akka argamu taasisa. Haaluma kanaan qorataan adeemsa barbaachisu hunda keessa darbuun bu’aa argateera.Isaanis akka armaan gadiitti tarraa’ee jira.

- Lagannaa maqaa namaa gaa'elaan walqabatee jiru gosa Oromoo Arsii keessaa kan murta'an qofaan kan lagatamu ta'uu beekameera.
- Lagannaa maqaa namaa gaa'ela keessatti  yeroo baay'ee kan lagatan dubartoota/beerran akka ta'an adda baheera.Maqaan namaa kan lagatamu ulfinaa,jaalala, kabaja malu waliif kennuuf, safuu fi safeeffannaa eeggamu akka ta'e qulqullaa'eera.
- Lagannaa maqaa namaa yoo mogga'u adeemsa mataasaa qabaachuusaa bira gahameera.Hawaasa Oromoo Arsii biratti maqaan namaa lgataman soddaa, soddaatii fi hirmii fa'a akka ta'e beekameera.
- Lagannaa hirmii duudhaa hawaasa Arsii biratti kan kan beekamuu fi safuu sirna gaa'elaan walqabatee eeggamu akka ta'e addaan baheera.
- Lagannaa hirmiis ta'ee maqaa namaa dhaloota haaraa biratti yerooammaa dagatamaa akka jiru hubatameera.
- Lagannaa maqaalee namaa fi hirmii akkaataa duudhaan hayyamuun fayyadamuun kabaja, jaalala fi naatoo walii qaban dabaluu caalaa safuu hawaasaa eeggachuu akka ta'e beekameera.

Walumaagalatti qorataan adeemsa lagannaa maqaa namaa gaa'elaan walqabtee jiru hawaasa Arsii biratti beekamuu qabu waan ta'eefbarreeffamaan jiraachuun caalatti xiyyeeffannaa akka argatuuf qorannoon haala gaariin qaacceffameera.

## 5.3. Yaboo

Ummanni Oromoo aadaa, duudhaa fi safuu kaleessa irra dhufe afoolaan walii dabarsaa dhufuun ni beekama .Haa ta'u malee yeroo gara yeerotti jijjiiramni fi dagatamaa dhufuun kanneen akka lagannaa maqaa fi hirmii beekameera.Keessattuu dhaloonni ammaa waa'ee lagannaa maqaa fi hirmii hubannoo kan hinqabne fi iddoo akka hin kennineef qorannoo kanaan xiinxaluu danda'ameera.Kanneen amma lagannaa maqaa fi moggaasasaa kabajan namoota umrii giddugaleessaa fi sanaa ol jiran akka ta'e qorannoo kana keessatti adda baasuun bifa garagaraatiin odeefannoo guramerraa mirkana'eera.

Duudhaan kun durii eegalee afoolaan darbaa dhufeera.Amma immoo bifa ogbarruun dhaloota ammaa bira akka ga'u , akkasumas sagantaa raadiyoo fi TV.Oromiyaan ogeeyyii afaanii fi aadaa Oromoo qoratan  akka dhiyeessan osoo ta'ee ,gama biraatiin manguddoon waan baay'eebarsiisaa

as ga’aniiru.Ammas duudhaa, aadaa fi safuu kana akka hin dhokanne ilmaan isaaniitti himuun waan xiyyeefannoo itti kennamuu qabuudha.

Walumaagalatti lagannaa maqaa fi hirmii duudhaalee ummata Oromoo keessaa tokko waan ta’aniif hawaasni duudhaa, aadaa fi safuu jiru wal barsiisaa hanqinqq fi cimina jiru qorannoo hayyootaan taasifamu ummata bira ga’ee waan irraa barachuu qaban barnoota idilee keessatti hammachiisuun afaan, aadaa, duudhaa fi safuu akka beekanii jireenya keessatti akka itti fayyadaman taasisuun daran barbaachisaadha.

- Hayyoonni sadarkaa adda addaa irra jiran duudhaa fi safuun lagannnaa maqaakun akka itti fufuu tumsa gochuu qabu.
- Hojjattoonni waajjira AT keessa hojjatan aadaan waa’ee lagannaa maqaa fi moggaasasaa hawaasa bira akka ga’u haala mijeessuu qabu.
- Manguddoo fi haawwan lagannaa maqaa fi moggaasasaa afoolaan ijoollee barsiisuutu irraa eegama.
- Qo’attoonni fookiloorii fi qorattoonni dhimma aadaa fi safuu kana fakkaatan irratti qorannoo gaggeessan bal’inaa fi gadi fageenyaan irratti hojjachuu qabu.
- Duudhaa fi aadaa Oromoo akka lagannaa mqaa irratti kanneen dhiibbaa geessuu danda’an hayyootaa, abbootiiamantaa, jaarsolii fi abbootii Gadaa wajjiin irratti hojjachutu irraa eegama.

# Wabiilee

Abarraa Nafaa[1999].wiirtuu[jildii 8].Barruulee waaltina Afaan Oromoo.Finfinne commercial printing Enterprise

Addunyaa Barkeessaa[2014]Seemmoo Bu'uura barnoota afaaniif Afoola Oromoo;printed by Fplc.

Addunyaa Barkeessaa[2011].Akkamtaa.yaada rime qorannoo hujoo.Finfinnee.

Abera Kasaye[1994].yaada rime ogwalaloo.Fifinne Ethio Tikur Abay printing press

Alamayyoo Faqqadaa fi Amaanu'el Raagaa[2009].Bu'uuraalee ogbarruu.Yunivarsiitii Jimmaa kan hinmaxxafamne

Austin,Bukeniya[1994].uderstanding oral literature.Nirobi Yuniversity press.

Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo[2005;179]Wiirtuu Jii.10 Biiroo Aadaa Fi Tuuriz Oromiyaatti.Finfinnee

Ben Amos [1982] Foklore in context .New Delhi adras;south Assian publishers.

Birhanu Mathewos[1999] Fundamental of Literature .Addis Ababa .University press.

BirhaanuuTaakkalaa[2013] Laguu fi lagannaa Oromoo.Finfinnee,Oromiyaa

Bukeenya[1994]understading oral literature Nirobi city university press.

Dastaa[2009] Bu'uura qorannoo.Addis Ababaa mana maxxansaa Boolee.

Dastaa[2015;93]Afunctional study of Tulama Oromo oral proseNarratives.AAU.

Dirribii Damissee[2009] Ilaalcha Oromoo Finfinnee D.F printing interprise

Dirribii Damissee[2012].Ilaalcha Oromoo Barroo Aadaa,Afoola,seenaa fi Amantaa Oromoo.Finfinnee.

Dirribii Damissee[214;12]Seenaa Eenyummaa Oromoo. Finfinnee

Dorson [1972] folklore and folk life , an introduction .chicago.The University of Chicago.

Encyclopedia American[1993]vol.19 chicago;EncyclopediaBritanic.Inc

Fayyisaa Addunyaa[2016] Xiinxala adeemsaa fi fakkoomii sirna fuudhaa fi heerumaa Oromoo Kamisee. Qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf.Univarsiitii Finfinnee

Finnegan [1970].oral poetry is nature and siginficace social context.Cambarige university press.

Finnegan[1976].oral literature in Africa oxford university .press.

Hinseenee Makuriyaa[2010]Gaachana Kormaa.Addis Ababa ;printed by For East plc.

Huseen Badhaasoo[guyyaa 24/2012/Sagantaa tv.OBN irratti dhiyaaterraa.

Jaarraa.w. fi Wasanee Bashaa[2008] Boontuu Haaraa ,Seerluga ogbarruuAfaan Oromoo.Finfinnee.EMAY Printer.

M.R.Dorsan[1972].Foklore and foik life An Introduction Chicago;TheUniversity of Chicago press.

Malaaknah Mangistuu[2006].Fundamental of literature.Addis Ababa University.

Misganuu Gulummaa[2011]Dibii bu'uura Afoolaa ogafaanii fi Afwalaloo Oromoo.Finfinnee.

Muhammad Sayid Abdulrahamaa[2009;73]Seenaa fi qabsoo Oromootaa.graphic printers

Qanbar, N.2011.A Sociolinguistic study of the Linguistic Taboos in the Yemeni society

Qixxeessaa Laayyoo[2016]Xiinxala hiika mallattooleeaadaa haala itti fayyadamaa keessatti.Godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Habaabo Guduruu.Qorannodigiriilammaffaaguuttachuuf.Finfinnee

Salamoon Tashoomaa Baayyee[2007;13]Maalummaa Fookloorii fi kallattii xiyyeefannaaaqo'annoo.far East Trading

Soofiyaa, Warquu, Yeneenah fi kaawwan [1999]wirtuu jildii 9Barruulee Qormaatawaaltina Afaan Oromoo .Finfinnee.BATO,

Okpewho,I[1992]African oral literature.Bloomnton and Indial polis; India University press.

Simsand stephens[2005].Living Foklore;An Introduction to the study of people on their traditions .Logan Utah;Utah University press.

Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa (2005:16) Addooyyee Minsteera Barnootaa, Finfinnee

Wardhaugh,R1986.An introduction to Socioliguistics.Newyork;Basil Blackwell Inc

Yewayinxajji Daamxoo[2008]waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf qophaa'e,yunivarsitii Finfinnee.

https;//www.bbc.oduu-48836203.

https;www.bbc.com.oduu-48999998

# Dabalee A

**Yunivarsitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornalizimii FI QunnamtiittiMuummeeAfaanOromoo, OgbarruuFi Fookiloorii Afgaaffii odeefkennitootaaf dhiyaate**

1. Lagannaa maqaa jechuun maal jechuudha?

 ______________________________________________

 ________________________________________

2. Lagannaa maqaa hawaasa Arsii biratti akkamiti beekama?

 ______________________________________________

 ________________________________________

3. Lagannaa maqaa kana kan lagachuun beekaman eenyu fa'a?

 ______________________________________________

 ________________________________________

4. Laganna maqaa akkamitti ilaallata?

 ______________________________________________

 ________________________________________

5. Lagannaa maqaa fi hirmii ilaalchisee tokkummaafi garaagarummaan maal?

 ______________________________________________

 ________________________________________

6. Lagannaa maqaa hawaasaaf faayidaan qabu maal fa'a?

 ______________________________________________

 ________________________________________

7. Yeroo ammaa lagannaa maqaa sirritti beekamaa?

 ______________________________________________

 ________________________________________

8. Lagannaa maqaa akka hin dagatamne maaltu hojjatamuu qaba jettu?

 ______________________________________________

 ________________________________________

9. Maqaa lagannaa akkamitti moggaasu?

 ______________________________________________

 ________________________________________

# Dabalee B

**Gabatee Odeef Kennitootaa**

| T/L | Maqaa Guutuu | Saala | Umrii | Ganda | Sad. Barnoota | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Ob.Galgaluu Ida'oo | Dhi | 45 | W/ Battallee | Digrii | HWAT |
| 2 | Ob.Quufaa Nagawoo | Dhi | 39 | M/Shaalloo | Digrii | HWAT |
| 3 | Ob.Tashaalaa Leenjisoo | Dhi | 49 | Waafiiqo | Digrii | HWAT |
| 4 | Ade.Hawwii Saaxinoo | Dub | 85 | I/Caallamoo | hinbaranne | Qo/bulaa |
| 5 | Ade.Toltuu Ganamoo | Du | 65 | Abboosa | hinbaranne | Qo /bulaa |
| 6 | Ade.Shukaaree Jaldoo | Du | 54 | Arbaa | Bar/bu'uuraa | Qo/bulaa |
| 7 | Ade. Bultuu Turaa | Du | 68 | I/Caallamoo | Hinbaranne | Qo/bulaa |
| 8 | Ade.Caaltuu Waaqoo | Du | 38 | G/ Wiiddanaa | Digrii | Barsiistuu |
| 9 | Haaji Gedaa Morkatoo | dhi | 67 | Waliinbullaa | Kutaa 9 | Qo/bulaa |
| 10 | Ob.Gadaa Dassiisoo | dhi | 76 | I/Caallamoo | Hinbaranne | Qo/bulaa |
| 11 | Ob.Buntii Gidirsaa | dhi | 68 | G/Wiiddanaa | Kutaa 4 | Qo/bulaa |
| 12 | Ob.Bantii Baatii | dhi | 48 | Q/Garbii | MA | Barsiisaa |
| 13 | Ob.Gannaa Turaa | Dhi | 56 | I/Caallamoo | Bar/bu'uuraa | Qo/bulaa |
| 14 | Ob.Gannaa Teessisoo | dhi | 62 | E/Qonxolaa | Kutaa 4 | Qo/bulaa |
| 15 | Ob.Amaanaa Turaa | dhi | 28 | A/Garmaamaa | Kutaa 8 | Qo/bulaa |
| 16 | Ob.Roobaa Qaasim | dhi | 32 | Abboosa | Kutaa 7 | Qo/bulaa |
| 17 | AbdallaaGuushuu | dhi | 35 | Habulee | Bar.bu'uuraa | Qo/bulaa |
| 18 | Ade.Tuullaa Watagoo | du | 58 | I/Caallamoo | Bar.bu'uuraa | Qo/bulaa |
| 19 | Hiikoo Kadiiroo | Du | 22 | I/Caallamoo | Kutaa 5 | Qarree |
| 20 | Ob.Horaa Waaqayyoo | dhi | 58 | Abboosa | Kutaa 6 | Qo/bulaa |
| 21 | Abdurroo Guyyee | dhi | 24 | I/Caallamoo | Kutaa 4 | Qeerroo |
| 22 | Ade. Nageellee Tulee | du | 76 | I/Caallamoo | hinbaranne | Qo/bulaa |

**IBSA GABATEE**

M/shaalloo---Malkaa Shaalloo

W/Battallee---Warjaa Battallee


Q/Garbii-------Qamoo Garbii

I/Caallamoo----Ilkaa Caallamoo

# Dabalee C




Aaddee Shukkaaree Jaldoo—odeef kennituu



Obboo Gannaa Turaa---Odeef kennaa

Qorataan kan kaafame



Aaddee Bultuu Turaa----Odeef kennituu

Qorataan kan kaafame



Adde. Hawwii Saaxinoo ---odeef kennituu

Qorataan kan kaafame



Horii boora /hirmii lagatame

Qorataan kan kaafame



Dargaggootaa fi shamarran odeef

kennanQorataan kan kaafame





Adde.Tuullaa Watagoo---odeef  kennituu/07/08/2013



Ob.Gannaa Teessisoo----odeef kennaa/07/08/2013

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hin dhiyaanne ta'uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda haala seera qabeessaan wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa: ______________________________________

Mallattoo ____________________________________

Guyyaa ___________________________________

Warqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo nan mirkaneessa

Maqaa Gorsaa: ______________________________________

Mallattoo ____________________________________

Guyyaa ___________________________________